

QAACCESSA UNKAAFI QABIYYEE XALAYAALEE
WAAJJIRAALEE MOOTUMMAA: HAALA AANAA LAALOO
ASSAABIIRRAA WAAJJIRAALEE FILATAMAN GODINA
WALLAGGA LIXAA

HIZQEEL TASHOOMEE BAAY'ISAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOO BARSIIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII
KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

HAGAYYA, 2010

FINFINNEE

QAACCESSA UNKAAFI QABIYYEE XALAYAALEE
WAAJJIRAALEE MOOTUMMAA: HAALA AANAA LAALOO
ASSAABIIRRAA WAAJJIRAALEE FILATAMAN GODINA
WALLAGGA LIXAA

HIZQEEL TASHOOME BAAY'ISAA

GORSAA: AMAANU'EEL ALAMAAYYOO (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOO BARSIIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII
KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

HAGAYYA,2010

FINFINNEE

Yuunivarsiitii Finfinnee

Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Barsiisuu Gamisaan Guuttachuuf Hizqeel Tashoomee Baay'isaatiin, Mataduree: *“Qaaccessa Unkaafi Qabiyyee Xalayaalee Waajjiraalee Mootummaa Haala Aanaa Laaloo Assaabii Godina Wallagga Lixaa”* jedhu irratti qophaa'e sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Ittigaafatamaa Muummee yookaan Walitti qabaa sagantaa Digirii lammaffaa

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axeerara.....	i
Galata	ii
Gabaajee.....	iii
Tarree Gabateewwanii	iv
Boqonnaa Tokko: Seensa	
1.1 Ariirrata Qorannichaa.....	1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa	2
1.3 Kaayyoo Qorannichaa.....	3
1.4 Faayidaa Qorannichaa	4
1.5 Daangaa Qorannichaa	4
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	5
1.7 Qindoomina Qorannichaa.....	5
Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu	
2.1 Sakatta’a Barruu Yaadrimee	6
2.1.1 Maalummaa Xalayaalee	6
2.1.2 Gosoota Xalayaalee	7
2.1.3 Unkaafi Qabiyyee Xalayaalee Hojii.....	7
2.1.3.1 Unka Xalayaalee Hojii.....	8
2.1.3.2 Qabiyyee Xalayaalee Hojii	8
2.1.4 Faayidaa Unkaafi Qabiyyee Xalayaalee Eeganii Barreessuu.....	9
2.1.5 Hanqinoota Unkaafi Qabiyyee Xalayaalee Waajjiraalee Keessatti Mul’atan	10
2.1.5.1 Hanqinoota Seera Barreeffamaa Eeguu	10

2.1.5.1.1 Hanqina Unkaa.....	10
2.1.5.1.2 Hanqina Qabiyyee.....	11
2.1.5.1.3 Hanqina Caaslugaa.....	11
2.1.5.1.4 Hanqina Sirna tuqaalee.....	12
2.1.5.1.5 Qubguddeessa Fayyadamuu.....	12
2.1.5.1.6 Hanqina Qubeessuu.....	12
2.1.5.1.6.1 Dheerinaafi Gabaabina Sagaalee	13
2.1.5.1.6.2 Laafinaafi Jabina Sagalee	13
2.1.6 Maddoota Hanqinaalee Unkaafi Qabiyyee Xalayaa Waajjiraalee Mootummaa	14
2.1.6.1 Hir'ina Shaakala Taasisuu	14
2.1.6.2 Hanqina Ga'umsaa.....	15
2.1.6.3 Hanqina Xiyyeeffannoo	15
2.1.6.4 Hanqina Muuxannoo.....	16
2.1.7 Miidhaa Hanqina Unkaafi Qabiyyee Xalayaalee Waajjiraalee Mootummaan Dhufu	16
2.1.8 Amaloota Xalayaalee Waajjiraalee Mootummaa	19
2.1.8.1 Odeeffannoo Murtaawaaf barreessuu	19
2.1.8.2 Jechoota Qusachuun Karaa Gabaabaan Barreessuu	19
2.1.8.3 Dhugummaa Qabaachuu.....	20
2.1.8.4 Yaada Murtaawaa Irraa Gara Waliigalaatti Barreessuu.....	20
2.1.8.5 Keeyyata Gaggabaabaan Ibsanii Barreessuu	20
2.1.8.6 Jechoota Beekamoofi Himoota Gaggabaabaan Barreessuu.....	20
2.1.8.7 Walta'iinsa Yaadaa Qabaachuu	21
2.2 Sakatta'a Barruu Walfakkii.....	21

Boqonnaa Sadii

Saxaxaafi Mala Qorannichaa	23
3.1 Saxaxa Qorannichaa	23
3.2 Mala Qorannichaa	23
3.3 Madda Odeeffannoo	24
3.4 Mala Iddatteessuu.....	24
3.5 Meeshaalee Funaansa Ragaalee	25
3.5.1 Sakatta'a Dookimentii	25
3.5.2 Bargaaffii	25
3.6 Mala Ragaaleen Ittiin Qaacceffaman	27

Boqonnaa Afur

Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee	28
4.1 Ibsa Gabaabaa Waa'ee Odeef-kennitootaa	28
4.2 Xiinxala Unkaafi Qabiyyee Xalayaa.....	29
4.2.1 Qaaccessa Qabiyyee Xalayaa	29
4.2.1.1 Hanqina Caaslugaan Walqabatan	30
4.2.1.1.1 Hanqina Caasaa Afaanii	30
4.2.1.1.2 Hanqina Filannoo Jechootaa	33
4.2.2 Qaaccessa Unka Xalayaa.....	35
4.2.2.1 Hanqina Ittifayyadama Sirna tuqaalee	36
4.2.2.1.1 Hanqina Ittifayyadama Tuqaa	37
4.2.2.1.2 Hanqina Ittifayyadama Qoodduu	38
4.2.2.1.3 Hanqina Ittifayyadama Tuqlamee	39
4.2.2.2 Hanqina Ittifayyadama Qubguddeessaa.....	40
4.2.2.3 Hanqina Qubeessuun Walqabatan	42

4.2.2.3.1 Hanqina Dheerinaafi Gabaabina Sagalee Dubbachiistuu.....	42
4.2.2.3.2 Hanqina Laafinaafi Jabina Sagalee	45
4.2.3 Hanqina Odeeffannoo Murtaawaaf Barreessuu Qabaachuu.....	48
4.2.4 Hanqina Jechoota Qusachuun Karaa Gabaabaan Barreessuu Qabaachuu.....	49
4.2.5 Hanqina Jechoota Beekamoofi Himoota Gaggabaabaan Barreessuu Qabaachuu.....	50
4.2.6 Hanqina Walta’iinsa Yaadaa Qabaachuu	51

Boqonnaa Shan

Guduunfaafi Yaada Furmaataa	65
5.1 Guduunfaa	65
5.2 Yaada Furmataa.....	68

Wabiilee

Dabalee-A

Dabalee-B

Dabalee –C

Axeerara

Qorannoon kun Qaaccessa unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa Aanaa Laaloo Assaabii Godina Wallagga Lixaa Magaalaa Innaangoo irratti kan xiyyeeffatuudha. Matadureen qorannoo kun akka qoratamu qoratichaaf kaka'umsa kan ta'e, yeroo baay'ee xalayaalee waajjiraalee mootummaarratti hanqinaalee mul'atan ilaalchisee namoonni komiifi yaada qaban yeroo mul'isantu jira. Akkasumas, leenjii tokko tokkorratti barsiisonni qeeqa qaban yeroo dhiyeessan qorataan kan ofii isaatii keessatti hirmaate argee jira. Egaa tarii sababiin hanqinaalee kunniin unkaafi qabiyyee xalayaan tokko qabaachuu qabu dhabuu irraa maddaa laata, shakkiin jedhu jira. Kun immoo, dhimma qorannoo barbaadu ta'ee argame. Kanaafuu, kaayyoon qorannoon kun qabatee ka'e, unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa filataman ja'a keessaa xalayaalee jaatama walitti qabuun xiinxaluudha. Qorannoo kana geggeessuuf malli qoratichi itti gargaarame makaadha. Mala kanaan odeeffannoo funaannatee jira. Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamanis: sakatta'a dookimentii, bargaaffiifi afgaaffii gargaaramuun ture. Haaluma kanaan, ragaalee xiinxalaman kanarraa argannoon qoratichaa: unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessa hanqinaaleen jiraachuu qoratichi adda baaseera. Hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaalee isaanii keessatti argamanis: hanqina caasluga, hanqina seera afaanii eeganii qubeessuu, hanqinaaleen amaloota xalayaa gaariifi hanqinni sirna tuqaaleetti fayyadamuu mul'atee jira. Ka'umsi hanqinaalee unkaafi qabiyyee xalayaalee kunis: hir'ina shaakala taasisuu, hanqina ga'umsaafi hanqina xiyyeeffannoo ittikennuu akka ta'e adda baafameera. Yaaduma kana bu'uureffachuun qoratichi yaada furmaataa kaa'eera. Waajjiraaleen mootummaa wayita xalayaa barreessan unkaafi qabiyyee isaa keessatti wantoota haammatamuu qaban: caasluga, seera eeganii qubeessuu fi sirna tuqaaleerratti xiyyeeffachuun gaarii ta'a. Akkasumas, amaloota xalayaa gaarii xiyyeeffannoo keessa galchuun kan irraa eegamuudha. Hoggantoonni waajjiraalees hanqinaalee mul'atan kanniin furuuf leenjiin hojii duraafi hojiirraa yeroo yeroon ogeessa afaaniin utuu kennamee filatamaadha. Dabalataanis, ga'umsi afaan kana seeraan barreessuu danda'uu ulaagaa waajjiraalee mootummaa keessa utuu jiraatee hanqina kana furuu akka malu qoratichi yaada furmaataa kenneera.

Galata

Waan hundumaa dura jiruufi jireenya koo irratti olaantummaa isa qabu Waaqayyoon baay'een galateeffadha.

Itti aansuun waraqaa qorannoo kana qopheessuu keessatti beekumsa, ga'umsaafi muuxannoo qaban naaf gumaachaa kan turan gorsaa koo Amaanu'eel Alamaayyoo(PhD) baay'een galateeffadha.

Dabalataanis, deeggarsa barbaachisaa kan naaf godhaa turte, garuu milkaa'ina hojii koo utuu hinargin lubbuun kan dabarte haadha koo baay'een galateeffadha.

Akkasumas, barsiistuu Caaltuu Waaqtoleefi Naafyaad Hisqeel nuffii tokko malee tumsa naaf taasisaniif baay'een galateeffadha.

Ittidabalees, ragaalee ani barbaade kan naaf gumaachan waajjiraalee mootummaa Aanaa Laaloo Assaabii Godina Wallagga Lixaa Magaalaa Innaangoo nan galateeffadha.

Dhumarratti, carraa kana argadhee mataduree kanarratti akkan hojjedhuuf karaa kan naaf saaqe Yuunivarsiitii Finfinnee Muummee Afaan Oromoo nan galateeffadha.

Gabaajee

- Dip. : Dippiloomaa
- W.A.T.E.N.B.J.Q: Waajjira Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijjiirama Qilleensaa
- W.A.T : Waajjira Aadaafi Tuurizimii
- W.Dh.H.H: Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa
- W.K.M.D: Waajjira Karooraafi Misooma Dinagdee
- WL: Waliigala
- WMB: Waajjira Manneen Barnootaa
- WPSMQHN: Waajjira Paabilik Sarvisiifi Misooma Qabeenya Humna Namaa

Tarree Gabateewwanii

Gabatee:1.Seenduubee Odeef-kennitoota	27
Gabatee:2.Hanqina dheerinaafi gabaabina sagalee unka xalayaalee irratti mul'atu.....	43
Gabatee:3.Hanqina laaffisuufi jabeessuu sagalee dubbifamaa unka xalayaalee waajjiraalee mootummaan walqabatan.....	46
Gabatee:4.Qaaccessa Bargaaffilee unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinaaleen mudatan maalfaa akka ta'an adda baasuun walqabatan.....	53
Gabatee:5.Qaaccessa Bargaaffii unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee keessatti hanqinaalee irra caalaa mul'atan; rakkoo sababa kanaan dhufuufi maddi isaanii maal akka ta'an adda baasuun walqabatu.....	56
Gabatee:6.Qaaccessa Bargaaffii unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinaaleen mul'atan akkamitti fooyya'uu akka danda'an waliin walqabatan.....	60

Boqonnaa Tokko: Seensa

1.1 Ariirrata Qorannichaa

Xalayaan meeshaalee quunnamtii barreeffamaa keessaa isa tokko. Daandii dhalli namaa waggaa dheeraadhaaf ittiin ergaa isaa waliif dabarsaa asga'eedha. Akka hubachuun danda'amutti ergaa barreessuun darbu keessaa isa tokko ta'uu isaati. Ega quunnamtiin kunis sirriitti adeemsifamuuf unkaafi qabiyyee xalayaa saayinsii afaan sanaa dogongora irraa bilisa ta'etti dhimma ba'uun kan irraa eegamuudha. Barreessuun sirrii ta'e guddina afaanii keessatti fedhii uummanni dubbii afaaniin guuttachuu hindandeenye furuuf kan gargaaru akka ta'e beekamaadha. Akka Misgaanuu (2011:94-95) ibsutti, "Barreeffamni tokko ulaagaa gaarii guuteera kan jedhamu, barreeffama walquunnamtii yaadaa ifaa, qulqulluufi ga'aa ta'e tokko argachuuf: caasima, qabiyyee, qaama barreeffamaa, dhimma filannoo jechootaafi qindoomina seerlugaa, sirna tuqaaleefi qubguddeessa yoo qabaatedha," jedha. Kanaafuu, waajjiraaleen mootummaa ergaan hojii isaanii fiixaan ba'iinsa akka gonfatuuf yaada kana xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan ofeeggannoon barreessuutu barbaachisa jechuudha. Sababni isaas, abbaan dhimmaa qaamaan waan barreessaa kana bira hinjirreef, qabxii hinhubatamne mariisisuu hindanda'u. Kanaaf, barreessuun ergaa keenya karaa qaamni dubbisu sun gaariitti hubachuu danda'uun akka hojiirra oolfannuuf kan nugargaaruudha. Yaada kanaan kan walqabatu Pincas (1982:5) yeroo ibsu, "Writing is an instrument of both communication and self expression," jedha. Yaadi kun, barreessuun meeshaa quunnamtiifi yaada sammuu ofii keessa jiru kan ittiin ibsatan ta'uusaati. Akkasumas, Misgaanuu (2011), Italo (1999:19) wabeeffachuun yoo ibsu, "Barreessuun hojii sammuu baay'ee walxaxaa, karaa barreessaan altokkotti wantoota hedduu to'achuun agarsiisuudha. Fakkeenyaaf : unka, qabiyyee, caasaa himaa, ijaarsa jechootaa, sirna tuqaaleefi qubguddeessa kan ofkeessatti haammatuudha," jedha. Kanaafuu, unkaafi qabiyyee barreeffamaa bu'uureffachuun yaada ifaafi walta'iinsa uumuu danda'u qindeessanii barreessuun barbaachisaa ta'a.

Haaluma kanaan, xalayaan waajjiraalee mootummaa ulaagaawwan olii kan guutuu qabuufi gosa barreeffama idilawaa keessaa isa tokkoodha. Xalayaan Waajjiraalee Mootummaa kun unkaafi qabiyyee mataa isaa qabaachuun, akkasumas, seerawwaniifi waliigalteewwan jiran hordofuun, caasaafi qajeelfama mataa isaa qabaachuun akkaataa galma isaa eeggachuun namoota kallattii hojii garaagaraa irra jiraniifi dhaabbattoota beekamootiif ofeeggannoon kan barreeffamuudha.

Yaada kana kan deeggaru W.Ross (1988:260) akka ibsutti, “A good business letter should be neat. It should contain no mistakes in spelling, grammar, punctuation, and should follow the business letter form exactly,” jedha. Akka yaada kanaatti unkaafi qabiyyeen xalayaa waajjiraalee mootummaa waliigaltee dubbistoonni irraa eeganiifi kan durumaan beekaman hordofuu qaba. Kunis, qulqullummaa barreeffamaa, qajeelfama sirrii, qubee sirrii, sirna tuqaaleefi seera afaanii sirrii eegee barreeffamuu akka qabu kaa’a. Haaluma kanaan, yeroo ammaa kana Afaan Oromoo Afaan hojii mootummaa, Afaan barreeffamaa, sabquunnamtii, qorannoofi qu’annoon ittiin geggeeffamu, afaan mana murtiifi afaan barnootaa ta’ee jira. Haata’u malee, unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaan walqabatee hanqinooti adda addaa kan mul’ataniidha.

Rakkoowwan gama unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaan mul’atan kunniin, waan qaama hojii keessaa tokko ta’aniif, warra seera barreeffama Afaan Oromoo hinbeekne biratti tarii akka waan sirrii ta’eetti ilaalamuu danda’a ta’a. Egaa seera dhabdummaan unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa kun afaanichi haala barbaadameen akka hinguddanneef gufuu kan itti ta’uufi yaaddoos kan uumuudha. Misgaanuu(2011:64) akka ibsutti, “Barreessuun haala jiruufi jireenya fuulduraa keessatti gaheen inni taphatu salphaa miti,” jedha. Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti, dogongorri har’a mul’atu kun dhalootaaf dhaala yoo ta’e adeemsa keessa waliigaltee irratti rakkoo fiduun isaa hinshakkisiisu. Kanaafuu, qorannoon kun dhimma kana ijoo godhachuun, Qaaccessa unkaafi qabiyyee Xalayaa Waajjiraalee Mootummaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo keessaa waajjiraalee ja’a irratti xiyyeeffatee kan adeemsifameedha.

1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Waajjiraalee Mootummaa keessatti ergaan karaalee ittiin daddarban keessaa tokko xalayaadha. Ergaan karaa xalayaa darbu immoo dogongora irraa bilisa ta’uu qaba. Haata’u malee, yeroo addaa addaatti xalayaa dhimma hojiitiif waajjiraalee mootummaa tokko keessaa ba’uudhaan gara waajjiraalee biraatti deeman irratti namoonni komiifi yaada qaban yeroo mul’isantu jira. Yaaduma kanaan kan walqabatu, xalayaan waajjiraalee mootummaa keessaa ba’anii gara mana barnootaa dhufan irratti barsiisotni dubbisanii dhimma isaa irratti walmormuudhaan ergaa isaa irratti yeroo adda addaa qeeqa qaban waltajjiif wayita dhiyeessan qoratichi ofii isaatii waan hirmaateef argee jira. Egaa tarii sababiin hanqinaalee kunniin unkaafi qabiyyee xalayaan tokko qabaachuu qabu dhabuu irraa maddaa laata? Shakkiin jedhu jira. Kun immoo, dhimma qorannoo

barbaadu ta'eera. Qorataanis yaada kanneen ka'umsa godhachuun xalayaa waajjiraalee mootummaa biraa qabata hojii adda addaatiin ba'an sakatta'amanii hangam ulaagaa afaanichaa akka guutan; xalayaan tokko qaama tokkorraa bahee gara qaama biraa yeroo adeemu ergaan isaa salphaatti hubatamuufi ifa ta'uu, akkasumas, hanqina jiruuf madda isaa bira ga'uun furmaata barbaaduu irratti kan xiyyeeffatuudha. Egaa hanga yonaatti qorannoon gama unkaafi qabiyyeen xalayaa waajjiraalee mootummaa irratti kallattiin hojjetame waan qoraticha hinguunnamneef, qaawwa jiru kana irratti amanee hojjechuuf ka'umsa argatee jira. Haaluma kanaan, mataduree "Qaaccessa unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo," jedhu irratti xiinxala geggeessuun hanqina mul'atan bira gahuun furmaata barbaaduu ta'a. Kanaafuu, qoratichi ka'umsa qorannoo isaatiif furmaata barbaachisu eeruudhaaf adeemsa hojii qorannoo kanaa keessatti gaaffilee kanaan gadii deebisuuf yaaliin taasifameera.

1. Xalayaaleen barreeffaman ija unkaafi qabiyyeen maal fakkaatu?
2. Tarii unkaafi qabiyyee xalayaalee ilaalchisee hanqinatu jira ta'aa?
3. Hanqinaalee unkaafi qabiyyee xalayaalee keessatti mul'atan miidhaa akkamii fiduu danda'u?
4. Hanqinaalee unkaafi qabiyyee xalayaalee mul'ataniif ka'umsi isaanii maal ta'uu danda'u?
5. Hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaalee keessatti mul'atan akkamitti fooyya'uu danda'u?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa, kaayyoo gooroofi gooreetti qoodamee dhiyaatee jira. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo xiinxaluudha.

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa immoo:

1. Xalayaaleen barreeffaman unkaafi qabiyyee haammataamu qabu qabaachuu isaanii sakatta'uu.
2. Unkaafi qabiyyee xalayaalee ilaalchisee hanqinaaleen jiraachuufi dhiisuu isaanii adda baasuu.
3. Unkaafi qabiyyee keessatti hanqinooti mul'atan miidhaa akkamii fiduu akka malan agarsiisuu.
4. Hanqinaalee unkaafi qabiyyee xalayaalee mul'ataniif maddi isaanii maalfaa akka ta'e ibsuu.
5. Hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaalee keessatti mul'atan akkamitti fooyya'uu akka malan yaada kaa'uu.

1.4 Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun qaamolee adda addaatiif bu'aa kanaan gadii niqabaata jedhamee eegama:

- ❖ Waajjiraaleen mootummaa qorannoo kana bu'uura godhachuun unkaafi qabiyyee xalayaa akka xiyyeeffannoon barreessan isaan taasisuu danda'a.
- ❖ Ergaan karaa barreeffamaa darbu akka hingufanne qaama qorannoo kana argee dubbisuuf daandii kan itti agarsiisu ta'a.
- ❖ Ittigaafatamtooti sadarkaa garaagaraa irra jiran unkaafi qabiyyee xalayaarratti akka leenjii hubannoo kennuu barbaachisu dadammaqsa.
- ❖ Akkasumas, barattoota mataduree kanarratti qorannoo bal'aa adeemsisuu barbaadaniif madda ka'umsaa ta'a.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Qaaccessa unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa Naannoo Oromiyaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo keessa jiran irratti xiyyeeffata. Xalayaa waajjiraalee mootummaa kana keessatti unkaafi qabiyyee ilaalchisee rakkoolee kana wajjin walqabatan jiraachuufi dhibuu isaanii; rakkoolee mul'ataniif madda isaanii xiinxaluudha. Haaluma kanaan, xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti barreeffamanii gara waajjiraalee birootti dhimmoota adda addaatiif deeman askeessatti kan sakatta'amaniidha. Kunis, xalayaa bara 2010 keessa barreeffame qofa irratti kan xiyyeeffateedha. Innis, waajjiraalee Aanaa kana keessatti argaman hundarratti utuu hintaane sababa hanqina yeroof jecha waajjiraalee ja'a qofa irratti kan xiyyeeffatuudha. Isaanis:

1. Waajjira Manneen Barnootaa Aanaa Laaloo Assaabii.
2. Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Laaloo Assaabii.
3. Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Aanaa Laaloo Assaabii.
4. Waajjira Paabilik Sarvisiifi Misooma Qabeenya Humna Namaa Aanaa Laaloo Assaabii.
5. Waajjira Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijjiirama Qilleensaa A/L/Assaabii.
6. Waajjira Karooraaifi Misooma Dinagdee Aanaa Laaloo Assaabii.

Qaaccessi qorannoo kanaas unkaafi qabiyyee xalayaa irratti hanqina waajjiraalee mootummaa keessatti mul'ataniif furmaata barbaaduu ta'a.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun waajjiraalee mootummaa Aanaa Laaloo Assaabii keessatti argaman mara irratti utuu hojjetamee caalaatti bu'aa gaarii nifida jedhamee yaadama ture. Garuu, sababa hanqina yeroof jecha waajjiraalee Mootummaa 32 jiran keessaa ja'a qofaarratti kan geggeeffameedha. Akkasumas, qoratichi qorannoo kana geggeessuu keessatti waajjiraalee mootummaa qorannoo kanaaf odeeffannoo laatan bakkaafi yeroo barbaadametti argachuu dhabuufi odeeffannoo kennuu irraa hanga tokko ofqusachuu isaaniiti. Ittidabalees, kitaabonni mataduree kana irratti Afaan Oromoon barreeffaman kan hinjirre ta'uufi afaan biroon kan barreeffaman immoo yeroofi bakka barbaadametti argamuu dhabuun, qorannicha irratti akka hanqinaatti kan jiran yoo ta'u, qoratichi milkaa'ina qorannoo isaaf rakkoo gama maraan mul'atan furuuf kan hojjete ta'a.

1.7 Qindoomina Qarannichaa

Qorannoon kun Boqonnaalee shan kan ofkeessatti haammatuudha. Boqonnaan tokkoffaan Qorannoo kanaa Ariirrata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, daangaa qorannichaa, faayidaa qorannichaafi hanqina qorannichaa kan ofkeessatti qabatedha. Boqonnaan lammaffaan sakatta'a barruu yaadrimee irraa gara murtaawaatti kan haammateedha. Boqonnaan sadaffaan saxaxaafi mala qorannichaa kan ofkeessatti qabate yommuu ta'u, Boqonnaan afur xiinxalaafi ibsa ragaalee kan taasiseedha. Dhumarratti, Boqonnaan shanaffaan guduunfaafi yaada furmaataa kaa'uun duraa duubummaa isaa eeguun qindaa'ee kan adeemsifameedha.

Boqonnaa Lama: **Sakatta'a Barruu**

2.1 Sakatta'a Barruu Yaadrimee

Boqonnaa kana keessatti waa'ee unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa ilaalchisee yaadni beektotaa kan sakatta'ameedha. Qorataanis yaada beektotaa kana haala ifa ta'een toora galchee akka itti aanutti dhiyeesseera.

2.1.1 Maalummaa Xalayaalee

Xalayaan karaa barreeffamaan walquunnamtiin ittiin geggeeffamu keessaa isa tokko. Xalayaa ilaalchisee Addunyaa(2014:158) akka ibsutti, "Maalummaan xalayaa inni guddaan namoota gidduutti walquunnamtii uumuudha. Walquunnamtiin kunis fageenyaafi dhiyeenya, bakkaafi yeroo irratti hundaa'uun kan geggeeffamuudha," jedha. Akka yaada kanaatti daandii ittiin dhalli namaa ergaa isaa waliif dabarsu keessaa tokko ta'uu isaati. Akkasumas, maalummaa xalayaa ilaalchisee Robert(2004:3) akka ibsutti, "Letters that get your message across without the reader calling you for clarification, letters that persuade your readers to accept your point of view, or take the actions you want them to take. Letters that get you the results business you desire. In this part, we cover some rules and tools for effective letter writing," jedha. Akka yaada hayyuu kanaarraa hubatamutti, xalayaan kan dubbisaa isaatiif salphaatti hubatamu, ergaa barreessaa qaama barbaadameen kan gahuufi dhimma barreeffameef sana ifa ta'ee kan raawwatu ta'uu akka qabuudha. Dabalataanis, yaaduma kana kan deeggaru Geetaachoo(2009:7) yoo ibsu, Barreessuun karaa yaada yookiin ergaa ittiin dabarfatan keessaa tokko ta'ee, "Waraqaarratti barreessuun nama dubbisee hubachuu danda'uuf dabarsuu jechuudha. Kana malees, barreessuun qubeewwan uumaman irratti hundaa'uun kanneen akka waraqaa, sibiila, dhagaafi kan kana fakkaatan irratti barreessuun dhaloota biroof mala ittiin ergaa dabarsuuti," jedha. Yaada kana irraa hubachuun akka danda'amutti xalayaan ergaa barreessuun darbu keessaa isa tokko ta'uu isaati.

2.1.2 Gosoota Xalayaalee

Xalayaan karaa barreeffamaan walquunnamtiin ittiin geggeeffamu keessaa tokko. Kaayyoon isaa inni guddaan namoota gidduutti walquunnamtii uumuudha (Addunyaa 2014:158). Haaluma kanaan xalayaan gosa lama qaba. Isaanis: xalayaa matayyaafi xalayaa waajjiraaleeti (Geetaachoo 2009:136). Xalayaan matayyaa kan firri firaaf, maatiin maatiif, hiriyaan hiriyaaf haala dhuunfaa ofii fageenyaafi dhiyeenya, bakkaafi yeroo irratti hundaa’uun ittiin walquunnamaniidha (Tafarii 2000:233). Xalayaan waajjiraalee immoo, kan dhimma adda addaatiif waajjirri waajjiraaf, waajjirri tokko nama dhuunfaaf yookaan namni dhuunfaan tokko waajjira tokkoof kan barreessuudha (Geetaachoo 2009:137). Kanaaf, xalayaa waajjiraalee barreessuu keessatti dhimma ijoo ta’e tokko haalaafi jechoota idilummaa qabanitti gargaaramuun barreeffamuu qabu. Walumaagalatti, xalayaan karaa barreeffamaan ittiin walquunnaman keessaa tokko ta’ee, xalayaa matayyaafi xalayaa waajjiraalee jedhamuun gosa lamatti kan qoodamu ta’uu argina. Haata’u malee, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa qaaccessuu qofa irratti kan adeemsifameedha.

2.1.3 Unkaafi Qabiyyee Xalayaalee Hojii

Waajjiraalee mootummaa keessatti hojiiwwan kutaalee adda addaatti hojjetaman adeemsisuuf xalayaatti kan dhimma bahamuudha. Xalayaan kunis unkaafi qabiyyee mataa isaa qabaachuun dalagaa irraa eegamu karaa sirrii ta’een ba’uu qaba. Misgaanuu(2011) yeroo ibsu, “ Xalayaa waajjiraalee gosa barreeffama idilawaa keessaa isa tokkoodha. Barreeffama idilawaa jechuun unkaafi qabiyyee mataa isaa qabatee seeraafi adeemsa dhaabbatee jiruun kan hojjetame jechuudha,”jedha. Akka yaada kanaatti xalayaan waajjiraalee unkaafi qabiyyee mataa isaa kan qabu; akkasumas, seerawwaniifi waliigalteewwan jiran hordofuun, caasaafi qajeelfama mataa isaa qabaachuun akkaataa galma isaa eeggachuun, namoota kallattii hojii garaagaraa irra jiraniifi dhaabbattoota beekamootiif ofeeggannoon kan barreeffamu ta’uu isaati. Maalummaan xalayaa tokkoo sirriitti ifa ta’uuf unkaafi qabiyyeen isaa sirriitti hubatamuufi to’atamuun kan irraa eegamuudha. Misgaanuu(2011:53) jecha unka jedhu yeroo ibsu, “Jechi unka jedhu duraa duuba, akkaataa barreeffamaa, qajeelfamaafi sirraa’ina waan tokkoo jechuudha,”jedha. Akkasumas, Misgaanuu(2011:94)qabiyyee ilaalchisee yeroo ibsu,“Qabiyyeen tooftaalee ulaagaa barreeffamni gaariin ittiin madaalamu keessaa tokkoodha. Qabiyyeen barreeffama tokko keessatti qulqullina, barbaachisummaa, dhugummaa, sababa amansiisoofo kanneen kana fakkaatan ofkeessatti kan

qabatuudha,”jedha. Kanaafuu, maalummaan xalayaa waajjiraalee jalqabarratti ergaa tokko qaama barbaadameen gahuudha. Kun immoo, fiixaan ba’iinsa argachuuf unkaafi qabiyyeen isaa iddoo olaanaa kan qabu ta’uu agarsiisa.

2.1.3.1 Unka Xalayaalee Hojii

Galma ga’iinsi xalayaa waajjiraalee mootummaa tokko milkaa’ina barbaadame gonfachuudhaaf qajeeltowwan unkaa jiran guutuun kan irraa eegamuudha. John E.Warriner(1988:262) akka ibsutti, “The six parts of a business letter are the heading, inside address, salutation, body, closing, and signature,”jedha. Isaan kun ja’an unka taa’e hordofuun xalayaa waajjiraalee keessatti walitti dhufeenya gaarii kan dhugoomsaniidha. Xalayaan waajjiraalee kun yeroo mara kan barreeffamu waraqaa adii qulqullina gaarii qabu irratti iinchii 8 ½ dalgaafi iinchii 11 asii gad ta’e irrattiidha. Naannoon isaa gubbaafi jalaan yoo xiqqaate iinchiin tokko tokko waraqaa adiin hafuu qaba (James,1993:905-910).

Kana malees, unka barreeffamaa ilaalchisuudhaan jecha, hima, keeyyataafi barreeffama biroo keessatti, jechootni walitti qindaa’anii ergaa barreeffamichaa dabarsan unka sirriin hin-qubeeffamne taanaan ergaa barreeffamichaa irratti dhiibbaa fida (Byrne,1988). Akkasumas, Misgaanuu (2011:88) akka jedhutti, “Unki barreeffama tokkoo sirriitti baratamuufi to’atamuu qaba,”jedha. Akka yaada kanaatti seerri barreeffama afaanii kan hordofamuu qabuufi jechooti unka ofdanda’aa kan mataa isaanii qabaachuun karaa ergaa guutuu ta’e ittiin dabarsan jiraachuu isaati. Itti dabalees, Yaaduma kanaan kan walqabatu unka xalayaa waajjiraalee gama seera afaaniin jiru irratti, W.Ross (1988:260) akka ibsutti,“A good business letter should be neat.It should contain no mistakes in spelling, grammar, punctuation, and should follow the business letter form exactly,” jedha. Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti unki xalayaa waajjiraalee qulqullina yookiin seera qabeessummaa afaanii hordofuun hanqinaalee qubeessuu, seerlugaafi sirni tuqaalee irraa bilisa ta’uu akka qabuudha.

2.1.3.2 Qabiyyee Xalayaalee Hojii

Dhimma hojii keessatti xalayaan tokko kaayyoo barbaadameef galmaan ga’uuf barreeffamuu qaba. Kaayyoon isaa kun qabiyyee xalayaa gama akaakuun jiru kan ofkeessatti haammatuudha. Bu’uuruma kanaan Addunyaa(2014:164) yeroo qoqqoodu, “Xalayaa deeggarsaa, akeekkachiisaa, waliigaltee,hayyama,galataa,beeksisaa,dhiifamaa,iyyaafannoo,badhaasaa,jijjiirraa,gaddaa,gorsaa,

afeerraa, waamichaafi kanneen kana fakkaatan ta’u,” jedha. Qabiyyeen xalayaa kun akaakuu kamiinuu haata’uu, haalli dhiyeenya xalayaa tokkoo saayinsii mataa isaa qaba.

Haaluma kanaan, qabiyyeen qaama xalayaa kan yaadni yookiin odeeffannoon gahaa waa’ee dhimmichaa dubbistootaaf keessatti kennamuudha. Yaaduma kana kan deeggaru, Misgaanuu (2011:76) yeroo ibsu, “Qabiyyeen dhaamsa barreeffamichaa ifa gochuuf yaadoleen keessatti dhiyaatan walii wajjin hojjechuufi odeeffannoo gahaa ta’e barreeffamichi qabaachuu isaa kan keessatti ilaalamuudha,” jedha. Akka yaada kanaatti qabiyyeen xalayaa waajjiraalee ergaa barbaadamu sana dabarsuuf, saayinsii barreeffama afaan sanaa dogongora irraa bilisa ta’etti dhimma ba’uun kan irraa eegamu ta’uusaa agarsiisa. Yaaduma kanaan kan walqabate W. Ross (1988:272) yoo ibsu, “When writing a business letter, be clear and concise. Include all the necessary information, and write as briefly as you can. Use vocabulary and language that is suitable for the intended audience,” jedha. Akka yaada hayyuu kanaarraa hubannutti qabiyyeen xalayaa tokkoo qulqulluufi ifaa ta’uu akka qabu argina. Akkasumas, odeeffannoowwan mara ofkeessatti haammachuun karaa ifa ta’een jechootaafi afaan salphaatti hubatamu gargaaramuun ergaa sana dabarsuuf filatamaa ta’uu qaba.

2.1.4 Faayidaa Unkaafi Qabiyyee Xalayaalee Eeganii Barreessuu

Xalayaaleen waajjiraalee karaa ittiin dhimma ijoofti barbaachisaa ta’e gabaabsanii haala salphaatti hubatamuu danda’uun ergaa barbaadame tokko ittiin dabarfataniiidha. Xalayaaleen waajjiraalee akkuma barreeffamoota biroo galumsaafi haala keessatti barreeffaman barbaadu. Yaaduma kanaan kan walqabate waajjiraalee mootummaa keessatti unkaafi qabiyyee eeganii barreessuu irratti Marr and Doulman (2008:8) yoo ibsan,

In business, in the workplace, and in our personal lives, we all stand to benefit from more effective communication skills. Writing is essential to communicate your message clearly and professionally and to incite action in those who you supervise, work with and require action from. Many in the workforce today struggle with the basics of writing including grammar, spelling and punctuation and this is what can hold them back and reduce their confidence when it comes to business documents. The style and skills required for formal business writing are best developed by practice and experience, but with the right tools and know-how it is not hard to improve.

Yaada beektotaa kanarraa hubachuun akka danda’amutti waajjiraalee keessatti sababni barreessaniif ergaa ofii haala qulqullina qabuun dabarfachuufi namoota wajjin hojjetaniif

qajeelfama hojii kennuu yookiin fudhachuudha. Namooti baay'een waajjiraalee keessatti yeroo ammaa dhimmoota barreessuu keessatti iddoo olaanaa qaban: seerluga, qubeessuufi sirna tuqaaleetiin walfalmii hojii akka taasisaniidha. Rakkooleen gama kanaan mul'atan immoo yeroo dookimantii waajjiraaleetti dhufan ofitti amanamummaa isaanii irratti gufuu kan qabuudha. Egaa xalayaalee waajjiraalee mootummaa hanqinaalee irra bilisa ta'an barreessuun muuxannoofi shaakala gahaa ta'e gochuun kan gonfatamu ta'uusaati. Meeshaa sirrii ta'e gargaaramuufi haala ittiin barreeffamu irratti beekumsa qabaachuun qofti furmaata ta'uu hindanda'u. Kanaafuu, meeshaa barbaachisuufi muuxannoon beekumsaan deeggarame barreessuu irratti iddoo olaanaa akka qabuudha. Haaluma kanaan, waajjiraaleen mootummaas adeemsa hojii isaanii guyyaa guyyaan kan walqabate ibsuuf, odeeffannoo argachuuf yookiin qajeeltowwan jiran raawwachuuf unkaafi qabiyyee xalayaalee eegani barreessuun fiixaan ba'iinsa kan gonfachiisu ta'uusaati.

2.1.5 Hanqinoota Unkaafi Qabiyyee Xalayaalee Waajjiraalee Keessatti Mul'atan

Akka Cross(1987) ibsutti, waajjiraalee mootummaa keessatti barreeffamootni barreeffaman hanqinoota garaagaraa qabaachuu akka danda'an lafa kaa'a. Isaanis:

2.1.5.1 Hanqinoota Seera Barreeffamaa Eeguu

Wantoota barreeffaman keessatti seera barreeffama afaanichaa eeguudhaan barreessuun ergaan barbaadame karaa ifa ta'een qaama barbaadameef akka darbu kan taasisu keessaa isa ijoodha. Waajjiraaleen mootummaa xalayaa barreessan keessatti caasluga, sirna tuqaalee, qabguddeessaafi qubeessuu seera afaan sanaa hineegne taanaan xalayaan sun dogongora uumuu mala. Akka Robbins(2001) ibsutti, hanqinni akkasii waajjiraalee keessatti yeroo mara kan mul'atan ta'uu isaa ibsa. Kanaafuu, xalayaa waajjiraalee yeroo barreessinu caasaa barreeffama afaan sanaa eeguufi seerota barreeffama keenya guutuu nuuf taasisan hordofuun ergaa xalayaa keenyaa fiixaan baasuuf warra bu'uuraati.

2.1.5.1.1 Hanqina Unkaa

Galma ga'iinsi xalayaa waajjiraalee mootummaa tokko milkaa'ina barbaadame gonfachuudhaaf qajeeltowwan unkaa jiran guutuun kan irraa eegamuudha. Unka barreeffamaa ilaalchisuudhaan jecha, hima, keeyyataafi barreeffama biroo keessatti, jechootni walitti qindaa'ani ergaa barreeffamichaa dabarsan unka sirriin hinkaa'amne taanaan ergaa barreeffamichaa irratti dhiibbaa fida (Byrne,1988). Haaluma kanaan hanqinni unkaa xalayaalee waajjiraalee mootummaa

keessatti mul'atan ergaa barreeffamaa irratti dhiibbaa kan qaban akka ta'e beekamaadha. Xalayaaleen waajjiraalee tokko milkaa'ina barbaadame gonfachuuf qajeeltowwan unkaa jiran guutuun kan irraa eegamuudha. Isaanis, mateessaa qabanii hanga cufiinsaatti kan jiran unka xalayaalee seera eeguun waraqaarratti mul'ataniidha.

2.1.5.1.2 Hanqina Qabiyyee

Qabiyyeen qaama xalayaa kan yaadni yookiin odeeffannoon gahaa waa'ee dhimmichaa dubbistootaaf keessatti kennamuudha. Yaaduma kana kan deeggaru, Misgaanuu (2011:76) yeroo ibsu, "Qabiyyeen dhaamsa barreeffamichaa ifa gochuuf yaadoleen keessatti dhiyaatan walii wajjin hojjechuufi odeeffannoo gahaa ta'e barreeffamichi qabaachuu isaa kan keessatti ilaalamuudha," jedha. Akka yaada kanaatti qabiyyeen xalayaa waajjiraalee ergaa barbaadamu sana dabarsuuf, saayinsii barreeffama afaan sanaa dogongora irraa bilisa ta'etti dhimma ba'uun kan irraa eegamu ta'uusaa agarsiisa. Xalayaaleen waajjiraalee yommuu barreeffamu dhimmichi maalirratti akka xiyyeeffatu kan adda baasu ta'a. Kun yeroo baay'ee jala sararamuun barreeffama (Addunyaa, 2014). Akkasumas, qabiyyee xalayaalee keessatti dhimmichatu haala ifaafi qabatamaa ta'een barreeffama (Geetaachoo, 2009).

2.1.5.1.3 Hanqina Caaslugaa

Akka Geetaachoo (2010) ibsutti, "Caaslugni amala afaan tokkoo irratti hundaa'ee ka'umsi seera amala afaanichaas hawaasaan walqabata. Hawaasichis, seera afaanii eegee dubbata, akkasumas, barreessa," jedha. Akka yaada kanaatti, dubbisuufis ta'e barreessuuf caasluga afaanichaa eeguun barbaachisaa ta'uu isaati. Yaaduma kanaan kan walfakkaatu Addunyaa (2017:24) yeroo ibsu, "Caaslugni seera caasaa afaan tokkoo (dhamsagaa, birsagaa, jechaa, gaalee, himaafi kanneen biroo) to'atuudha," jedha. Kanaafuu, dogongorri caaslugaa xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atan ergaa dabarsuuf barbaadame dabsuu keessatti shoora guddaa akka qabaniidha.

2.1.5.1.4 Hanqina Sirna tuqaalee

Xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinaalee mul'atan keessaa tokko hanqina sirna tuqaalee qabaachuu isaati. Sirni tuqaalee barreeffama kamiyyuu keessatti bakka barbaachisutti galchuun ergaan barreeffama sanaa haalaan akka hubatamu kan tumsuudha. Yaada kana ilaalchisee Addunyaa (2014:146) yeroo ibsu, "Sirni tuqaalee ergaa barreeffama tokkoon darbu haala barbaadameen dubbisaa bira akka gahuuf gumaacha guddaa taasisa," jedha. Akka yaada kanaatti sirna tuqaalee utuu hinfayyadamin barreessuun ergaan barreeffama keenyaa eessa akka jiruufi maal akka ta'e hubachuun akka hindanda'amneedha. Yaaduma kanaan kan walfakkaatu Geetaachoo (2006:154) yoo ibsu, "Sirni tuqaalee bifaafi bakka tajaajilaan adda adda ta'an illee, himoota ijaaraman guutuu taasisuuf barbaachisaadha," jedha. Akka yaada beekaa kanaatti, sirni tuqaalee barreeffama keessatti bakka adda addaatti mallattoo garaagaraa kanneen akka tuqaa, gaaffii, raajeffannoo, qoodduu, tuqlamee, waraabbi, sarara xiqqaafi kan kana fakkaatan barreeffama keessatti galuun ergaa barreeffama sanaa kan murteessan ta'uu isaaniiti. Kanaafuu, hanqinaaleen gama kanaan xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atan ergaa darbuu barbaadame irratti gufuu kan ta'aniidha.

2.1.5.1.5 Qubguddeessa Fayyadamuu

Xalayaan tokko adeemsa seera barreeffama afaanichaa eegge barreeffamuu keessatti fayyadamni qubee guddaa iddoo olaanaa qaba. Yaada kana ilaalchisee Tafarii (2000:153) yoo ibsu, "Qubee gurguddaafi qubee xixiqqaa walkeessa seera malee makuun sirrii hinta'u. Jecha yookaan hima, akkasumas, yaada tokko yeroo barreessinu, seera barreeffamaa eegnee quboota gosa lamaanuu gargaaramna," jedha. Yaada kanarraa kan hubannu qubee gurguddaa kan gargaaramnu maqaafi haalawwan seera barreeffamichaa keessatti murteessoo ta'an keessatti kan itti fayyadamnu ta'uu isaati. Kanaafuu, haala barbaachisummaa isaaniin barreeffama keenya keessatti seera afaanichaa eegnee kan itti gargaaramnu ta'uu isaati.

2.1.5.1.6 Hanqina Qubeessuu

Hanqinoota xalayaa waajjiraalee mootummaa mudatan keessaa tokko qubeessuudha. Kunis, karaalee adda addaan mul'achuu danda'a. Akka Fedhaan (1999:85) ibsutti, "Rakkoo barreessuu keessatti dhimma qubeessuun walqabatee mul'atu keessaa dheeressuu, laaffisuufi jabeessuun barreessuun isa tokkoodha. Kunis, haala hinbarbaachisneen yoo dheerate, gabaabbate, laafeefi

jabaate ergaan barreeffamaa jal'achuu ykn yaada ergichi qabatee jiru gadi lakkisuu mala,"jedha. Kana jechuun ergaan darbu akka hingufanneef seeroti kun xiyyeeffannoo kan barbaadan ta'uu isaanii argina. Qubeessuun mallattoolee afaanii fudhatama qabuun qubeewwanitti gargaaramuun jechoota ijaaruudha. Yaada kana Todd (1986:434) akkanatti ibsa,"Spelling involves the forming of words with letters according to convention and accept usages,"jedha.Yaadni kun kan ibsu, qubeessuun adeemsa jechoota ijaaruuf taasifamu keessatti qubeewwan afaanichaaf irratti waliigalameen kan bakka bu'amuudha. Kana jechuun, qubeessuun seera afaaniin kan to'atamu ta'ee, seericha cabsinaan hiikni waan jijjiiramuuf, rakkoo walquunnamtii akka uumamu taasisa.

2.1.5.1.6.1 Dheerinaafi Gabaabina Sagaalee

Seera barreeffama Afaan Oromoo keessatti jecha tokkoon sagalee dheeraa yookiin gabaabaa qaba jennee murteessuuf seera barreeffama afaan kanaa hordofuun murteessaadha. Akka seera afaan kanaatti dheeressuufi gabaabsuun dubbachiistuu irratti kan hundaa'uudha.Yaada kana bu'uura godhachuun Geetaachoo (2009:26-27) yoo ibsu,

Sagalee gabaabaa kan jedhamu dubbachiiftota Afaan Oromoo warra bu'uuraa shananiin Sagalee gabaabaa uumamani. Yeroon sagalee dheeraa uumuuf barbaachisu kan sagalee gabaabaa uumuuf barbaachisu nicaala. Dabalata yeroo kanaan sagaleen uumamu hiika duraan qabu nijjiira. Kanaafuu, Afaan Oromoo keessatti sagalee dheeraa kana agarsiisuuf qubee dubbachiiftuu gosa tokko lamaan barreessina jedha.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, sagalee dheeraafi gabaabaa gidduu adda addummaan yeroofi hiikaa jiraachuu nuhubachiisa.

2.1.5.1.6.2 Laafinaafi Jabina Sagalee

Seera barreeffama Afaan Oromoo keessatti laafinaafi jabinni sagalee dubbifamaa waliin kan walqabatuudha. Yeroo afaan kanaan barreessinu wanti sagaleessinu qubeedhaan bakka bu'ee waraqaarra jiraachuu qaba. Sababni isaas, yoo kana hintaane ergaan dabarfachuu barbaanne sun hiika addaatti akka nu jalaa jijjiiramu ta'a. Yaaduma kanaa wajjin kan walqabatu Geetaachoo (2009:27-28) yoo ibsu,

Seera barreeffama Afaan Oromoo keessatti sagalee jabaan agarsiisuuf dubbifamaa tokko yoggaa lama katabna. Seerri kun dubbifamoota qubee yookiin mallattoo qeenxee qaban qofaaf ta'a. Dubbifamootni warri qubee yookiin mallattoo dachaa qaban yoggaa laafanis yoggaa jabaatanis unka (form) tokkoon katabamu. Waan kana ta'eef, dubbifamoota qubee dachaan barreeffaman jabinaafi laafina isaanii addaan baasuuf hima keessa galchuu qabna. Afaan Oromoo keessatti jabinni sagalee gidduu hiriira yookiin jecha qofaatti argama. Jalqabaafi dhuma jechaarratti Afaan Oromoo jabaachuu hindanda'u jedha.

Yaada hayyuu kanaarraa kan hubatamu, laafinaafi jabina sagalee keessatti dubbifamaa qofa irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaati. Kunis qubeen dubbifamaa yeroo qeenxeen barreeffamu sagaleen kan laafu ta'uufi yeroo inni dachaa yookiin gosti tokko lama ta'ee barreeffamu kan jabaatu ta'uu argina. Egaa barreeffamni keenya haala kana yoo hordofuu baate ergaa barbaadame dabarsuu irratti rakkoo kan godhatu ta'a.

2.1.6 Maddoota Hanqinaalee Unkaafi Qabiyyee Xalayaa Waajjiraalee Mootummaa

Maddi hanqinaalee dogongora altokkotti uumame sirreessuu irra akkuma waan sirrii ta'etti yeroo bifa dhaabbataan gargaaramaniidha (Brown,1994). Ittidabalees,madda hanqina barreessuu irratti, Fergus (1983:3) yoo ibsu, "We have poor study habits and we are careless. We miss pronounce words, we fail to enunciate clearly. we do not use our eyes and ears to discriminate. We may add or omit syllables,"jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti dhibaa'ummaan barreessuu, yeroo jecha barreessan dogongoraan sagaleessuu, ijaafi gurra keenyaan gargaaramnee waan barreessinu sana gargar baasaa adeemuu dhabuudha. Akkasumas, qubee yookiin birsaga ittidabaluu yookiin irraa hir'isuun dogongora barreessuu kanaaf madda akka ta'etti ibsa. Ulaagaan kun unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee keessatti yoo ilaalaman iddoo guddaa kan qaban ta'anii mul'atu. Sababni isaas, Afaan Oromoo keessatti qubee tokko itti dabaluu yookiin irraa hir'isuun hiika jecha sanaa jijjiiruun ergaan barbaadame hanqina akka uumu taasisa. Egaa yeroo ammaa kana unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa yoo ilaalle, dogongorri kun baay'achuun dhimma xiyyeeffannoo addaa barbaadan ta'anii mul'ataniiru. Yaada kana irratti xiyyeeffachuun beektotni yaada garaagaraa barreeffama irratti dhiyeessu. Isaanis:

2.1.6.1 Hir'ina Shaakala Taasisuu

Hir'inni shaakala barreeffamaa maddoota hanqinaalee xalayaa waajjiraalee barreessuu keessaa isa tokkoodha. Sababni isaas, barreessuun dandeettii yeroo tokkotti gonfatamu utuu hintaane,

dhimma shaakala barbaadu akka ta'eedha. Hayyootni Hall and Birkerts (1991) akka ibsanitti, barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa tokko akka ta'e kaa'u. Dandeettiin kunis irra deddeebi'anii shaakaluun fooyyeffachuun dhimma danda'amu ta'uu isaati. Kanaafuu, maddi hanqinaalee unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee hir'ina shaakala taasisuu akka ta'e hubanna.

2.1.6.2 Hanqina Ga'umsaa

Hanqinni ga'umsaa namni tokko afaanuma ittiin barreessu sana irratti ga'umsa utuu hinqabaatin yeroo inni hojii ittiin hojjetu kan mul'ataniidha. Norrish (1983:8), hanqinni ga'umsaa wantoota barreessuu irratti dhiibbaa fidan keessaa tokko akka ta'e ibsa. Egaa xalayaan waajjiraalees yeroo baay'ee hanqina kanaan kan walqabatani uumaman ta'uu isaanii tilmaamuun nama hinrakkisu. Caasaan barreeffama Afaan Oromoo akkaataa dubbatamuun hinbarreeffamu taanaan jechoonni qubeeffaman hiika dhabuu yookiin hiikni isaanii jijjiiramuu waan danda'uuf, ergaa darbu nigufachiisa. Akkasumas, namoota seera afaanichaa beekan biratti hubatamuu dhiisuu danda'a. Kana ilaalchisee Addunyaa (2010:7) yoo ibsu, "Barreessitoonniifi hojjettoonni waajjiraalee mootummaa, caasaa Afaan Oromootti fayyadamuu irratti hanqina qabu. Hanqinni caasaa ammoo ergaa darbu sana gaaga'a," jedha. Caasaan afaan tokkoo dabnaan ergaan darbuu barbaadame qixa barbaadameen darbuu hindanda'u. Kanaafuu, madda hanqina ga'umsaa ta'anii kan calaqqisan afaan biroon baratani Afaan Oromoon barreessuu, muuxannoo hojii biroottiin sadarkaa olaanaa irraa hojjechuun yeroo walquunnamtii hojii taasisan maddoota hanqinaalee xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti warreen haammataman akka ta'an argina.

2.1.6.3 Hanqina Xiyyeeffannoo

Akka Misgaanuu(2011:88) ibsutti, "Unki barreeffama tokkoofi qabiyyeen isaa sirriitti to'atamuu qaba," jecha. Akka yaada kanaatti barreeffamni keenya xiyyeeffannoo kan barbaadu ta'uu isaati. Hanqinni qubeessuu qabiyyee barreeffamichaa hubachuuf dubbistoota kan danqu ta'uufi akka xiyyeeffannoo dhabuutti kan fudhatamu ta'uu Rosa fi warri biroo(1996) akka ibsanitti, "Poor spelling distract the reader from the content of your writing and gives a general impression of carelessness," jedhu. Waajjiraaleen afaan tokkoffaa isaaniitiin xalayaa yeroo barreessan dhimma barreessuuf barbaadan sana sammuu isaaniitti qabachuun kan barreessan qofa ta'a. Yeroo kana godhan xiyyeeffannoon isaanii qubeessuu jechoota sanaa utuu hintaane ergaa barbaadame sana qofa kan tilmaaman ta'a. Kanaafuu, xalayaa barreessinu keessatti seera barreeffama afaanichaaf xiyyeeffannoo kennuun jabina. Xalayaa barreessuu keessatti sirna tuqaalee, qub-guddeessa,

qubeessaafi caasluga afaan sanaaf xiyyeeffannoon hingodhamne taanaan ergaan darbu sun dogongora isaatu haasa'ama. W.Ross(1988:270) xiyyeeffannoo xalayaa waajjiraaleef taasifamuu qabu ilaalchisee yoo ibsu, "Before you begin to write a business letter, it is a good idea to think about what you want to say,"jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, xalayaa waajjiraalee yeroo barreessinu dursinee akka itti yaaduu qabnu kan nu agarsiisuudha. Yoo kana ta'uu baate garuu, wanta irratti xiyyeeffatamuu qabu karaa gabaabaa ta'een barreessuu dhabuufi dhugummaa jiruun walqabsiisuun barreessuu dhabuun ijoo ergaa sanaa balleessuudhaan hanqinaaleen xiyyeeffannoo xalayichaa akka saaxila bahu ta'a.

2.1.6.4 Hanqina Muuxannoo

Xalayaalee waajjiraalee mootummaa hanqinaalee irraa bilisa ta'an barreessuun muuxannoo akka barbaachisu beekamaadha.Kunis, dhugoomuu kan danda'u muuxannoon beekumsaan tumsame yoo jiraateedha.Kun immoo, waajjiraaleen mootummaa adeemsa hojii isaanii guyyaa guyyaan walqabate ibsuuf, odeeffannoo sirrii argachuufi dabarsuuf yookaan qajeeltoowwan jiran raawwachuuf muuxannoon xalayaalee barreessuu ijoo ta'uu isaati.Akka Robert (2004:3) ibsutti "Letters that get your message across without the reader calling you for clarification.Letters that persuade your readers to accept your point of view, or take the actions you want them to take," jedha.Akka yaada kanarraa hubatamutti, namni tokko xalayaalee waajjiraalee kan dubbisaa isaaf salphaatti hubatamuufi dhimma barreeffameef kan raawwatu barreessuu qaba. Kana gochuuf immoo, muuxannoon xalayaalee barreessuu iddoo olaanaa kan qabu ta'uusaati.

2.1.7 Miidhaa Hanqina Unkaafi Qabiyyee Xalayaalee Waajjiraalee Mootummaan Dhufu

Hanqinni yeroo ammaa kana unkaafi qabiyyee xalayaa irratti mul'atu, oolee bulee hawaasa afaan kanaa keessatti rakkoo hamaa qaqqabsiisuu mala. Hanqinni mul'ate hinsirraa'u taanaan turtii keessa akka waan sirrii ta'eetti qaama afaanichaa godhanii fudhachuutu dhufa. Hanqinni haala kanaan dhufe immoo adeemsa keessa iddoo galee tajaajilu maratti rakkisaa ta'ee kan mul'atu ta'uu mala. Haalli kun immoo, rakkoo dogongora qubeessuu walxaxaafi sirraa'uuf rakkisaa ta'ee fida (Gefvert,1988).

Rakkoon kun hawaasa keessatti babal'achaa yoo deeme, beekumsaafi bu'aa ergaa argamuu nigufachiisa.Walquunnamtiin xalayaan taasifamu rakkoo keessa galchuun, abbaan dhimmaa yeroo dubbisu hubachuu dhabuu irraan kan ka'e odeeffannoo dogongoraa akka qabaatu nitaasisa.

Namni tokko caasaafi seera afaan tokkoo utuu hinhubatiniifi sirriitti hinbeekin yeroo ittiin hojjetu afaanicha irratti rakkoon waliigaltee uumamaa akka deemuuf daandii saaqa. Miidhaan hanqina waliigalteen dhufu ilaalchisee Misgaanuu (2011:7) yoo ibsu, “Dubbataan ergaan darbuuf akka hinhubanne, hiika akka itti hinlaanne taasisuufi waliigaltee kan dhorkuudha. Beekumsa jechootaa dhabuu, itti fayyadama fufiileefi bakka maqaa seeraan ala qubeeffaman irraa kan madduudha,” jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu, seera dhabdummaa barreeffamaa irraan kan ka’e rakkoowwan kun gufannaa hojii tokko irratti kan uuman akka ta’an ifatti mul’atu. Haalli kun immoo gara fuulduraatti kan itti fufu yoo ta’e, mala afaan kanaan walquunnamanii ergaa dabarfachuu irratti rakkoo walxaxaa kan uumu ta’a.

Kanaafuu, abbaan dhimmaa ergaa barreeffama sanaa hubachuuf kan isa dandeessisu achumaa argachuu akka qabuudha (Norrish,1983). Kana jechuun barreeffamni tokko ergaa ofkeessatti qabate sana dubbisaa isaaf ifa taasisuu danda’uu qaba. Kana gochuuf wanti fayyadu inni guddaan qubees ta’u jecha bifa galumsaa sanaaf barbaachisuun sirriitti barreessuudha. Unkaafi qabiyyeen xalayaa tokkoo, haalli qindoomina isaa sirriitti to’atamuufi baratamaa ta’uu qaba. Kun immoo, haala dubbisaadhaaf ifa ta’uun barreessuudha. Kana jechuunis, barreessuun beekumsa qabiyyee barreeffamuufi qindoomina yaadaa waan barbaaduuf hanqinni beekumsa qabiyyee rakkoo barreessuuf wantoota dhiibbaa fidan ta’uu isaa bal’inaan kan mul’atuudha. Yaaduma kanaan kan walqabate Glencoe(2001:828)yoo ibsu, “One of your goals as writer is it communicate your ideas clearly to your audiences. If your writing is filled with misspelled words your ideas may be lost,” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, kaayyoon barreessaa tokkoo ergaa dabarsuu barbaade sana bifa ifa ta’een dubbisaa isaaf dabarsuudha. Hanqinaaleen barreeffamaa jiraannaan garuu, haalli kun akka ta’uu hindandeenye agarsiisa. Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko jecha barreeffamuuf barbaadame sanaaf baay’ee murteessaadha. Sababni isaas, qubeen tokko sagalee tokko bakka waan bu’uuf jijjiiramni wayii jiraannaan dhiibbaa fiduu danda’a. Kanaafuu, qubeen tokko jecha barreeffamu keessaa hafnaan, ittidabalamnaan yookiin dogongorri tokko uumamnaan rakkoo cimaa ergaa darbu sana irratti fiduu danda’a. Kunis, akkaataa humnaafi murteessummaa jechichi galumsa sana keessatti qaburratti hundaa’uun ergaa akka darbuuf yaadame sana kallattii irraa maqsuun humna dhabsiisuu yookiin hiika ergichaa dhabamsiisuu mala.

Dogongorri barreessuu jecha tokko irra jiru hiika hima keessa jiru sana dogongorsuu danda’a (Norrish,1983). Kun immoo, barreeffamichi wanta biroon gaarii ta’ee utuu jiruu, sababa hanqina

barreessuu fudhatama akka dhabu ta'a (Kelly,1998:391). Miidhaan hanqina kanaan dhufu kana duwwaa utuu hintaane, haala barreeffama keessatti argamu guutummaa isaa jijjiiruu mala (Hodge,2009). Akkuma beekamu namni tokko xalayaa waajjiraalee kan dubbisaa isaaf salphaatti hubatamu, kan yaada barreessaa dubbisaa biraan ga'u, akkasumas, dhimma barreeffameef kan raawwatu barreessuu qaba. Kana gochuuf immoo, seera barreeffama afaan sanaa beekuu qaba. Kun hamma hintaanetti, gufannaa hojii waajjiraalee ta'ee mul'achuu isaati. Dabalataanis, yeroo ammaa kana miidhaan hanqinaalee kanaan dhufaa jiran akka salphaatti kan ilaalaman miti. Waajjiraaleen mootummaa xalayaa yeroo barreessan rakkoon unkaafi qabiyyee xalayaa isaanii irratti mul'atu,walquunnamtii uumuu irratti ilaalcha keessa galchaa waan jiruuf, rakkoowwan adda addaaf saaxilamaa jiraachuu isaaniiti. Rakkoowwan kun hawaasa keessatti babal'achuun kanneen xalayaa iyyannoo gara waajjiraalee mootummaatti barreeffatan illee hanqinaalee kanaan kan guutaniidha. Kun immoo, yeroo ammaa kana kan barreesseefi dubbisu waliigaluu dadhabuu isaaniitu mul'ata. Yeroo itti barreeffamoonni Afaan Oromootiin maxxanfamanii ba'an dubbisani waliin gahuun hindanda'amne kanatti rakkoon kun xalayaa waajjiraalee irratti mul'achuun kan walnama gaafachiisuudha. Uummanni Oromoo Afaan isaa akka dagaagu, Afaan barnootaa, Afaan qorannoofi qu'annoo, akkasumas, saayinsiifi teekinoolojii akka ta'u hojjeteera; itti fufees jira. Dhugaan isaa kana ta'ee utuu jiruu, rakkoowwan kun ittifufiinsaan jiraachuun miidhaa ta'uu irra darbee hawaasa afaan kanaatiif balaa guddaa ta'uu danda'a.

Walumaagalatti, miidhaan hanqinaalee unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraaleen dhufan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti gama guddina afaanichaanis ta'e tajaajila inni kennuun rakkoo guddaa fida. Kunis, ergaa darbu danquun waliigalteen barreeffamaa ture akka gufatuuf daandii saaqaa kan adeemu ta'a. Akkasumas, gara fuulduraatti seerri barreeffama afaan kanaa ulfaataa ta'ee dhalootatti mul'achuun barreeffama afaan kanaaf dhiibbaa ta'uu mala. Kun immoo, bu'aa afaanicha irraa argamu hir'isuun hawaasni gara fuulduraatti afaan isaan tajaajilamuuf akka mamiin keessatti uumamu taasisa. Kanaafuu, miidhaa hanqinaalee kanaan dhufan yeroo ammaa xiyyeeffannoo kan barbaadan ta'aniiru.

2.1.8 Amaloota Xalayaalee Waajjiraalee Mootummaa

Akka Sharon(1994) ibsutti, fiixaan ba'iinsi amala barreeffamaa qulqullinaan barreeffamuu yookiin iftoominaan dhiyaachuu isaati.Yaada kanarraa salphaatti wanti hubachuu dandeenyu xalayaan waajjiraalee mootummaa amala qulqullinaan barreeffamuu qabaachuun isaanii, ergaan isaan dabarsan salphaatti akka qaama dubbisuuf galu taasisa. Waajjiraalee keessatti ogummaa xalayaa barreessuu gaarii qabaachuun hojii ofii galmaan ga'uuf, hariiroo hojii gaarii uumuuf kan gargaaru akka ta'eedha.Yaada kana kan deeggaru,Robert(2004:7-14) akka ibsutti,“ Better writing can result in letters, memos, and reports that get your message across to the reader,”jedha. Akka yaada beekaa kanaatti, xalayaa, yaadannoofi gabaasa ergaa keenyaa gaarii ta'e qaama dubbisu biraan gahuuf, beekumsa adeemsa xalayaa barreessuu qabaachuun murteessaa akka ta'eedha.

2.1.8.1 Odeeffannoo Murtaawaaf barreessuu

Xalayaan keenya haala murtaawaafi ragaalee murtaawaa ta'aniif dhaabbachuu qaba. Yoo kana ta'uu baate dubbisaa keenya biratti amantaa dhabuu dandeenya. Yaadaafi waan itti xiyyeeffanne barreessaa jirru haala irra deddeebii qabuun barreessuu utuu hinta'in, karaa ifaafi dubbisaa keenyaaf salphaatti hubatamuu danda'uun gargaaramnee barreessuun barbaachisaadha(Wrena and Martin,2002:381).

2.1.8.2 Jechoota Qusachuun Karaa Gabaabaan Barreessuu

Xalayaa jechootni itti baay'atan irra isa qusannaa jechootaan barreeffametu irra xiyyeeffannoo namaa harkisa. Kana jechuun, ergaa barbaachisaa ta'e utuu keessaa hinhambisin jechoota gaggabaaboo ta'anitti gargaaramuun xalayaa keenya karaa gabaabaan barreessina. Akka Sharon (1994:9) ibsutti, “Rambling or saying more than is necessary gives your reader the impression that you do not know your subject. Saying one word more than you need to is saying too much, ” jedha. Akka yaada beekaa kanaarraa hubatamutti jechoota baay'ee gargaaramuun waan tokko ibsuun akka nama dhimma sana keessa hinbeekneetti waan tilmaamsisuuf, jecha tokkoon ergaa guddaa dabarsuun akka waan hedduu dubbataniiti jechuun yaada isaa ibsa. Kanaafuu, jechoota filatanii xalayaa karaa gabaabaatiin barreessuun waajjiraalee mootummaa keessatti cimina guddaadha.

2.1.8.3 Dhugummaa Qabaachuu

Yaadaafi odeeffannoo barbaachisu hunda utuu dhugaarraa hinfagaatin ibsuun barbaachisaadha. Sababni isaas, xalayaan waajjiraalee dhugummaa yoo qabaate qaama ilaallatu biratti kabajaafi tumsa barbaadu ni argata. Xalayichi waan hojjechuu hindandeenye utuu hinta'in waan hojjechuu danda'u himuu qaba. Qaamni dubbisu yoo ergaa dogongoraa tokko xalayaa keenya keessatti arge, ergaawwan biroos waan shakkuu danda'uuf gaaffii itti ta'a. Kanaafuu, xalayaan dhugummaan barreeffamuun amanamummaa itti kenname waajjiraalee keessatti bahuun kan irraa eegamuudha.

2.1.8.4 Yaada Murtaawaa Irraa Gara Waliigalaatti Barreessuu

Qaamni xalayaa dubbisu odeeffannoo barbaachisoo ta'an kanneen akka ergaa hojii, cuunfaa yaadaafi yaada furmaataa argachuuf dubbisa. Kanaafuu, yeroo waa'ee dhimma tokkoo akkamitti gaarii yookiin badaa ta'uu isaa ibsinu, akkasumas, cimina isaafi laafina isaa ibsinu, kun gaariidha yookiin badaadha, cimaadha yookiin laafaadha jechuun kan hinbarbaachisneedha. Kallattiin utuu hintaane yaada murtaawaa ta'e gargaaramuun dhimma sana ibsuun gaarii ta'a.

2.1.8.5 Keeyyata Gaggabaabaan Ibsanii Barreessuu

Xalayaan ergaa barbaadame tokko dubbisaa isaa utuu hinnuffisiisin dabarsuuf keeyyataan gargar qoqqooduudhaan barreessuun salphaatti akka hubatamu taasisa. Sababni isaas, yaada keeyyata dhedheeroo keessa jiran hubachuurra kanneen keeyyata gaggabaaboo keessaa hubachuun salphaa waan ta'eef qaama dubbisu keessattis akka kaka'umsa uumu kan godhuudha.

2.1.8.6 Jechoota Beekamoofi Himoota Gaggabaabaan Barreessuu

Yaada barbaadame karaa ifaafi gabaabaan barreessuun ergaa barbaadame galmaan gahuudhaaf baay'ee barbaachisaadha. Yaada kanaan kan walqabatu, Wren and Martin(2002:182) yoo ibsan, "Business letters should be terse, clear, and to the point. Businessmen are busy men, and have no time to read long, rambling and confused letters," jedhu. Akka yaada kanarraa hubannutti, xalayaan karaa ifaa ta'een barreeffama gabaabsuun qabxii ijoo ta'an kan ittiin dabarsan ta'uu isaati. Haata'u malee, waajjiraaleen mootummaa tokko tokko kallattii hubachuun isaa nama dhibuun jechootaafi himoota gargaaramuudhaan xalayaa isaanii yeroo barreessantu mul'ata. Kun immoo, dogongora ta'uu mala. Sababni isaas, qaamni dubbisu yeroo gabaabaa keessatti

dubbisee salphaatti hubachuu hindanda'u. Kanaafuu, jechoota namoota hunda biratti beekamoo ta'aniifi himoota gaggabaaboo gargaaramanii xalayaa barreessuun ergaa sana kan milkeessu ta'a.

2.1.8.7 Walta'iinsa Yaadaa Qabaachuu

Adeemsa xalayaalee waajjiraalee mootummaa barreessuu keessatti hanqinaaleen guddaan qindeessanii barreessuudha. Xalayaan waajjiraalee qindoomina hinqabne abbaa dhimmaa birattis fudhatama hinqabu. Kanaafuu, xalayaa waajjiraalee barreessuun dura qabxiilee barbaachisoo ta'an irratti xiyyeeffachuun karoofachuun furmaata.

2.2 Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mataduree kana jalatti qorannoowwan kanaan dura adeemsifamanii mataduree qorannoo kanaa wajjin walitti dhufeenya qaban qoratichi hanga yoonatti dubbise bakka itti sakatta'ameedha. Faayidaan isaas, tokkummaafi garaagarummaa qorannoon kun qorannoo biraa wajjin qabu addaan baasanii kaa'uudha.

Haaluma kanaan, Geediyoon (2013) Yuunivarsiitii Wallaggaatti mataduree, "Xiinxala Dogongora Qubeessuu Barreeffamoota Barjaa Magaalaa Naqamtee," jedhurratti qorannoo adeemsifameedha. Kaayyoon qorannoo Geediyoon, dogongora sirna tuqaalee Barreeffamoota Barjaa qofa irratti kan xiyyeeffateedha. Kaayyoon qorannoo kanaa garuu, Unkaafi qabiyyee xalayaa Waajjiraalee Mootummaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo xiinxaluudha. Qorannoon kun unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti hanqina mul'atan guutuuf kan adeemifameedha. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaa addaa adda.

Qorannoon lammaffaan kan Araarsaa (2012) Yuunivarsiitii Finfinnee mataduree, "Dogongora Qubeessuu Afaan Oromoo: Haala Barattoota Mana Barnootaa Incinnii Sadarkaa lammaffaa kutaa kurnaffaa," kan jedhuudha. Kaayyoon qorannichaa rakkoo dogongora qubeessuu barattoota mana barnootaa Incinnii xiinxaluudha. Qorannoon kun garuu, madda hanqinaalee Unkaafi qabiyyee xalayaa Waajjiraalee mootummaa mudatan kamfaa akka ta'an adda baasuu irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, mataduree isaa irraa kaasee hanga yoomessa isaatti garaagara.

Qorannoon sadaffaan Shimallis (2015) mataduree, "Sakatta'a Rakkoolee Afaan Oromootiin Barreessuu Waajjiraalee Mootummaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jibaat Keessatti mul'atan," kan jedhu irratti kan geggeeffameedha. Kaayyoon isaa, "Rakkoolee Afaan Oromootiin barreessuu

waajjiraalee mootummaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jibaat keessatti mul'atan sakatta'uun yaada kaa'uu," kan jedhuudha. Kaayyoon qorannoo kanaa garuu, Unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo xiinxaluudha. Egaa kaayyoofi matadureen qorannoo kanaa adda addummaa qabaatus waajjiraalee mootummaa irratti adeemsifamuun isaa tokko isaan taasisa.

Qorannoon walfakkii inni arfaffaan Abdusalaam(2013) Yuunivarsiitii Finfinneetti mataduree, “ Dandeettii Barruu Guutuu Barreessuu Barattoota Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu: Haala Yuunivarsiitii Wallaggaa keessatti,” kan jedhurratti kan geggeeffameedha. Kaayyoon qorannichaa rakkoo bu'uuraa barruu guutuu Afaan Oromootiin barreessurratti barrattoota Yuunivarsiitii waggaa tokkoffaa mudatan addaan baasuudha. Kaayyoon qorannoo kanaa garuu, Unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo xiinxaluudha. Kanaafuu, mataduree, kaayyoofi yoomessaan garaagarummaa kan qabaniidha. Walumaagalatti, qorannoowwan hanga ammaatti qoratichaan walbira qabamanii sakatta'aman kanneen olitti ibsamaniidha.

Boqonnaa Sadii

Saxaxaafi Mala Qorannichaa

Boqonnaa kana jalatti kan ilaalaman saxaxa qorannichaa, madda ragaalee, mala qorannichaa, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaaleefi malli qaaccessa ragaalee akka kanaan gadii kanatti dhiyaataniiru.

3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo tokkoo kaayyoowwan qorannichaa bu'uureffachuu qaba. Sababni isaas kaayyoowwan saxaxa qorannichaa waan dursaniifiidha. Yaada kana ilaalchisuun Addunyaa (2011:63) hayyoota Cohen, Manion and Morrison (2005:75) wabeeffachuun yoo ibsu, "Research design is governed by the purpose. The purpose of research determine the methodology and design of research," jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, saxaxi qorannoo tokkoo kaayyoowwan qorannichaan kan murtaa'uudha. Qorannoon kunis haala qabatamaa unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa Aanaa Laaloo Assaabii Godina Wallagga Lixaa Magaalaa Innaangoo xiinxaluudha.

3.2 Mala Qorannichaa

Kaayyoo qorannoo kanaa fiixaan baasuudhaaf, qorataan gosa qorannoo akkamtaafi ammamtaa (makaa) gargaarameera. Sababni malli kun filatameef, odeeffannoon walitti qabaman mala lakkoofsaafi ibsaan hiikuun waan barbaachiseefiidha. Kunis kan ta'eef, ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuufi xiinxaluun barbaadameeti. Kun immoo, mala tokkotti fayyadamuu caalaa hanqinicha gadifageenyaan akka hubatan waan gargaaruuf (Dastaa, 2013:29). Akka yaada kanaatti malli kun gadifageenyaan xiinxalamuu irratti humna qabaachuuf, gama amanuufi hubannoo bal'isuu irratti haala kan mijeessu waan ta'eefiidha.

Walumaagalatti, qorannoo kana keessatti odeeffannoowwan kallattii garaagaraatiin funaanaman walitti fiduun qaaccessuun dhimma ijoo tokko keessaa baasuuf malli makaa kun haala kan mijeesseedha. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa qaaccessa unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef, qoratichi mala kanatti dhimma ba'ee jira.

3.3 Madda Odeeffannoo

Qorannoon kun kan adeemsifame waajjiraalee mootummaa Aanaa Laaloo Assaabii Godina Wallagga Lixaa Magaalaa Innaangoo keessaa waajjiraalee ja'a filachuun ta'e. Isaanis: Waajjira Manneen Barnootaa, Waajjira Aadaafi Tuurizimii, Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa, Waajjira Paabilik Sarvisiifi Misooma Qabeenya Humna Namaa, Waajjira Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijjiirama Qilleensaafi Waajjira Karooraafi Misooma Dinagdeeti. Waajjiraalee baay'ee jiran keessaa sababni waajjiraaleen kunniin filatamaniif dhimmoonni keessatti raawwataman caalmaatti dhimmoota hawaasichaan walqabatan ta'uu isaaniiti. Kana jechuun xalayaan waajjiraalee mootummaa kanniin hawaasa keessa tamsa'uuf carraa bal'aa waan qabaniifiidha. Kanaafuu, maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda tokkoffaafi lammaffaa kan gargaarame ta'a. Haaluma kanaan, xalayaalee isaanii keessatti hanqinaalee unkaafi qabiyyee ergaa barbaadame akka hindabarreef gufuu ta'aa jiran argachuuf qoratichi irratti xiyyeeffatee filateera.

3.4 Mala Iddatteessuu

Iddattoon qorannoo kanaa hojjetoota waajjiraalee mootummaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo keessatti argamaniidha. Qoratichis tooftaalee iddatteessuu jiran keessaa waajjiraalee filachuuf, mala mit-carraa gargaaramuun iddatteessuu geggeessee jira. Sababni malli kun filatameef, odeef-kennitoota keessaa filachuuf waajjiraaleen mootummaa filataman qorannoo kana sirriitti galmaan naaf ga'u jedhee qorataan waan itti amaneef mit-carraa filachuun barbaachise.

Haaluma kanaan, qoratichi gosa iddatteessuu mit-carraa kana keessaa mala iddatteessuu akkayyootti kan dhimma ba'eedha. Sababni isaas, iddattoon filataman qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qorannichaa irratti waan xiyyeeffatuuf ta'e. Dabalataanis, malli kun akkayyoo qorannichaatti yookaan qoratichaatti odeef-kennitoota filachuuf gaariidha jedhamee waan amanamuuf (Dastaa, 2013). Kanaafuu, qoratichi gosa iddatteessuu keessaa kaayyoo isaa wajjin walqabsiisuun dhimma ba'uun odeeffannoo kan guure ta'a. Kunis, fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaaf odeeffannoon kan irraa argamu waajjiraalee mootummaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo irratti hundaa'uun waajjiraalee 32 keessaa ja'a mala kaayyeffataatti gargaaramuun filatamuun qorannoon kun kan irratti geggeeffame ta'a.

Walumaagalatti, hojjettoota waajjiraalee mootummaa ja'a keessa jiran dhiira 69fi dhalaa 28 walitti qabaatti 97 turan. Haaluma kanaan, jamaan qorannoo kanaa amala garaagaraa qabu jedhamee kan itti amanameedha. Kanaafuu, hojjettoota 97 jiran keessaa dhiira 15fi dhalaa 9 waliigalatti odeef-kennitoota 24 akka iddattootti dhimma bahuun kan filataman ture. Kanarraan kan ka'e, qoratichi gosa iddatteessuu kanatti dhimma bahuun odeef-kennitoota isaa murteesse jira.

3.5 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qoratichi adeemsa qorannoo isaa milkeessuudhaaf, ragaa amansiisaa ta'e argachuuf, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman: Sakatta'a dookimentii, bargaaffiifi afgaaffii gargaarameera.

3.5.1 Sakatta'a Dookimentii

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti meeshaalee ragaaleen ittiin funaanaman keessaa tokko dookimentii sakatta'uu ture. Akka Dastaan (2013) ibsutti, " Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannooti nama tajaajilan hedduutu jiru. Isaan keessaa kanneen akka kitaabotaa, xalayaa, barruuleefi kanneen kana fakkaataan ta'uu danda'u," jedha. Yaada kana bu'uura godhachuun, qorannoon kun kan irratti xiyyeeffate unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa xiinxaluudhaan hanqinaalee adda addaa achi keessatti argaman baasuun madda isaaniif furmaata kan barbaaduudha. Kanaafuu, waajjiraaleen mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame xalayaa isaan dhimmoota adda addaaf bara 2010 ba'ii godhan xiinxaluudhaan madda ragaalee ta'uun kan tajaajilaniidha. Malli kun kan barbaachiseef, qorataan xalayaa waajjiraalee mootummaa kanniin keessatti unkaafi qabiyyeen isaa eegamuu xiinxaluuf mala kanatti fayyadamee kan adeemsiseedha. Kanaafuu, unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa kana keessatti, hanqinni caaslugaa, qubeessuu, sirna tuqaaleefi qubguddeessaa mul'achuu isaanii adda baasuuf qoratichi mala kanatti fayyadamee jira.

3.5.2 Bargaaffii

Qorannoon kun unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa xiinxaluun rakkoowwan achi keessatti argamaniif furmaata kaa'uu irratti kan xiyyeeffateedha. Kana adeemsisuuf, meeshaaleen ragaaleen ittiin funaanamuun dhimmichi addaan ba'e keessaa tokko bargaaffii ture. Malli kun gaaffilee barreeffamaan dhiyaatan odeef-kennitoonni odeeffannoo kennuu barbaadan karaa barreeffamaan ibsataniidha. Malichis qorataa baay'eedhaan kan filatamu ta'ee kan argamuudha.

Sababni isaas, meeshaalee ragaaleen ittiin funaanamu keessaa kan inni filatamaa ta'eef, yeroo, humnaafi baasii qusata; eenyummaa odeef-kennitootaa waan hinibsineef odeeffannoo sirrii argachuuf mala gaariidha. Odeef-kennitoota hundaafuu gaaffii walfakkaatu dhiyeessa. Bakka bu'aan dalagamu danda'a. Qorataafi odeef-kennitoota gidduu waliin dubbiin murteessaa miti (Dastaa,2013:124). Kanaafuu, odeef-kennitooti walaba ta'anii yaada kennuu waan barbaadaniif ifaafi bilisaan barreeffamaan gaaffiin dhiyaatee, odeeffannoo quubsa kennuu waan danda'aniif qoratichi kan itti fayyadameedha. Haaluma kanaan, bargaaffiin qophaa'anis odeef-kennitoota filatamaniif raabsamuun kan walitti guuramaniidha.

Haaluma kanaan, bargaaffiin qophaa'es odeef-kennitoota dhiiraa 15fi dhalaa 9 waliigalatti odeef-kennitoota 24f raabsamee odeeffannoon guuramee jira. Kaayyoon meeshaa kanaan fiixaan bahanis: Xalayaan barreeffaman unkaafi qabiyyee haammatamuu qabu qabaachuu isaanii sakatta'uu. Unkaafi qabiyyee xalayaa ilaalchisee hanqinaaleen jiraachuufi dhiisuu isaa adda baasuu. Unkaafi qabiyyee keessatti hanqinooti mul'atan miidhaa akkamii fiduu akka malan agarsiisuu. Akkasumas, hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaa mul'ataniif ka'umsi isaa maalfaa akka ta'e agarsiisuuf itti gargaarameera. Ittidabalees, hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atan akkamitti fooyya'uu akka danda'u irratti yaada kaa'uuf meeshaa bargaaffii kana fayyadameera.

3.5.3 Afgaaffii

Meeshaan inni biroon ragaan kun ittiin funaaname afgaaffii geggeessuun ture. Malli kun ragaa sassaabamuuf barbaadame bal'inaan argachuuf faayidaa hedduu waan qabuuf kan filatameedha. Odeeffannoon afgaaffiin funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeef-kennaan gaafachuu isaati (Dastaa,2013:11). Kanaafuu, afgaaffii geggeessuuf namoota muraasa waajjiraalee mootummaa filataman ja'a keessaa gaaffii odeeffannoo dabalataaf ta'u baasuun afgaaffii kan geggeesseedha. Kunis, waajjiraalee mootummaa filataman ja'an irraa namoota tokko tokko odeeffannoo dabalataa naaf laatu jedhe filachuun gaaffilee af-gaaffii 6 qopheessee dhiyeessuun odeeffannoo funaannatee jira.

Haaluma kanaan, qoratichi kaayyoo kanneen irratti ragaalee funaannachuuf itti gargaarameera. Isaanis: Xalayaan barreeffaman unkaafi qabiyyee haammatamuu qabu qabaachuu isaanii sakatta'uu. Unkaafi qabiyyee xalayaa ilaalchisee hanqinaaleen jiraachuufi dhiisuu isaa adda

baasuu. Unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinooti mul'atan miidhaa akkamii fiduu akka danda'an agarsiisuu. Akkasumas, hanqinaalee unkaafi qabiyyee xalayaa mul'ataniif ka'umsi isaa maalfaa akka ta'e ibsuuf afgaaffii gargaarameera. Ittidabalees, hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atan kun akkamitti fooyya'uu akka malan yaada kaa'uuf qoratichi odeef-kennitoota filataman irraa odeeffannoo argachuuf afgaaffiitti fayyadameera.

3.6 Mala Ragaaleen Ittiin Qaacceffaman

Mataduree qorannoo, “Qaaccessa unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa,”jedhu irratti odeeffannoon meeshaalee garaagaraan funaanaman mala akkamtaafi ammamtaan kan xiinxalame ta'a. Sababni isaas, odeeffannoon bifa ibsaafi lakkoofsaan xiinxalamuun bu'a qabeessa taasisa jedhee qoratichi waan kaayyeffateefiidha. Malli ammamtaa odeeffannoo argamu sana gara lakkoofsaatti deebisuun garaagarummaa jijjiiramtoota gidduutti argamu ibsuuf kan gargaaru waan ta'ee fiidha. Kanaafuu, qorataan odeeffannoowwan bargaa fiin argamu bifa gabateen kan xiinxale ta'a. Malli akkamtaa (ibsa) immoo odeeffannoo argamu sana jechootaan kan ibsu ta'a. Kanaaf, kanneen jechaan taa'an qaaccessuun jechoota hanqinaalee qaban baasuudhaan adeemsa sirrii ta'utti walbira qabaa qaaccessuun jechaan kan ibsi itti kenname ta'a. Walumaagalatti, hanqinaalee unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa mudatan xiinxaluuf malli makaa kun caalmaatti nigargaara jedhee qorataan waan filateef ragaalee argate xiinxaleera

Boqonnaa Afur

Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoowwan walitti qabaman iddootti hiikamaniifi xiinxalliin itti geggeeffamaniidha. Ragaaleen sakatta'a dookimantii kallattii irratti xiyyeeffatamaniin mataduree xixiqqaan qoqqooduun ibsi itti kennameera. Odeeffannoowwan bargaaafiifi afgaaffiin walitti qabaman gabateefi ibsaan qaacceffamanii jiru.

4.1 Ibsa Gabaabaa Waa'ee Odeef-kennitootaa

Askeessatti odeef-kennitooti saala, umurii, sadarkaa barnootaafi bara tajaajilaan adda baafamanii kaa'amaniiru.

Gabatee:1 Seenduubee Odeef-kennitootaa

Koorniyaa	Baay'ina	Umurii			Sadarkaa Barnootaa			Bara Tajaajilaa			
		22-30	31-40	41-50	Dip	BA/BSc	MA/MSc	1-10	11-20	21-30	31 ol
Dhiira	15	7	5	3	4	9	2	7	4	3	1
Dhalaa	9	5	4	-	3	6	-	5	3	1	-
Waliigala	24	12	9	3	7	15	2	12	7	4	1

Akka Gabatee 1, kanaan olii irratti kaa'ametti iddattoonni qorannoo kanaa waajjiraalee ja'an keessaa filataman dhiira 15fi dhalaa 9 yeroo ta'an, waliigalatti 24 odeef-kennitoota qorannoo kanaa ta'uun warra hirmaataniidha.

Akka Gabatee 1, kanaan olii irraa hubachuun danda'amutti, odeef-kennitooti qorannichaa umuriin yoo ibsaman namoonni 12 kanneen umuriin isaanii 22-30 gahan yommuu ta'an, namoonni 9 immoo kanneen umuriin isaanii 31-40'tti jiraniidha. Akkasumas, namoonni 3 kanneen umuriin isaanii 41-50'tti jiran keessatti kan haammatamaniidha. Namootni kun qorannicha keessatti akka iddattootti filatamanii odeeffannoo barbaachisoo qoratichaaf warra kennaniidha.

Akka Gabatee 1, armaan olii kanarraa hubachuun danda'amutti iddattoonni qorannoo kanaa sadarkaa barnoota isaaniitiin yommuu kaa'aman: Dippiloomaa kan qaban namoota 7, Digirii (BA/BSc) kan qaban immoo namoota 15tu jiru. Akkasumas, MA/MSc kan qaban namootni 2 odeeffannoo qorannoo kanaa kennuu irratti warra hirmaataniidha.

Akka Gabatee 1, armaan olii keessatti kaa'ameen barri tajaajila hojii waggaa 1-10 kan qaban namoota 12, tajaajila waggaa 11-20 kan qaban namoota 7 yeroo ta'an, tajaajila waggaa 21-30 kan qaban immoo namoota 4tu jiru. Akkasumas, tajaajila waggaa 31 ol kan qaban nama 1 yommuu ta'an odeef-kennitoota qorannoo kanaa ta'uun hirmaatanii jiru.

4.2 Xiinxala Unkaafi Qabiyyee Xalayaa

Boqonnaa sadaffaa keessatti akkuma ibsame, odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabachuuf, qoratichi sakatta'a odeeffannoo dookimentii taasiseera. Sakatta'iinsi ragaalee kun kan geggeeffame xalayaa waajjiraalee mootummaa iddattoo qorannoo kanaaf filataman keessaa, fuula tokko tokkoon kan barreeffaman waajjira tokkorraa 10, waliigalatti 60 walitti qabuun xiinxalliin kan taasifameedha. Haaluma kanaan, hanqinootni unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee kanneen keessatti akka waliigalatti kan mul'atan yommuu ta'an, isaanis matadureen qoqqoodamanii akka armaan gadiitti qoratichaan xiinxalamaniiru.

4.2.1 Qaaccessa Qabiyyee Xalayaa

Qabiyyeen qaama xalayaa kan yaadni yookiin odeeffannoon gahaa waa'ee dhimmichaa qaama ilaallatuuf keessatti kennamuudha. Misgaanuu (2011:76) akka jedhutti, "Qabiyyeen dhaamsa barreeffamichaa ifa gochuuf yaadoleen keessatti dhiyaatan walii wajjin hojjechuufi odeeffannoo gahaa ta'e barreeffamichi qabaachuu isaa kan keessatti ilaalamuudha," jedha. Haaluma kanaan, xalayaa waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame sakatta'uun hanqinaaleen qabiyyee caaslugaan walqabatan bal'inaan mul'atanii jiru. Kanumarraan kan ka'e, qabiyyeen xalayaa odeeffannoo barbaadame galmaan ga'uu akka hindandeenye qaaccessa taasifameen mirkanaa'eera. Adeemsa kanaan, hanqinaalee caasluga qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atan matadureen qoqqoodamanii qoratichaan xiinxalamaniiru.

4.2.1.1 Hanqina Caaslugaan Walqabatan

Caaslugni barreeffama tokkoof bu'uura. Barreeffamni tokko caasluga afaan sun ittiin barreeffamu yoo kan hineegne ta'e, ergaa barbaadame galmaan gahuu hindanda'u. Sababni isaas, barreeffamni bakka barreessaan hinjirretti dhimmicha waan ibsuuf, beekumsi caasluga murteessaadha (Addunyaa, 2017). Kanaafuu, hanqinni caasluga barreeffama keessatti mul'atan ergaa darbuuf yaalame maqsuu keessatti ga'ee guddaa qabaachuu isaati. Akkasumas, Geetaachoo (2009) yoo ibsu, "Caaslugni amala afaan tokkoorratti hundaa'ee ka'umsi seera amala afaanichaas hawaasaan walqabata. Hawaasichis seera afaanii eegge dubbata, akkasumas, barreessa," jedha. Akka yaada kanaatti, dubbachuufis ta'e barreessuuf caasluga afaanichaa eeguun barbaachisaadha. Eгаа, unkaafi qabiyyee xalayaa keessatti caaslugni eegamuu baannaan ergaan dabarsuuf yaalame gufachu danda'a. Yaada kanaaf, qindoomina dhabuun caasaa dhamsagaa, birsagaa, jechaa, gaaleefi caasaa himaa isaan bu'uuraati. Haaluma kanaan, unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa qaaccessuun hanqinaalee caasaa isaan qaban ilaalamee jira. Kanaafuu, matadureetti qoqqooduun haala armaan gadiin waraabbii kallattiin xalayaa isaanii keessaa fudhatamuun ibsi barbaachisu itti kennameera.

4.2.1.1.1 Hanqina Caasaa Afaanii

Caasaan barreeffama Afaan Oromoo yeroo barreessan eegamuu baannaan ergaa dabarsuuf yaadame kallattiisaa jijjiiruu danda'a. Addunyaa (2017) akka ibsutti, "Afaan Oromoon dubbisuufi barreessuuf beekumsi gama caasaa afaanichaatiin jiru gumaacha guddaa qaba," jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu, barreeffamni caasaa afaan ittiin barreeffame sana utuu hineegin barreeffame ergaa barbaadame tokko galmaan gahuu hindanda'u. Fayyadama caasaa afaanii keessaa inni tokko qindoomina mathimaafi gochimaati. Yaada kana Mirreessaa (2014) yoo ibsu, "Ijaarsa himaa keessattis ta'e haasaa taasifamu keessatti gochimni handhuura. Kunis, mathimni maal akka raawwate sirriitti ibsuuf tajaajila," jedha. Akkasumas, yaaduma kana kan cimsu, Irreessoo (2006) yoo ibsu, "Caasaa Afaan Oromoo keessatti mathimniifi xumurri walta'iinsa qabu. Walta'iinsi isaanii kun yoo sirriitti qindaa'e, himni hiika qabu ijaaramee ergaa barbaadame dabarsa," jedha. Haaluma kanaan, xalayaa waajjiraalee mootummaa qaaccessuun hanqina caasaa isaan qaban ilaaluuf yaalamee jira. Isaanis, akka armaan gadiitti waraabbii kallattiin xalayaa isaanii keessaa fudhatamuudhaan ibsi barbaachisu itti kennamee jira.

- “...Waa’ee *dhorka* Miindaa B/saa *ilaalaa*” jedha.Xalayaa Waajjira Manneen Barnootaa irraa kan fudhatameedha. Mataduree kana keessatti yeroo ilaallu, akkaataan caaseffama jechootaa yaada xalayaa kanaa kallattii biraatti jijjiiraniiru. Askeessatti rakkoon caaslugaa mul’ate qabiyyee ergaa darbuuf male,gara ajajaatti kan jijjiireedha.Kan jedhamuuf barbaadame,“Waa’ee dhorkaa miindaa barsiisaa *ilaala*” kan jedhu ture. Kana keessatti qabiyyeen xalayichaa maal akka ta’e qaama ergameef ibsuu ture. Hanqinni mataduree kanaa inni guddaan, gochimni *ilaala* jedhu gara *ilaalaa* jedhuutti jijjiiramee barreeffamuun jijjiirraa hiikaa fideera.
- Dabalataanis, xalayaa Waajjirri Manneen Barnootaa sadarkaa guddinaaf barreessan keessaa kan fudhatame, “...*sadarkaa B/summaa dursa irraa gara sadarkaa Barsiisummaa dursaa olaanaa tokkoffaattii akka guddattaan*”,yaada kana keessatti jechootaa *dursafi tokkoffaattii* jedhu qabiyyee xalayaa kanaan,hiika darbuuf yaadame dhabamsiisaniiru.Akka barreeffama kanaatti namni kun sadarkaan barsiisummaa isaa kan beekamu miti. Akkasumas,iddootti guddatu bira darbee yaadni dhaabbii kan hinjirre ta’uu argisiisa.Askeessatti kan isaan barreessuu barbaadan,“Sadarkaa Barsiisummaa *Dursaa* irraa gara Sadarkaa Barsiisummaa Dursaa Olaanaa *Tokkoffaatti* akka *guddattan*” kan jedhu ture. Kanaaf, abbaan dhimmaa kun ergaa barbaade kan hinarganne ta’uusaa hubachuu dandeenya. Ittidabalees, xalayaa dhuma kanarratti, “*Mindaa keessaan ammaan dura*” gaalee kana keessatti jecha *keessaan* jedhu ergaa yaada xalayaa kanaan darbuuf jedhe guutummaatti kan jijjiireedha. Askeessatti qabiyyeen kun iddootti kan jijjiirameedha.Garuu,kan barbaadame murteessituu abbummee *keessan* jedhu ture. Yaada kanaan kan walqabatu, Addunyaa (2017) akka jedhutti, “Murteessituun abbummaa qabeenyaan tokko kan eenyuu akka ta’e addaan baasuuf maqibsa yookiin bamaqaa qabeenyaa keessan, keenya, kee, koo, isheefi isa jedhaniin dhiyaata,” jedha. Kanaafuu, kan isaan barreessuu barbaadan, “*Miindaa keessan ammaan dura*” kan jedhuudha.Kana keessatti akkaataa caasaa barreeffama tokkoo dabsuun, qabiyyee ergaa barbaadamee gara biraatti geessuun hanqina kan fide ta’uu nuhubachiisa.
- Akkasumas, xalayaa biroo irraa mataduree kana ilaalla, “*Karooraa Kurmanaa 3ffaa Gaffachu ta’a*,” Xalayaa Waajjira Karooraa Misooma Dinagdee irraa kan fudhatame. Mataduree kana keessatti jechooti caasaa eeganii waan hin barreeffamneef qabiyyee ergaa isaanii dabarfachuurraa maqaniiru.Akka hanqina caasaa kanaatti jechi *karooraa*

jedhu maqaa meeshaa hojii ta'uu argina. Jechoonni biroon garuu, caasaa eeganii waan hinjirreef ergaa afaanichaan darbu keessatti qooda kan hinqabne ta'uu isaaniiti. Haata'u malee, yaadi matadurichaan akka darbu barbaadame, “*Karoora kurmaana 3^{ffaa} gaafachuu ta'a,*” kan jedhu ture. Askeessatti kurmaana 3^{ffaa} keessatti waan hojjetamu, karoora isaatu gaafatamaa jira. Jijjiirraan caasaa jechoota irratti mul'achuun, ergaa darbuuf male gufachiisuu isaa argina.

- Haaluma kanaan, mataduree xalayaa Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa irratti kan mul'atu, “...*Ergisaa Hojjetaa isiniif kennuu ta'a,*” kan jedhu argina. Mataduree kana irrattis hanqinni caasaa ergaa barbaadame jijjiireera. Akka barreeffama kanaatti *Ergisaa Hojjetaa* kan jedhu, kan hojjetaa mana hojii tokko ergisu ta'uusaati. Caasaan jechootni ittiin taa'an hiika ergaa yaadamee kallattii isaa kan jijjiireedha. Kan jedhamuuf yaalame, “*Hojjetaa Ergisaan isiniif kennuu ta'a,*” kan jedhu ture. Akka mataduree kanaatti hojjetaa mana hojii tokko keessaa gara birootti ergisuu kan jedhu ture. Kanaafuu, caasaan hanqina godhachuun qabiyyee xalayaa kanaarratti dhiibbaa geessisuun ergaa isaa jijjiireera. Akkasumas, xalayaa kanarratti gadi siqee, “*Haaluma kanaan hojjetaa waajjira keenya obbo Yohaannis Nagaroo Jaabana kan jedhamaan isin ergisuu keenya kabajaan isin beeksifna.*” Hima kana keessatti, ergaan jalqabaa kaasee darbaa jiru caasaa isaa kan hineegne waan ta'eef, xalayaan kun akka waan nama dhuunfaa kanatti barreeffameetti kan mul'atuudha. Keessumaa bamaqaan *isin* jedhu nama kana kan ilaallatu ta'us, gama biraan immoo, caasaa wajjin deemuu hindandeenye “*kan jedhamaan isin ergisuu keenya*” kan jedhu argina. Kana keessatti akkaataan caaseffama jechoota kanaa ergaan isaa akka walfaallessu taasiseera. Bamaqaan *isin* jedhu xalayaa Waajjirri Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa gara Waajjira Eegumsa Fayyaa Aanaa Laaloo Assaabiitti barreesse kallattii kan jijjiire ta'uu hubanna. Kan barreessuuf yaalame, “*Haaluma kanaan Hojjetaa waajjira keenyaa obbo Yohaannis Nagaroo Jabanaa kan jedhaman isinii ergisuu keenya kabajaan isin beeksifna,*” jedhamuu barbaadameeti. Kanaafuu, hanqinni caasaa kun jijjiirraa hiikaafi ergaa waliin makamaa kan fide ta'uusaati.
- Yaaduma kanaan kan walfakkaatu xalayaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii irraa gara Waajjira Maallaqaafi Walta'iinsa Dinagdee Aanaa Laaloo Assaabiitti barreeffame, “*Qabeenyawwan Dhaabbii Harka itti Fayyadamtootaa Ergifannaan Jiran isin ergu ta'a*” jedha. Mataduree kana keessatti hanqinni caasaa irratti mul'atu, meeshaalee jedhaman

kana erguu irra meeshaaleen kun waajjira kana erguutti jijjiiree jira. Kan ta'uu qabu, isiinii erguu ta'a jechuu qaba ture. Amma garuu, “*isin ergu ta'a*,” jedha. Hanqinni caasaa kun xalayaa kana irratti ergaa barbaadame dabarsuu irra waldhabbiif illee sababa ta'uu agarsiisa.

- Dabalataanis, xalayaa biroo keessatti, “...*Iddoo duwwaa waajjira keenya isinif ergu ta'a*” kan jedhuudha. Akka jijjiirraa hiikaa gama caasaan dhufeetti yoo ilaallu, waajjira kana iddoo duwwaatti erguu kan jedhutti ergaasaa jijjiireera. Kan barbaadame garuu, bakka duwwaa waajjirri sun qabu guutanii erguu ture. Jechooti hanqina caasaa uuman “*keenya isinif ergu*” kan ta'uu qabu “*keenya isiniif erguu*” kan jedhu ture. Xalayaa dhuma kana keessatti, “...*iddoo duwwaa waajjirri keenya qabu akkataa unkaa armaan gaditti isin guutne isinif erguu keenyaa kabajaan isin beeksifna*,” hima kana keessatti bakka duwwaa qaban guutanii erguu utuu hintaane qaama gaafate guutuutti ergaan isaa jijjiirameera. Askeessatti hanqinni caaslugaa baay'een yoo jiraatan iyyuu akka hanqina guddaatti kallattii ergaa kan jijjiiran “*isin guutne isinif erguu*” kan jedhu “*isiinii guutnee erguu*” jechuu qaba ture. Hanqinni walsimannaa mataduree irraa kaasee hanga xumuraatti jiru qabiyyee xalayichaa gama caasaan jiru balleesseera

4.2.1.1.2 Hanqina Filannoo Jechootaa

Akka Irreessoo (2006) ibsutti, “Caasluga Afaan Oromoo keessatti jechoonni haala ittiin qindaa'an kan ofdanda'e qabu. Isaanis, akkaataa hawaasicha biratti fudhatamaa ta'een ta'uu qabu,” jedha. Akkasumas, Addunyaa (2017) akka ibsutti, “Barreeffama tokko keessatti, jechoota bakka isaanii malee galchuun(misplaced) dogongoraaf qabata ta'a,” jedha. Akka yaada kanaatti ijaarsi himaa hanqina kana qabu, duraa duubummaa, irraa jalummaa, walta'iinsa mathimaafi gochimaa akkasumas, dhaamsa darbu kan gaaga'u ta'uusaati. Haaluma kanaan, xalayaa waajjiraalee mootummaa qaaccessuun hanqina filannoo jechootaa isaan qaban kanneen akka jechoota iddoo malee walkeessa barreessuufi kan aadaa afaanichaa keessa hinjirre seeraan ala akka itti gargaaraman ilaaluuf yaalamee jira. Isaanis, akka kanaan gadiitti waraabbi kallattiin xalayaa isaanii keessaa fudhatamuudhaan ibsi barbaachisu itti kennamee jira.

- “...*Hanqinni meeshalee waajjira keessa guddaan waan jiruf...*” Xalayaa Waajjira Aadaafi Tuurizimiirraa kan fudhatameedha. Yaada kana keessatti hanqinaalee baay'een kan mul'ataniidha. Kunis, haala hawaasichi seera afaanii eegee dubbatuufi barreessu

cabsee, jechoonni waljala darbuu isaanii argina. Kan dabarsuuf yaalame, “...*hanqinni meeshaalee guddaan waajjira keessa waan jiruuf*” ta’uu qaba ture. Yaadi kun yoo akkas ta’e qofa hanqinni meeshaalee kun hangam isa jedhu ibsuun danda’ama ture. Akkasumas, xalayaa kana keessatti, “*Uffataa Foollee Taqaa 3*” kan jedhu argina. Yaada kana yoo ilaalle, hiikaafi ergaan isaa tarii hawaasa afaanichaan kan hinbeekamne ta’uu mala. Akka yaada kanaatti Foollee kan uffatu kan jedhu ta’a. Kun immoo, hawaasa afaanichaa biratti fudhatama kan hinqabne ta’uu hubanna. Yaadi barbaadame, “*Uffata Foollee Xaaqaa 3*” kan jedhuudha. Akka kanaan Foolleen kan uffatu ta’uun hiikaafi ergaa barbaadame sana dabarsuu danda’a ture.

- Dabalataanis, xalayaa biroo keessaa kan fudhatame, “...*Waajjiri Aadaa fi Tuurizimii Aanaa Laaloo Assaabii bara kana sirna butta Qaluu aanicha keessatti waan geggeessuf sirna kana irratti wantootni baajetaa gaafatani waan jiruf...*” Yaada kana keessatti hanqinootni adda addaa kan mul’atan yoo ta’an iyyuu, luucceffamanii kan jala sararaman walsimannaa jechootaa waan hinqabneef ergaa darbu irratti dhiibbaa kan qabu ta’uusaa argina. Isaan kan jechuu barbaadan, “...*Wantootni baajeta gaafatan waan jiraniif...*” kan jedhu ta’a. Kanaafuu, jechoota bakka isaanii malee galchuun ergaa darbu kan gaaga’u ta’uu hubanna.
- Akkasumas, xalayaadhuma kanarratti yaada ittifufee jiru yoo ilaalle, “...*kara gama keessani Wallaggaa University dame Gimbii Spoonseraa waan nu barbaachiseef isi immoo kana keessa beektan deggrsa barbaachisa ta’ee akka nuuf gafattan kabajaan isin beeksifna,*” jedha. Yaada kana keessatti hanqinaaleen garaagaraa kan mul’atan yoo ta’an iyyuu, jechootni bakka isaanii malee waan walkeessa laaqamanii jiraniif ergaan akka darbuuf barbaadame ifa kan hintaane ta’uu argina. Askeessatti kan isaan jechuu barbaadan “*Spoonsera waan nu barbaachisuuf, isin immoo kana keessa beektanii karaa gama keessanii deeggarsa barbaachisaa ta’e, Wallaggaa Yuunivarsiitii Damee Gimbii akka nuuf gafattan kabajaan isin beeksifna,*” kan jedhu ta’uu mala ture.
- Haaluma kanaan, xalayaa biroo irraa kan fudhatame, “*Kana irraa ka’uun dhimmoota kaffaltiin walqabatan ilaalchisee herregi isaa karaa mana keessanbii waan socho’uuf focul person man hojii keessanii bakka buuftanii hojiin kun ciminaan akka ittifufu isin gaafanna,*” jedha. Yaada kana keessatti isaan luucceffamanii jala sararaman jechoota afaan kanaa keessa kan hinjirreefi seera mataa isaanii kan qaban ta’uun beekamaadha.

Yaada kana kan dhugoomsu, Addunyaa(2017) akka ibsutti, “Caaslugni seera qindoomina caasaalee afaan tokkoo to’atu, kan dubbataan afaan sanaa beekuudha,” jedha. Xalayaa kana keessatti garuu jechoota afaan biroo seera ergifannaan ala gargaaramuun kan mul’ateedha.

- Ittidabalees, xalayaa waajjira biroo keessatti, “...meeshaa dhabbii waajjira keessan keessa jiru bifa ergisatin kannen akka *Faay’inal cabileti fi teessuma ta’uumsaa shan...*” Xalayaa kana keessattis jechooti luucceffamanii jala sararaman aadaa afaanichaa kan hinbu’uureffanneefi seera malee seenanii kan mul’ataniidha. Afaan seera mataa isaa qaba. Seera afaanichaa eeganii jechoota filatanii barreessuun immoo walquunnamtii barreeffamichaan taasifamuuf murteessaadha.

Walumaagalatti, qaaccessa taasifameen hanqinaaleen caaslugaa qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa keessa bal’inaan jiraachuu isaa sakatta’i dookimentii kun mirkaneessee jira.

4.2.2 Qaaccessa Unka Xalayaa

Unka xalayaa seera barreeffama afaanii ilaalchisuun jecha, hima, keeyyataafi barreeffama biroo keessatti, jechooti walitti qindaa’anii ergaa barreeffamaa dabarsan unka sirriin hinbarreeffamne taanaan ergaa barreeffamichaa irratti dhiibbaa fida (Byrne, 1988). Akkasumas, Misgaanuu (2011:88) akka jedhutti, “Unki barreeffama tokkoo sirriitti baratamuufi to’atamuu qaba,” jedha. Egaa unka xalayaalee waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifaman gama kanaan yeroo qaaceffaman:

a, Mateessa:Askeessatti waajjira xalayaa barreesseefi waajjira xalayaan barreeffameefu mul’ata. Mateessi waajjira xalayaa barreessee gara harka mirgaa golee oliirratti jalqaba lakkoofsa barreessee, itti aansuun guyyaa barreessee argama. Mateessi waajjira xalayaan barreeffameef immoo gama harka bitaa golee oliirratti, toora tokkoon mateessa waajjira isa barreessuu irraa gad siqee barreeffamee mul’ata. Kunis, maqaa waajjira barreeffameefi bakka (argama) waajjira sanaatuu jira.

b, Qaama:Xalayaaleen waajjiraalee mootummaa kunniin jalqabarratti mataduree dhimmichi irratti barreeffamaniin kan eegalaniidha. Kunis, jala sararamuun barreeffamee mul’ata. Itti aansees, ibsa dhimmichaatu haala ifaafi qabatamaa ta’een barreeffama. Dhumarratti cuunfaatu kaa’ama. Yaadni xalayicha keessatti dhiyaate cuunfamee bakkatti taa’uudha.

c, Cufiinsa:Karaa harka mirgaa miilla jalatti gaaleewwan cufuuf gargaaraniin tumsamuun maqaafi mallattoo hogganaa kan fudhatu ta'a. Haaluma kanaan, xalayaalee waajjiraalee mootummaa gama unka waraqaan jiran qaaccessi taasifaman kanuma mirkaneessa.

Haata'u malee, xalayaaleen waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame keessatti hanqinaaleen ittifayyadama seera afaanii bal'inaan kan mul'ataniidha. Kun immoo, yaada hayyootni xalayaaf qabanii wajjin kan walfaallessu ta'ee argama. Yaada kanaa wajjin kan walqabatu, W. Ross (1988:260) akka ibsutti, "A business letter should be neat. It should contain no mistakes in spelling, grammar, punctuation, and follow the business letter form exactly," jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, unki xalayaa waajjiraalee qulqullina yookaan seera qabeessummaa afaanii hordofuun hanqinaalee qubeessuufi sirna tuqaalee irraa bilisa ta'uu akka qabuudha. Egaa unka xalayaalee waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame keessatti hanqinaaleen ittifayyadamaa mul'atan, kanneen akka hanqinaalee sirna tuqaalee, qubguddeessaafi qubeessaa akka armaan gadiitti matadureen qoqqoodamanii qoratichaan xiinxalamaniiru.

4.2.2.1 Hanqina Ittifayyadama Sirna tuqaalee

Sirni-tuqaalee ergaa xalayaalee waajjiraalee mootummaan darbu haala barbaadameen galmaan ga'uuf gumaacha guddaa taasisa. Addunyaa (2014) yoo ibsu, "Sirni tuqaalee mallattoowwan barreeffama keessatti iddoo olaanaa qabuudha. Yoomiifi eessatti tuqaaleetti akka fayyadamnu irratti beekumsi qabnu ergaa barreeffamaan dabarsuu barbaannu irratti dhiibbaa guddaa geessisa" jedha. Akka yaada kanaatti, xalayaa tokko keessatti sirna-tuqaalee iddoo barbaachisaa ta'etti fayyadamuun, ergaan xalayichaa akka hubatamuuf tumsa cimaa qaba. Kana jechuun sirna-tuqaalee iddoo sirrii ta'etti fayyadamuu dhabuun wantoota walquunnamtii irratti ergaa darbu gufachiisan keessaa tokko ta'uusaati. Unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee keessatti ijoon xalayichaafi ergaan isaa dafee akka hubatamuuf tumsa oolaanaa kan taasisaniidha. Kanaafuu, yoomiifi eessatti sirna-tuqaaleetti akka fayyadamnu irratti beekumsi qabnu ergaa xalayaan dabarsuu barbaannu irratti gahee guddaa qaba. Kana jechuun, seeraan dhimmatti ba'uun ergicha hubachuu akka saffisiisu yoo taasisu, ittifayyadamuu dadhabuun garuu, ergaa dabarsuu feenu ijoo isaa dhoksuu danda'a. Yaada kana ilaalchisee Geetaachoo (2006:154) yoo ibsu, "Sirni tuqaalee caasaa barreeffama Afaan Oromoo keessatti qooda guddaa qaba. Sirni tuqaalee bifaafi bakka ittifayyadamaniin garaagara ta'ullee, himoota ijaaraman guutuu taasisuudhaaf

barbaachisaadha,” jedha. Ittidabalees, John E. Warriner (1988:564) akka ibsutti, “The main purpose of punctuation is to make the meaning of what you write clear,” jedha. Akka yaada kanaatti barbaachisummaan sirna tuqaalee, hiikni wanta barreeffamuu ergaan isaa akka ifa ta’uuf kan gargaaru ta’uusaati.

Haaluma kanaan, unka xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinaaleen ittifayyadama sirna-tuqaalee kan mul’ataniidha. Hanqinaaleen gama kanaan mul’atanis, yaada tokko yeroo xumuran tuqaa gargaaramuu dhabuudha. Akkasumas, walqabsiistuu boodaafi wantoota tarreeffaman addaan baasuu keessatti qoodduu gargaaramuu dhabuufi iddoo tuqlamee sirna-tuqaalee hinbeekamne unka xalayaalee isaanii keessatti gargaaramuun kan mul’atuudha. Hanqinaaleen ittifayyadama sirna-tuqaalee unka xalayaalee sakatta’amanii irratti mul’atan kana akka armaan gadiitti dhiyaataniiru. Dookimentiin sakatta’amanis mirkaneeffannaaf dabalee keessatti maxxanfamanii jiru.

4.2.2.1.1 Hanqina Ittifayyadama Tuqaa

Tuqaan sirna tuqaalee yaada xumuruuf gargaaru keessaa tokko. Himni ergaa guutuu dabarsu tokko xumuramuu isaa kan ittiin beeknu, mallattoon kun yoo dhuma irratti argameedha (Irreessoo, 2006). Yoo kana ta’uu baate, yaadi kan ittifufee jiru yookiin kan hinxumuramin jiru fakkaata. Akkasumas, Niguse (1997) yoo ibsu, “We use full stop at the end of sentence,” jedha. Akka yaada kanaatti tuqaa dhuma himaatti kan dhimma itti baanu ta’uusaati. Ittidabalees, Mirreessaa (2014) yoo ibsu, “Mallattoon tuqaa yaada tokko yookiin hima tokko barreeffama keessatti guutuu taasisuuf mallattoo dhimma itti baanuudha,” jedha. Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti, dhuma himaa irratti galuun yaadichi xumuramuu isaa kan agarsiisu ta’uusaati. Haaluma kanaan, kan walqabatu yaadi armaan gadii kun akkuma jirutti xalayaa waajjiraalee mootummaa keessaa kan waraabameedha.

- *“Deggarsaa gaafachuu ta’a”*
- *“Galii gibira mootummaa ilaallata”*
- *“Walta’iinsa hojii isin gaafachuu ta’a”*
- *“Hata’u malee Ammas irra debi’un isin beeksisuuf waan dirqamneef Gabaasa Hojii ji’a yomuu dhiyatu ji’a galee hanga 19tti erga dhiyatee booda xinxalamee gaafa 21 qaama*

dhimmi ilaaluuf waan ergamuuf kana hubatanii yeroo ka'ame keessatti akka dhiyeesitan cimsinee isin hubachiisa"

Qabxiilee xalayaa waajjiraalee mootummaa keessaa fudhataman olii kana yoo xiinxalle, ergaan isaan dabarfachuu barbaadan goolabamee jira. Haata'u malee, mallattoo tuqaan kan hinjirre waan ta'eef, ulaagaa sirna ittifayyadama sirna tuqaalee barreeffama keessaa kan maqsan ta'uu argina. Kanaafuu, hanqinni ittifayyadama tuqaa unka xalayaa waajjiraalee mootummaa keessa akka jiru sakatta'i kun mirkaneessa.

4.2.2.1.2 Hanqina Ittifayyadama Qoodduu

Qoodduun sirna tuqaalee keessaa tokko ta'ee, kan barreeffama keessatti wantoota tarreeffaman ittiin addaan baasaniidha. Akkasumas, walqabsiisota booda galuun yaa'umsi yaadaa toora akka qabatu kan taasisuudha. Yaaduma kanaan kan walqabatu, Addunyaa (2014) akka ibsutti, "Qoodduun gidduu barreeffamaatti kan tajaajilu ta'ee, jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan walqabsiistuun walitti hinhidhamin addaan baasa. Bakka jijjiiramni hiikaa jirutti yookiin hubannoof rakkisutti gala. Akkasumas, walqabsiisota akka gaaleetti tajaajilan booda galuun, jijjiirama hiikaa fiduu baatan iyyuu, yaadi barreeffamichaa ifa akka ta'u kan gargaaraniidha," jedha. Yaada kanarraa wanti hubannu, sirnaan qoodduutti fayyadamuun sirrummaafi ifa ta'iinsa yaadolee barreeffama tokkoo cimsa. Kanamalees, hiika yaadolee hubachuuf rakkisoo ta'an yookiin hariiroo yaadolee hima tokko keessa jiraniifi himoota barreeffama gidduu jiru agarsiisuuf kan gargaaraniidha. Ittidabalees, Mirreessaa (2014) yoo ibsu, "Qoodduun waa'ee waan tokkorratti yaada dabalataa laachuuf gidduu barreeffamaa seenuun kan gargaaruudha," jedha. Akka yaada kanarraa hubannutti, barreeffama yookiin yaada keenyaaf ibsa dabalataa kennuuf qoodduun kan gargaaru ta'usaa argina. Yaada kanaan kan walqabatu waraabbii dookimentii waajjiraalee keessaa kallattiin fudhataman akka gadiitti dhiyaataniiru. Yaadni xalayaa waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Laaloo Assaabii keessaa fudhataman kan itti aanan fakkaatu.

➤ *"Haa ta'uu malee yeroo amma kana manni kitaaba magaalaa innaangoo sababa balbalii isaa sirrii hintanneef rakkoo cima ta'e jira.*

Kanaafuu namni Tajaajila argachuuf milka'uu waan hin dandeenyeef utuu yeroon itti hin kennamin balbalaa mana kitaabichaa akkasumas Dallaa isas cabee waan jiruf..."

- *“Haaluma kanaan* xalayaa nu qaqqabe irratti hundaa’uun caasaa duraatiin waamamaa gita hojii ogeessa kunuunsa Bosona uumamaa vi lakk eenyummaa 48/G12-A11-24 sadarkaa Ps-5 galmaa’ee kan jiru irratti ramadnee jirra.” Xalayaa Waajjira Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijjiirama Qilleensaa Aanaa Laaloo Assaabii irraa kallattiin kan fudhatameedha.
- *“Walumaa galatti hojii magaala kana keessatti hojii hojjetamu karaa keessan waliin tannee akka hojjennuf akka nu beeksiftan kabajaan isin beeksifna.”* Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Laaloo Assaabii irraa kan fudhatameedha.

Yaada armaan olitti dhiyaatan kana keessattiifi kan biroo hafan keessatti illee, hanqinni fayyadama qoodduu nimul’atu. Xalayaa waajjiraalee mootummaa kana keessatti itti fayyadamni qoodduu walqabsiistuu akka gaaleetti tajaajilaniifi yaada hirkatoo ta’an booda galee kan argamu miti. Akkuma sakatta’a dookimentii kanaan oliin adda ba’etti xalayaa waajjiraalee kana keessatti walqabsiisota kanneen akka: *Kanaafuu, Haaluma kanaan, Haata’u malee, akkasumas, Walumaagalatti*, jedhaman booda qoodduun gale akka hinjirreedha. Xalayaa kana keessatti jijjiiramni hiikaa kan hinjirre yoo ta’e iyyuu, akka seera barreeffamaa Afaan Oromootti hanqina ta’uusaa argina. Haaluma kanaan, walqabsiisota akka gaaleetti tajaajilan kana booda afuura fudhannaa xiqqoo kan barbaaduudha. Kanaafuu, mallattoo qoodduu kanaan deeggaramuun kan irraa eegamu. Akkasumas, yaada rarra’ee jiruuf, yaa’insa yaadaa itti fufee jiru boqonnaa fudhannee gara xumuraatti fiduuf kan gargaaru ture. Walumaagalatti, waraabbiin olii kun xalayaa waajjiraalee mootummaa keessa hanqinni ittifayyadama qoodduu jiraachuu isaa nuuf mirkaneessa.

4.2.2.1.3 Hanqina Ittifayyadama Tuqlamee

Tuqlameen sirna tuqaalee keessaa yeroo yaada xiyyeeffannoo barbaadu argisiisuuf jennu kan itti gargaaramnu akka ta’e beekamaadha. Addunyaa (2014) akka ibsutti, “Tuqlameen ciroo yookiin hima tokko booda galuun yaada dubbisaa gara wantoota tarreeffamaniitti qajeelcha. Haala kanaanis yaada sittan hima jedhu qaba. Akkasumas, yaada ijoo tokko agarsiisuuf mallattoo itti gargaaramnuudha,” jedha. Akka yaada kanaatti, faayidaan tuqlamee ciroo yookaan hima booda galuun yaadi dubbisaa gara wantoota tarreeffamaniitti akka xiyyeeffatu kan taasisan ta’uusaati. Ittidabalees, yaada ijoo tokko agarsiisuuf ciroo yookiin hima booda galuun kan tajaajilu ta’uu

argisiisa. Akkasumas, Niguse (1997) akka ibsutti, “A colon is used to introduce a quotation,” jedha. Akka yaada kanaattis, yaada ijoo tokko agarsiisuuf kan galu ta’uu argina. Yeroo ammaa kana garuu, unka xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti kan mul’atu, tuqlameefi sarara xiqqaa walfaana yeroo tajaajilaman kan mul’atuudha. Garuu, sirni tuqaalee kun lamaan addaan ba’anii tajaajila mataa isaanii kan qabaniidha. Sakatta’a dookimentii kana keessatti kan argaman sirna tuqaalee kana lamaan walitti fiduun iddoo tokkotti kan barreeffamaniidha. Yaadni armaan gadii kun akkuma jirutti xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessaa kan waraabameedha.

- “Dhimmi isa;-Waa’ee kaffaltii caasaa Haaraa Hojjeettota Waajjira Eegumsa Fayyaa Aanaa keenya ilaala” himni kun Waajjira Paabliik Sarvisiifi Misooma Qabeenya Humna Namaa Aanaa Laaloo Assaabii irraa kan fudhatameedha.
 - “Dhimmi isa:- Deggersa Hojii gaafachuu ta’a.” Xalayaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Laaloo Assaabii keessaa kan fudhatameedha.
 - “Dhimmi isaa:- Waa’ee Jijjiirraa Bakka Keessanii ilaala.” Xalayaa Waajjira Manneen Barnootaa Aanaa Laaloo Assaabii irraa kan fudhatameedha.
 - “Dhimmi isaa:- Waraqa Deggersaa kennuu Ta’a.” Xalayaa Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa keessaa kan fudhatameedha.
 - “Dhimmi isaa:- Haala dhiyeessi Gabaasa Hojii isiin beeksisu ta’a.” Xalayaa Waajjira Karoorraafi Misooma Dinagdee Aanaa Laaloo Assaabii keessaa kan fudhatameedha.
- Qabxiileen xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessaa fudhataman armaan olii kun itti fayyadama sirna tuqaalee diiganiiru. Akkasumas, sakatta’a kanaan sirna tuqaalee faayidaa garaagaraa qaban lama iddoo tokkotti altokkicha fayyadamuun kan mul’atuudha. Kun immoo, faayidaa tuqlameen xalayaa waajjiraalee mootummaa barreessuu keessatti qabu wallaaluu qofa utuu hintaane, mallattoo hinbeekamne olii kanaan bakka kan bu’ame ta’uu mirkaneessa.

4.2.2.2 Hanqina Ittifayyadama Qubguddeessaa

Barreeffamni kamiyyuu seera barreeffama afaan sanaa eegee barreeffamuu qaba. Barreeffama keessatti qubguddeessa fayyadamuun seera afaanii keessaa tokko akka ta’e nihubatama. Yaada beektotaa adda addaa irraas hubachuun kan danda’amu, qubguddeessi barreeffama keessatti jalqaba himootaafi jechootaarratti seenuun ergaa darbu tokko akka barbaadametti dabarsuuf faayidaa guddaa kan qabuudha. Yaaduma kanaan kan walqabatu, Irreessoo (2006) yoo ibsu,

“Qubguddeessi hima ittiin eegaluuf, bo’oo haaraa ittiin jalqabuuf, maqaalee beekamoo ta’an kan akka maqaa namaa, maqaa biyyaa, magaalotaafi maqaa guyyoota torbanii, ji’oota waggaafi kan biroo jalqaba himaa, gidduufi dhuma himaatti yoo dhufan qubee guddaan barreeffamuu qabu,” jedhee kaa’ee jira. Yaada kana bu’uura godhachuun xalayaa waajjiraalee sakatta’aman keessatti seerri ittifayyadama qubguddeessaa kun haalaan hojiirra oolee hinargamu. Hanqinaaleen qubguddeessaa unka xalayaalee keessatti mul’atan kunniin ergaa darbu kallattiin gufachiisuu baatullee, seera barreeffama Afaan Oromoo garuu faallessee jira. Egaa ittifayyadama qubguddeessaa keessatti wanti bal’inaan mul’atan maqaalee beekamoo ta’an qubguddeessa gargaaramuu dhabuu, jechoota gidduu himaatti seeraan ala qubguddeessa gargaaramuutu unka xalayaa waajjiraalee kana keessatti mul’ata. Haalli kun immoo, hanqinni ittifayyadama qubguddeessaa seera barreeffama Afaan Oromoo hineegganne jiraachuu sakatta’ichi agarsiisee jira. Egaa yaada kana xiinxala dookimentii waraabbii gadiitu mirkaneessa.

Hanqina ittifayyadama qubguddeessaa waraabbii kallattiin.

- “Akuma Armaan oliitti ibsuuf yaalame Akkaataa isin...”waraabbii kana keessatti jechootni jala sararaman dhimmi akka qubee guddaan jalqabaman isaan taasisu xalayaa kanarra hinjiru. Kanaafuu, hanqina fayyadama kanaan mul’atu ta’uusaati.
- Akkasumas, waraabbii kallattii itti aanu keessatti, “Hata’u malee Ammas irra debi’un...” Askeessattis jechi jala sararame kun jalqabni isaa qubee guddaa ta’uun hanqina mul’atu ta’uu argina.
- Dabalataanis, waraabbii kana keessatti, “Akkumaa armaan oliitti ibsuuf yaalamee Dubartoota ganda Jarsoo Daamoota Waldaan Ijaaramani qarshii qusataa waan jiraanf Maqaa walddaa Laalistuu Jarsoo ta’ee...” Waraabbii kana keessatti jechootni jala sararaman dhimmi akka qubee guddaan jalqabaman isaan taasisu xalayaa kanarra hinjiru. Kanaafuu, hanqina fayyadama kanaan mul’atu ta’uusaati.
- Karaa biraan, faallaa isaan armaan olii kana immoo waraabbii kanaan yeroo ilaallu, “...yeroo ammaa kana manni kitaaba magaalaa innaangoo...”
- Ittidabalees, waraabbii kallattii xalayaa Waajjira Manneen Barnootaa irraa fudhatame keessatti, “Haaluma kanaan guyyaa gaafa 01/03/2010 irra eegalee qabeenyaa M/B qopha’inaa dongoroo hojiif isin harka ture qindeessa M/barumsichaatti deebisuudhaan M/B qophaa’inaa innangoo guyya isin geessanii hojii eegaltan akka nuuf gabaasan

galagalcha xalayyaa kanaan beeksifna.” Waraabbii kallattii armaan olii kana keessatti kan jala sararaman maqaa dhaabbata beekamaa, magaalotaafi guyyaa waan ta’aniif qubee guddaan jalqabamuun kan irra tureedha. Xalayaa waajjiraalee kana keessatti garuu, hanqinni kun jiraachuu sakatta’i taasifame mirkaneessa.

4.2.2.3 Hanqina Qubeessuun Walqabatan

Unka xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinaalee qubeessuudhaan walqabatan hedduu ilaaluun nidanda’ama. Haaluma kanaan, hanqina qubeessuu seera afaaniin walqabatani mul’atan keessaa dheerina, gabaabina, laafinaafi jabinni sagalee qorannoo kana keessatti haala armaan gadiitiin qaaceffamaniiru.

4.2.2.3.1 Hanqina Dheerinaafi Gabaabina Sagalee Dubbachiistuu

Ergaan xalayaa keenyaa karaa qulqullina qabuun darbuuf seera barreeffama Afaan Oromoo hordofuun murteessaadha. Seera kana keessaas tokko dheerinaafi gabaabina sagalee eeguun barreessuun kan walqabatuudha. Yaada kanaan kan walqabatu, Geetaachoo(2009) yoo ibsu, “Barreeffama Afaan Oromoo keessatti sagalee gabaabaa kan jedhamu dubbachiistuun tokko qofa yeroo barreeffamuudha. Sagalee dheeraa kan jedhamu qubee dubbachiistuu gosa tokko lama barreessinuudha. Gabaabbachuufi dheerachuu dubbachiistuu kanaanis, jechi tokko hiika duraan qabu nijjiira,” jedha. Akka yaada kanaatti, jecha tokkoon sagalee dheeraa yookiin gabaabaa qaba jechuuf dubbachiistuu irratti kan hundaa’u ta’ee, kunis jijjiirama hiikaa fiduu akka danda’u agarsiisa. Kanaafuu, ergaan barreeffama tokkoo walquunnamtii sirrii uumuufi dhiisuu isaaf murteessaa ta’uusaati. Haaluma kanaan, unka xalayaa waajjiraalee mootummaa xiinxalaman keessatti seera fayyadama afaanii keessaa dheeressuufi gabaabsuun sagalee kun hojiirra oolee hinargamu. Hanqinaaleen sagalee dubbachiistuu kunis bakka dheerachuu qabanitti gabaabsuufi bakka gabaabbachuu qabanitti immoo faallaa isaa dheeressanii xalayaa isaanii irratti yeroo barreessantu mul’ata. Hanqinni dubbachiistuu seeraan qubeessuu dhabuu kun immoo, walquunnamtii uumuu irratti hiika kan dhabsiisu ta’a. Hanqinni qubeessuu sagalee dubbachiistuu kun sakatta’a godhaman keessatti haalaan mul’atanii jiru. Dhugummaa hanqina kanaas kan qoratichatti agarsiisan gabatee armaan gadii keessatti hanqinaaleefi sirreeffama isaanii walbira qabuun qoratichaan xiinxalamee jira.

Gabatee: 2 Hanqina dheerinaafi gabaabina sagalee unka xalayaa keessatti mul'atu

5	Hanqina dheerinaafi gabaabina sagalee dubbachiistuu unka xalayaa waajjiraalee keessatti mul'atu	Sirreeffamee yeroo barreeffamu
	• Wajjira	• Waajjira
	• Deggersaa	• Deeggarsa
	• Akkumaa	• Akkuma
	• Dhabbii	• Dhaabbii
	• Innangoo	• Innaangoo
	• Adooleessaa	• Adoolessa
	• Onkoloolessaa	• Onkoloolessa
	• Jiraaniif	• Jiraniif
	• Jarsoo	• Jaarsoo
	• Kurmanaa	• Kurmaana
	• Jijjirra	• Jijjiirraa
	• Jiruf	• Jiruuf
	• Kannen	• Kanneen
	• Gababaa	• Gabaabaa
	• Balbalaa	• Balbala
	• Dhunfaa	• dhuunfaa
	• isiniif	• isiniif
	• gunne	• guunnee
	• meeshalee	• meeshaalee
	• harcaatuu	• harcaatuu

Hanqina dheeressuufi gabaabsuu unka xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti mul’atan waraabii kallattiin.

- “Akkumaa armaan olitti ibsuuf yaalamee Dubartoota ganda Jarsoo Daammoota waldaan Ijaaramani qarshii qusataa waan jiraanf Maqaa Walddaa Laalistuu Jarsoo ta’ee kan beekamu yeroo ta’uu kanaafuu isin biraatti Buukii banaataan akka gusataan kabajaan isin gaafanna.” Yaadni kun xalayaa Waajjira Dhimma Hojjetaafi hawaasummaa Aanaa Laaloo Assaabiiirraa kan waraabameedha. Xalayaa kana keessatti wanti mul’atu jechoonni akka galumsa barreeffamichaatti hanqina qaban hedduudha. Garuu, askeessatti wanti xiinxalamu hanqina dheerinaafi gabaabina sagalee waan ta’eef, jechootni luucceffamanii jala sararaman warra hanqina dheerinaafi gabaabina sagalee dubbachiistuu waraabii kana keessatti qabaniidha.
- “Koreen jijjirra fi ramaddii misooma barsiisotaa fi hoggansa barnoota wajjira barnoota keenya walga’ii guyya gaafa 29/01/10 gaggeesen, dorgommii Barsiisota qophaa’inaa gaafa 26/01/10 gaggeefame bu’uura godhachuun M/b qopha’ina dongoroo irra gara M/B qopha’ina Innangootti akka jijjiramtanioif murteesse jira.” Kun keeyyata xalayaa Waajjira Manneen Barnootaa Aanaa Laaloo Assaabii keessaa kallattiin fudhatameedha. Adeemsa xalayaa kanaatiin jechoonni luucceffamanii jala sararaman kunniin dheerachuu utuu qabani gabaabbatanii barreeffamaniiru. Kun immoo, xalayaa kana keessatti abbaan dhimmaa ergaa isaa seeraan akka hinhubanneef danqaa ta’a. Akka waliigalaatti, yoo ilaalaman jechootni keeyyatni kun irraa ijaaraman seera barreeffama Afaan isaa kan hineegneedha.
- “Kanaafuu Mindaa keessaan ammaan dura sadarkaa Barnoota digirii isiinii kaffalamaa ture...” Yaada xalayaa Waajjira Manneen Barnootaa keessaa kan waraabameedha. Askeessatti jechootni luucceffamanii jala sararaman gabaabbachuu utuu qabani dheeratanii kan barreeffamaniidha. Kun immoo, ergaa isaan dabarsuuf yaalan irratti jijjiirraa hiikaa utuu inni fiduu kan mul’isuudha.
- “...teessumaa ta’umsaa shan akka ergisaatti akka nu deggertaan kabajaan isin gaafannaa.” Xalayaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Laaloo Assaabii irraa kan fudhatameedha. Askeessatti yoo ilaalle, jechoonni luucceffamanii jala sararaman utuu gabaabbachuu qabani dheerachuufi kan dheerachuu qaban immoo gabaabbachuun hiikni isaanii illee jijjirameera.

Walumaagalatti, qaaccessa kanarraa wanti hubatamu, unka xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinni dheeressuufi gabaabsuu sagalee akka jiru sakatta'i taasifame kun mirkaneessa. Dookimentiin sakatta'aman kunis dabalee keessatti maxxansamanii jiru.

4.2.2.3.2 Hanqina Laafinaafi Jabina Sagalee

Unka xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti sagalee dubbifamaa ilaalchisee sakatta'i godhamee jira. Sababni isaas, sagaleeleen dubbifamaa Afaan Oromoo yeroo barreeffamu jabeessuufi laaffisuun hiika adda addaa kennuu akka danda'an hubatamaadha. Sagaleen tokko laafaadha kan jedhamu dubbifamaa tokko qofaan kan barreeffamu yoo ta'eedha. Sagaleen tokko jabaachuuf garuu, dubbifamaan gosti tokko lama ta'ee yeroo inni barreeffama keessatti walitti aanuudha. Yaada kana Tafarii (2000) yoo ibsu, "Jecha Afaan Oromoo tokko keessatti laafinni yookiin jabinni sagalee dubbifamaa garaagarummaa hiikaa fida," jedha. Akka yaada kanaatti, barreeffama ofii keessatti laafuu kan qabu jabaatee, kan jabaachuu qabu immoo laafee yoo barreeffame hiika jechichaa jijjiiruun dhaamsa darbu gufachiisuu akka danda'uudha. Kanaaf, laafinniifi jabinni sagalee hiika jechaa jijjiiruu akka danda'u agarra.

Haaluma kanaan, xalayaalee waajjiraalee qorannoon kun irratti geggeeffame yeroo sakatta'amanitti seera Afaanichaa guutee kan hinbarreeffamne ta'uu isaatu argama. Seera afaanii keessatti dhamsagni tokko hiika jijjiiruu dandeessi. Kanarraa wanti hubatamu, kan isaan yaadanii barreessaniifi hiikni jecha isaan barreessanii ergaa biraatti yeroo jijjiiramu qaaccessi kun mirkaneessa. Hanqinaaleen mul'atan kunis haala armaan gadiin gabatee keessatti walbira qabamanii, hanqinaafi haala itti sirraa'uu qabuun xiinxalamee jira. Akkasumas, waraabbiin dookimentiin kallattiin taasifamee ibsi itti kennamee jira.

Gabatee:3 Hanqina laaffisuufi jabeessuu sagalee dubbifamaa unka xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul’atan.

6	Hanqina laaffisuufi jabeessuu sagalee dubbifamaa	Yeroo sirreeffamee barreeffamu
	• Hanq <u>in</u> na	• Hanqina
	• hin tan <u>ne</u> ef	• hintaaneef
	• hata <u>ta</u> man	• (h) atattamaan
	• hin j <u>ir</u> reef	• hinjirreef
	• i <u>l</u> ee	• illee
	• xal <u>l</u> ayyaa	• xalayaa
	• yom <u>u</u>	• yommuu
	• hubat <u>a</u> nii	• hubattanii
	• Gaff <u>a</u> chu	• Gaafachuu
	• Gagge <u>e</u> sen	• Geggeeseen
	• Qindees <u>i</u> tani	• Qindeessitan
	• Dhiyees <u>i</u> taan	• dhiyeessitan
	• quss <u>a</u> nnoo	• qusannoo
	• Ak <u>u</u> ma	• Akkuma
	• La <u>a</u> tan	• Laattan

Hanqinaalee laafinaafi jabina sagaleelee dubbifamaa unka xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti mul’atan waraabii kallattiin.

- “...teessumni waajjirricha keessa waan hin jireef akkasumas duranis waajjira sana keessa meeshaalee dhabbataan tokko ilee waan hin jireef karaa keessan harcatuu baajetaa irraa hatataman meeshaalee...” yaada xalayaa waajjira Aadaafi Tuurizimii kana keessatti luucceffamanii kan jala sararaman, utuu laafanii barreeffamuu qabanii kan jabaataniifi jabaachuun kan irra ture immoo laafanii yeroo isaan barreeffaman agarsiisa. Hanqinaaleen yaada xalayaa kanarraa fudhataman akka waliigalaatti isaan kana qofa jechuu miti. Jechootni xalayaa kanaa marti seera barreeffamaa eeguun kan qubeeffaman miti. Haata’u malee, askeessatti kan ilaalle laafinaafi jabina sagalee dubbifamaa irratti hundaa’uun kan xiinxalameedha.
- Haaluma kanaan, yaadni xalayaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii keessaa fudhatame, “Waajjira Hawwasummaa Aanaa Laaloo Assaabii tif” hima kana keessatti sagaleen jala sararame utuu laafuu qabuu jabaatee yeroo inni barreeffamu argina.
- “...waajjirri abbaa gadaa aanaa keenyaa keessatti bannameef...” yaada xalayaa waajjira Aadaafi Tuurizimii kana keessatti jechi luucceffamee jala sararame kun laafee barreeffamuu utuu qabuu jabeeffamee barreeffamuu isaa argarsiisa.
- Ittidabalees, yaadni xalayaa Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa keessaa fudhatame, “Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalamee xallayyaa Lakk 3/7/WEF/05/2010 Guyyaa gaafa 29/3/2010 waajjiri keessan...” jechootni yaada kana keessatti luucceffaman kun utuu laafuu qabanii jabaataniifi utuu jabaachuun qabanii immoo laafanii yeroo isaan hojiirra oolan argina.
- Akkasumas, yaadni xalayaa Waajjira Karooraa Misooma Dinagdee keessaa fudhatame, “...karooraa fi Cheeklistii hard copy fi soft copy akka ergittaniif xalayyaa dhaan isin beeksisun keenyaa ni yadatamaa.” Yaadni xalayaa kanaas yoo ilaalle, seera barreeffama afaan kanaa waan hineegneef ergaan barbaadamu karaa sirriin akka hiika hinlaanne mirkaneessa. Jechootni irratti xiyyeeffataman kunniin utuu laafuu qabanii jabaachuun isaaniis hanqinni qubeessuu kun unka xalayaa waajjiraalee mootummaa keessa bal’inaan jiraachuun isaaniis sakatta’i kun kan mirkaneesse ta’uusaati.

4.2.3 Hanqina Odeeffannoo Murtaawaaf Barreessuu Qabaachuu

Xalayaan waajjiraalee amala isaa keessaa tokko odeeffannoo murtaawaaf dhaabbachuudha. Yoo kana ta'uu baate ergaan xalayaa keenyaa dubbisaaf ifa ta'uu dhiisuu mala. Yaada kanaan kan walqabatu, Wren and Martin(2002:182) akka ibsanitti, "Business letters should be terse, clear, and to the point," jedhu. Akka yaada kanaatti, xalayaan karaa ifa ta'een barreeffamuu kan qabuufi qabxii ijoo ta'e dabarsuun kan irraa eegamu ta'uusaati. Kana ta'uu baannaan qaamni xalayaan barreeffamuuf jooj'uu mala. Kanaafuu, yaada irratti xiyyeeffannee barreessinu haala irra deddeebii hinqabneen karaa ifaafi dubbisaaf salphaatti hubatamuun kaa'uudha. Yaada kana waraabbii kallattiin yoo ilaallu:

Dhimmi isaa:- Waa'ee mana kitaaba uummataa magaalaa innaangoo ta'a.

*Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalame yeroon amma kun yeroo itti manii barumsaa
hojii baruuf fi barsiisuu eegalee barnootaa itti fufee jiruu ta'uunisa beekama dha.*

*Haata'uu malee yeroo amma kana manni kitaaba magaalaa innaangoo sababa balbalii
isaa sirrii hin taaneef rakkoo cima ta'ee jira.*

*Kanaafuu namni Tajaajila argachuuf milka'uu waan hin dandeenyeef utuu yeroon itti
hin kennamin balbalaa mana kitaabichaa akkasumas Dalla isas cabe waan jiruf gama
keessanin yeroo gababaa keessatti furmaata akka itti lataan isin yaadachisa, ta'uu
banana gamaa keenyan dhimma ogummaa kennu ilaalchisee kan itti hin gaafatamnee
ta'uu keenya kabajaan isin beeksifna.*

Xalayaa kana yoo ilaalle, dhimmi inni mataduree irratti kaaseefi yaadi qabiyyee keessatti dhiyaate kan wal hinfakkaanne ta'uu argina. Matadureen kun odeeffannoo murtaawaaf kan hindhaabbanneefi ifaa kan hintaane ta'uusaati. Odeeffannoon keeyyataan qoodamanii dhiyaatan dhimmoota garaagaraa kan kaasaniidha. Kanaafuu, xalayaan kun maal irratti xiyyeeffatamee akka barreeffame qaama dubbisuuf ergaa ifaa kan hindabarsine ta'uusaati. Waa'een mana kitaabaa uummata Magaalaa Innaangoo kun kan ibsamuu barbaadame, hanqina yookiin tajaajila isaa ta'uu wanti adda baasu odeeffannoon murtaawaan kan hinjirre ta'uu sakatta'i kun mirkaneessa.

- ✚ Akkasumas, xalayaa biraa irraa kan fudhatame, “Dhimmi *isaa*:- *Deggarsaa Gaafachuu ta’a*.” Mataduree kanas yoo ilaalle, deeggarsi gaafatamu kun maal akka ta’e odeeffannoon murtaawaan daangeffame kan hinjirreedha.

Walumaagalatti, sakatta’a taasifame kanarraa hanqinni odeeffannoo murtaawaaf barreeffamuu xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti bal’inaan kan mul’atu ta’uusaa agarra.

4.2.4 Hanqina Jechoota Qusachuun Karaa Gabaabaan Barreessuu Qabaachuu

Amaloota xalayaa keessaa tokko utuu jechooti itti hinbaay’atin karaa gabaabaa ta’een, ergaa barbaadamu barreessuudha. Yaada kana Sharon (1994) akka ibsutti, “Rambling or saying more than is necessary gives your reader the impression that you do not know your subject. Saying one word more than you need to is saying too much,” jedha. Akka yaada kanaatti, jechoota baay’ee gargaaramuun waan tokko yeroo ibsu, nama dhimma sana keessa hinbeekne fakkeessuu danda’a waan ta’eef, jecha tokkoon ergaa ofii dabarfachuun cimina ta’uu kaa’a. Haaluma kanaan, xalayaa waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame hanqina jechoota qusachuun karaa gabaabaan barreessuu bal’inaan qabaachuu sakatta’i kun mirkaneesseera. Yaada kana qabatamaa gochuuf qoratichi akka armaan gadiitti waan walfakkaataa ta’e waraabbii kallattiin xalayaa isaanii keessaa fudhateera.

- ✚ “...*hanqinni meeshalee Waajjira keessa* guddaan *waan* jiruf akka *waajjira* aadaa fi tuurizimii aanaa keenyatti *hanqinna meeshaa waan* qabnuf *meeshaa* dhabbii *waajjira* keessan *keessa* jiru...” Xalayaa waajjiraalee mootummaa kana keessatti hanqinni jechoota qusachuun karaa gabaabaa barreessuu bal’inaan mul’ata. Kun immoo, irradeddeebii hinbarbaachifneef kan saaxile ta’uusaatu argama. Yaada kana keessatti luucceffamanii kan jala sararaman hanqinni kun jiraachuu mirkaneessu.

- ✚ Akkasumas, xalayaa biroo keessaa, “...*hojjetaa* waajjira *keenyyaa* kan ta’an Obbo Taarraquu Addisuu milkaa’ina *hojiif* jecha *hojii* itti ramadaman *hojjetaa* karaa TQO Aanaa *keenyyaa*...” Xalayaa kana keessattis jechooti yaaduma tokko ibsuuf yeroo lama utuu irra deebi’amanii mul’atu. Xalayaa itti aanu kana keessattis, “...*hojii* magaala kana keessatti *hojii hojjetamu* karaa keessan waliin tannee *akka hojjenuuf akka* nu *beeksiftan* kabajaan isin *beeksifna*.” Xalayaa kana keessattis, haaluma walfakkaatuun hanqinni qusannoo jechootaa jiraachuu kan luucceffamanii jala sararaman kun mirkaneessu.

Walumaagalatti, hanqinni jechoota qusachuun karaa gabaabaa barreessuu xalayaa waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame keessa jiraachuu isaa sakatta'i taasifame mirkaneessa.

4.2.5 Hanqina Jechoota Beekamoofi Himoota Gaggabaabaan Barreessuu Qabaachuu

Yaada barbaadame karaa ifaafi gabaabaan barreessuun ergaa galmaan gahuuf filatamaadha. Fiixaan ba'iinsi amala barreeffamaa qulqullinaan barreeffamuu isaati(W.Ross,1988). Akkasumas, yaada kanaan kan walqabatu, Wren and Martin(2002) yoo ibsan, "Businessmen are busy men, and have no time to read long, rambling and confused letters," jedhu. Akka yaada kanaatti, jechoota beekamoodhaan qabxii ijoo qaamni dubbisu salphaatti hubachuu danda'uun barreeffamuu akka qabuudha.Haata'u malee, xalayaa waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame keessatti hanqinni kun jiraachuu xiinxallii waraabbii kallattii armaan gadiin mirkanaa'ee jira.

- ✚ **Hanqina jechoota beekamoon barreessuun walqabatan xalayaa waajjiraalee mootummaa kanneen keessatti mul'atan, " *Manjeral cher, Tepilii kan waarshaa, Faay'inaal cabileti, focul person man, Leveel, Walddaa, jiraanf, keessanbii, mucee horii, ...* " Bal'inaan jiraachuu isaanii sakatta'i taasifame mirkaneessa. Sakatta'a kanas qoratichi qabatamaa taasisuuf dabalee keessatti kaa'amani jiru. Akkasumas, hanqina himoota gaggabaaboon barreessuu qabaachuu xiinxalliin adeemsifame mirkaneesseera.**
- ✚ **Haaluma kanaan, xalayaa waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame baay'een himni isaan barreessan utuu addaan hincitin keeyyata ta'uu isaaniitu mul'ata. Yaada kanas, Xalayaa Waajjira Manneen Barnootaa Aanaa Laaloo Assaabii keessaa fudhatame waraabbii kallattiin yoo ilaallu,**

Kanaafuu Mindaa keessaan ammaan dura Sadarkaa Barnoota digirii isiinii Isiinii kaffalamaa ture Qr.6036.00(kuma ja'a fi soddonii ja'a) irratti qr.773.00(Dhibba torbaa fi torbaatamii sadii) isinii dabalamee 01/11/2009 irraa eegalee Waliigala qr.6809.00(kumaa ja'aa fi dhibbaa saddeetii fi sagal) argachaa hojii keessan amanammummaan guutuun akka hojjetan isin beeksisaa, Waajjirri MWD Aanaa Laaloo Assaabii kanumaa beekuudhaan Adooleessa, 1/2009 irraa eegalee miidaa keessan kana qr. 6809.00 (kumaa ja'aa fi dhibbaa saddeetii fi sagal) gulantaa baajataa 311-02-02 jalaaji'a ji'aan akka isinii kaffalaniif galagalcha xalayaa kanaan beeksisnaa.

Xalayaa kana yoo ilaalle, himni utuu walitti hincitin keeyyata tokko ta'ee barreeffamee mul'ata. Haalli kun immoo, amala gaarii xalayaan himoota gaggabaabaan barreeffamuu qabu faallessee mul'achuu xiinxalliin kun mirkaneessa. Xalayaan waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame mararratti bifa walfakkaatan hanqinni jechoota beekamoofi Himoota gaggabaabaan barreessuu kan mul'atan akka ta'e sakatta'aa dookimentii taasifame irraa mirkanaa'eera. Kunis, ragaa qoratichaa qabatamaa taasisuuf dabalee keessatti kaa'amani argamu.

4.2.6 Hanqina Walta'iinsa Yaadaa Qabaachuu

Adeemsa xalayaa waajjiraalee mootummaa barreessuu keessatti hanqinni guddaan qindeessanii barreessuudha. Xalayaan waajjiraalee qindoomina hinqabne abbaa dhimmaa biratti fudhatama hinqabu. Haaluma kanaan, xalayaa waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame yeroo qaaceffaman hanqinni walta'iinsa yaadaa bal'inaan kan mul'atan ta'uu xiinxala dookimentii waraabbii gadiitu mirkaneessa.

- Xalayaa Waajjirri Aadaafi Tuurizimii Aanaa Laaloo Assaabii, Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Innaangoof barreesse waraabbii kana keessatti yeroo ilaallu, *“Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalamee Waajjirri abbaa gadaa aanaa keenyaa keessatti bannameef Waajjira sana keessatti waan nu barbaachisuuf hangaa uummanni teessumaa kan qopheeffatutti deggersaa kara gamaa keessani akka nuuf gootan kabajaan isin gaafacha.”* Xalayaa kana keessatti kan jala sararaman yoo ilaalle, walta'iinsa yaadaa waan hinqabneef ergaan akka darbuuf barbaadame kallattii gadi dhiiseera. Jechoonni askeessatti walitti dhufan walii wajjin waan hindeemneef, xalayaa kanaaf hanqina walta'iinsa yaadaa ta'uu xiinxalliin kun mirkaneessa. Yaada kanas qabatamaa taasisuuf qoratichi dabalee keessatti ragaa godhee kaa'eera.
- Akkasumas, xalayaa Waajjirri Barnootaa Aanaa Laaloo Assaabii, Waajjira Maallaqaafi Walta'iinsaa Dinagdee Aanaa Laaloo Assaabiiif barreesse keessaa waraabbii kallattiin kan fudhatame, *“Dhimmiisaa: Waa'ee dhorka Miindaa B/saa ilaalaa Olitti ibsuuf akkuma yaalame B/saa Alamaayyoo Dhibbisaa M/Barumsaa Lataa Wanjoo kan ta'e xalayaa lakk.65/8/2010 guyyaa 3/4/2010 Nuu barreeffameen hojii irra akka hinjirre M/Barumsichaan nu beeksisaniiru.”* Xalayaa kana keessatti Walta'iinsi yaadaa ergaa kana ifa taasisan hinmul'atan. Matadureen dhiyaates yaada barbaadame gadi lakkisee gara ajajaatti waan naanna'e fakkaata. Yaada qabiyyee keessatti dhiyaate yoo

ilaalle, “...*B/saa Alamaayyoo Dhibbisaa M/Burumsaa Lataa Wanjoo kan ta’e,*”
Walta’iinsi yaadaa ergaa yaadame dabarsu iddoo kanatti kan hinmul’anne ta’uusaa
argina. Yaada kana keessatti barsiisaan kun ofiidhuma isaatii mana barumsaa kana ta’uu
agarsiisa. Kun immoo, hanqina Walta’iinsa Yaadaa xalayaa kanaa ta’uu xiinxalliin kun
mirkaneessa.

Gabatee:4 Qaaccessa bargaaffilee unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinaaleen mudatan maalfaa akka ta'an adda baasuun walqabatan.

Tartiiba Gaaffilee	Filannoowwan kennaman	Baay'ina deebistootaa			
		Dhi	Dha	W/L	% 'n
1. Xalayaaleen barreeffaman ija unkaafi qabiyyeen yoo ilaalaman sirriidhaa?	A, Eeyyee	1	1	2	8.3
	B, Lakki	9	5	14	58.4
	C, Hanga tokko	5	3	8	33.3
	Ida'ama	15	9	24	100
2. Hubannoon namootni ergaa xalayaan darbu irratti qaban maal fakkaata?	A, Daran olaanaa	1	-	1	4
	B, Olaanaa	3	1	4	16.6
	C, Giddu-galeessa	4	1	5	21
	D, Gadaanaa	7	7	14	58.4
	Ida'ama	15	9	24	100
3. Tarii unkaafi qabiyyee xalayaalee ilaalchisee hanqinatu jira ta'aa?	A, Eeyyee	12	7	19	79
	B, Lakki	3	2	5	21
	Ida'ama	15	9	24	100
4. Hanqinootni xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atan maal fa'i?	A, Qubeessuu	5	3	8	33
	B, Caasluga	3	2	5	21
	C, Sirna tuqaalee	4	3	7	29
	D, hunda	3	1	4	17
	Ida'ama	15	9	24	100

Akka Gabatee 4 gaaffii 1^{ffaa} irraa arguun danda'amutti, odeef-kennitoonni 2(8.3%) xalayaaleen barreeffaman ija unkaafi qabiyyeen yoo ilaalaman sirriidha jechuun odeeffannoo kan kennaniidha. Odeef-kennitoonni 14 (58.4%) immoo xalayaaleen barreeffaman ija unkaafi qabiyyeen yoo ilaalaman sirrii akka hintaane deebii kan kennaniidha. Akkasumas, odeef-kennitoonni 8 (33.3%) deebiin isaan kennan hanga tokko irraa kan hafe sirrii akka hintaane deebisaniiru. Yaada kanarraa wanti hubannu xalayaaleen barreeffaman ija unkaafi qabiyyeen yoo ilaalaman hanqinni akka jiru kan nu agarsiisu ta'uu argina.

Dabalataanis,afgaaffii xalayaaleen barreeffaman ija unkaafi qabiyyeen yoo ilaalaman maal fakkaatu? Gaaffii jedhuuf, odeef-kennitoonni sirrii akka hintaane kaasu. Sababni isaas, akka qaaccessa yaada odeef-kennitoota kanaatti unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee keessatti qulqullinni yookiin seera qabeessummaan afaanii kan hin hordofamne ta'uufi qubeessa, caaslugaafi sirni tuqaalee keessatti kan hin haammatamne ta'uu kaa'u. Akka yaada odeef-kennitoota kanaatti, xalayaaleen waajjiraalee unkaafi qabiyyee mataa isaanii kan qaban; akkasumas, seerawwaniifi waliigalteewwan jiran hordofuu kan qaban ta'anillee, hanqinaaleen bal'inaan kan dhuunfatan ta'uu isaanii dubbatu. Kanaafuu, xiinxala kanarraa wanti hubatamu xalayaaleen barreeffaman ija unkaafi qabiyyeen yeroo ilaalaman hanqinaalee kan qaban ta'uu isaaniiti. Sakatta'i dookimentii taasifames yaaduma kana kan cimsuudha.

Akka Gabatee 4 gaaffii lakkoofsa 2^{ffaa} irraa xiinxalamutti, hubannoon namoonni ergaa xalayaan darbu irratti qaban maal fakkaata? Kan jedhu irratti deef-kennitoonni 1(4%) hubannoon baay'een akka jirutti kan kaa'an yommuu ta'u, odeef-kennitoonni 4(16.6%) immoo olaanaan akka jirutti ibsaniiru. Akkasumas, odeef-kennitoonni hubannoon jiru giddu-galeessa ta'uu isaa ibsan 5(21%) yommuu ta'an, odeef-kennitoonni 14(58.4%) hubannoon namoonni ergaa xalayaan darburratti qaban gadaanaa akka ta'e xiinxala qaaccessa kanaarraa hubachuun danda'ama. Xalayaan tokko qaama tokkorraa bahee gara qaama biraa yeroo adeemu ergaan isaa salphaatti kan hubatamuufi ifaa ta'uu qaba. Haata'u malee, sakatta'i dookimentii adeemsifameefi yaada odeef-kennitootaa irraa hubachuun kan danda'amu, hanqinni hubannoo namoonni ergaa xalayaan darburratti qaban waajjiraalee mootummaa keessatti bal'aa ta'uu kan nu agarsiisuudha.

Akka Gabatee 4 gaaffii 3^{ffaa} oliirratti dhiyaatetti, Tarii unkaafi qabiyyee xalayaalee ilaalchisee hanqinatu jira ta'aa? Gaaffii jedhuuf odeef-kennitoonni 19 (79%) hanqinni jiraachuu isaa kan mirkaneessan ta'uu argina. Odeef-kennitoonni 5 (21%) immoo hanqinni akka hinjirretti kan

deebisaniidha. Yaada odeef-kennitootaa kanarraa kan xiinxalamu hanqinni unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa keessa akka jiru nutti agarsiisa.

Dabalatanis, af-gaaffii dhiyaate irratti odeef-kennitoonni unkaafi qabiyyee xalayaalee ilaalchisee hanqinni bal'aan akka jiru kan kaasaniidha. Akka yaada odeef-kennitoota kanaatti unki xalayaa baduun qabiyyee irratti dhiibbaa geessisuun ergaa darbu dabsuu akka danda'uudha. Kanarrattis, namoonni tokko tokko komii isaanii yeroo adda addaa kan deddeebisani kaasan irraa akka hubatan yaada kan kennaniidha. Hanqinni kunis, ergaa barbaadame maqsuun gara walhubachuu dhabuu irra akka ga'amaa jiru kan mul'isaniidha. Sakatta'i dookimentii taasifame keessaas wanti argame yaaduma kanaa wajjin kan walsimatuudha.

Akka Gabatee 4 gaaffii 3^{ffaa} olii irraa xiinxalamutti, odeef-kennitoonni 8(33%) hanqina qubeessuu akka qaban ibsaniiru. Odeef-kennitoonni 5(21%) immoo hanqinni caaslugaa akka jiru hubachiisu. Odeef-kennitoonni 7(29%) hanqinni sirna tuqaalee akka jiru kaa'aniiru. Dhumarratti, odeef-kennitoonni 4(17%) immoo hanqinni kun akka waliigalaatti jiraachuu nihubachiisu. Walumaagalatti, deebii odeef-kennitootaa kanarraa hubachuun kan danda'amu, hanqinootni kun irraa jalummaa yoo qabaatan iyyuu akka waliigalaatti jiraachuu nimirkaneeessu. Kunis, sakatta'a dookimentii taasifamanii wajjin yeroo walbira qabamanii ilaalaman kan waldeeggaraniidha.

Karaa biraanis, Af-gaaffii yaada kanaan walqabaturratti odeef-kennitoonni yaadi isaan kennan, hanqinaaleen kun walcaalmaa yoo qabaatanillee, unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee keessa bal'inaan jiraachuu kan ibsan ta'uu xiinxalli kun kaa'a. Yaada odeef-kennitootaa irraa hubachuun akka danda'amutti waajjiraaleen mootummaa xalayaa barreessan keessatti qubeessuu, sirna tuqaalee, caaslugaafi qub-guddeessa seera afaan sanaa kan hineegneedha. Akka xiinxala kanaatti xalayaa barreeffame irraa mirkaneeffachuun kan danda'amu ta'uu odeef-kennitoonni kun ibsaniiru. Sakatta'i dookimentii adeemsifames yaaduma kana kan tumsu akka ta'e xiinxala kanarraa hubanna.

Gabatee:5 Qaaccessa Bargaaffii unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee keessatti hanqinaalee irra caalaa mul’atan; rakkoo sababa kanaan dhufuufi maddi isaanii maal akka ta’an adda baasuun walqabatu.

Tartiiba Gaaffilee	Filannoowwan	Baay’ina Odeef-kennitootaa			
		Dhi	Dha	W/L	%
5. Hanqinaaleen xalayaalee keessatti irracaalaa isin mudatan kami?	A, caasluga	3	1	4	16.7
	B, Ittifayyadama sirna tuqaalee	2	4	6	25
	C, Qubeessuu	8	3	11	45.8
	D, Qub-guddeessa	2	1	3	12.5
	Ida’ama	15	9	24	100
6. Sababa hanqinaalee unkaafi qabiyyee xalayaalee rakkinni numudatu jira ta’aa?	A, Eeyyee	11	7	18	75
	B, Lakki	4	2	6	25
	Ida’ama	15	9	24	100
7. Hanqinaalee unkaafi qabiyyee xalayaalee keessatti mul’ataniif maddi isaanii maal isinitti fakkaata?	A, Hir’ina shaakala Taasisuu	4	3	7	29.2
	B, Hanqina ga’umsaa	4	1	5	20.8
	C, Hanqina Xiyyeeffannoo	5	2	7	29.2
	D, Hunda	2	3	5	20.8
	Ida’ama	15	9	24	100

Akka Gabatee 5 armaan olii gaaffii 5^{ffaa} irraa hubatamutti, odeef-kennitoota bargaaffiin kun raabsameef keessaa hanqinaalee mul'atan kana guddaa irraa gara xiqqaatti adda baafamee jira. Haaluma kanaan, odeef-kennitoonni hanqina qubeessuu bal'inaan jiraachuu kaasan namoota 11(45%) isa jalqabaa ta'uu ibsu. Odeef-kennitoonni hanqinni ittifayyadama sirna tuqaalee xalayaalee waajjiraalee kana keessa jiraachuu kaasan immoo namoota 6 (25%) turan. Hanqinni kun xiinxallii ragaa adeemsifame irraa sadarkaa lammaffaa kan qabatu akka ta'e mirkaneessa. Ittidabalees, hanqinni caaslugaa xalayaalee waajjiraalee keessa jiraachuu kan kaa'an odeef-kennitoota jiran keessaa namoota 4(16.7%) turan. Haaluma kanaan, hanqinni caasaa afaanii kun ittifayyadama sirna tuqaaleetti aanuun sadarkaa 3^{ffaa} irratti kan argamu ta'uu hubachuun nidanda'ama. Dhumarratti, fayyadama qubguddeessaa irratti hanqinni jiraachuu kan ibsan odeef-kennitoota jiran keessaa namoota 3(12.5%) tu jiru. Akka xiinxallii kanaatti, hanqinni kun xalayaalee waajjiraalee keessatti sadarkaa 4^{ffaa} irra jiraachuu isaa mirkaneessa.

Akkasumas, hanqinaaleen kun unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa keessa bal'inaan kan mul'ataniidha. Irra caalaatti garuu, sadarkaa duraa qabatee kan jiru, hanqina qubeessuudha. Kanaafuu, hanqinni qubeessuu kun xiinxallii adeemsifame irraa jabaa ta'uu kan agarsiisuudha.

Dabalataanis, Af-gaaffii taasifameen qulqulleeffachuuf, yaadni odeef-kennitoonni kennan hanqinni qubeessuu xalayaalee waajjiraalee keessa jiran akka rakkoo hamaatti ergaa darbu dabsaa jiraachuu kaasu. Akka xiinxallii adeemsifame kanaatti, odeef-kennitootni kan kaasan irracaalaa hanqinni qubeessuu irratti mul'ataa jiru kun, abbaan dhimmaa yommuu dubbisu hubachuu dadhabuu irraan kan ka'e, odeeffannoo dogongoraaf saaxilamaa jiraachuu mirkaneessa.

Walumaagalatti, Bargaaffiifi Af-gaaffii odeef-kennitootaa kanarraa hubachuun kan danda'amu, waajjiraaleen mootummaa seera afaanii eeganii xalayaa barreessuu irratti hanqina qabaachuun, ergaan barbaadame darbuu akka hindandeenye xiinxalli kun ibsa. Sakatta'i dookimentii adeemsifamanis xiinxallii kanaa wajjin walbira qabamanii yommuu ilaalaman kan waldeeggaran ta'uu hubanna.

Akka Gabatee 5 armaan olii gaaffii 6^{ffaa} irraa hubatamutti, odeef-kennitoonni 18(75%) kan ta'an 'Eeyyee' jechuun deebii kan deebisaniidha. Sababa isaas yeroo ibsan, xalayaan kan dubbisaa isaaf

salphaatti hubatamu, ergaa barreessaa qaama barbaadameen kan ga'uufi dhimma barreeffameef sana ifa ta'ee kan raawwatu ta'uu akka qabuudha. Yeroo ammaa kana garuu, unkaafi qabiyyee xalayaa irratti wanti mul'ataa jiru walquunnamtii gama kanaan taasifamuuf rakkoo ta'ee argama. Odeef-kennitoonni 'Lakki' jechuun deebisan immoo 6(25%) isaan kun rakkoon mudatu akka hinjirre kaasuu. Karaa biraan, yaada odeef-kennitoota kanaarraa hubachuun akka danda'amutti, 'rakkinni numudatu jira ta'aa?' isa jedhuuf Af-gaaffii taasifamerra qulqulleeffatameera. Akka xiinxallii yaada kanaatti caasaan barreeffamaa Afaan Oromoon taasifaman kamiyyuu, akkaataa dubbatamuun hinbarreeffamu taanaan jechoonni qubeeffaman hiika dhabuu yookiin hiikni isaan kennan jijjiiramuu waan danda'uuf, ergaa darbu gufachiisaa akka jiru hubanna. Haaluma kanaan, seera dhabdummaa barreeffama xalayaalee waajjiraalee kanarraa kan ka'e, rakkinni mudachaa jiru gufannaa hojii uumaa jiraachuu isaanii ifatti mul'ata.

Walumaagalatti, sakatta'i dookimentii adeemsifamaniifi yaadi xiinxallii kanarraa hubatamu kun rakkinni unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee irratti mul'atan ergaa dabarsuuf danqaa uumaa kan jiran ta'uu mirkaneessa.

Akka Gabatee 5 gaaffii 7^{ffaa} irraa argametti, odeef-kennitoonni 7(29.2%) hir'inni shaakala taasisuu akka jiru kan kaa'aniidha. Akkasumas, odeef-kennitoonni 5(20.8%) hanqinni gahumsaa akka jiru ibsu. Ittidabalees, odeef-kennitoonni 7(29.2%) hanqinni xiyyeeffannoo unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa kana keessa jiraachuu kan agarsiisan ta'a. Dhumarratti, yaadni odeef-kennitoonni 5(20.8%) hanqinni kun akkuma waliigalaatti jiraachuu isaa kan kaa'aniidha.

Haaluma kanaan, hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'ataniif maddi isaanii hir'ina shaakala taasisuu, hanqina ga'umsaafi xiyyeeffannoo ittikennuu dhabuu akka ta'e ibsanii jiru. Deebii odeef-kennitoota kanarraa wanti hubatamu, waajjiraaleen mootummaa yeroo xalayaalee barreessan hanqinaaleen kun bal'inaan jiraachuu isaanii sirriitti kan mirkaneessaniidha. Hir'inni shaakalaa maddoota hanqinaalee xalayaalee waajjiraalee mootummaa barreessuu keessaa tokko akka ta'e xiinxalliin deebii odeef-kennitoota irraa argame kun nimirkaneessa. Akka yaada kanaatti, shaakala afaan biroon taasisaa yeroo turan keessatti, dandeettii barreessuu afaan kanaan qaban dagataa waan deemaniif, yeroo hojii keessa galan hanqinni kun bal'inaan kan mul'atu ta'uu kaasuu.

Karaa biraatiin, deebii odeef-kennitootaa kanarraa wanti xiinxalamu, hanqinni ga'umsaa namni tokko afaanuma ittiin barreessu sana irratti ga'umsa utuu hinqabaatin yeroo inni ittiin hojii hojjetu hanqinaalee mul'atan akka ta'e beekamaadha. Egaa xiinxallii kanarraa akka hubatamutti, xalayaaleen waajjiraalee mootummaa hanqina kanaan walqabatan bal'inaan qabaachuu argina. Hanqina ga'umsaa kana keessatti, hanqinni caasaa bal'inaan mul'achuutu jira. Caasaan afaan tokkoo dabnaan ergaan darbuu barbaadame karaa sirriin galma ga'uu hindanda'u. Akka xiinxallii taasifame kanaatti hanqina ga'umsaaf madda kan ta'an, waa'ee waan hojjetan sanaa malee ga'umsi afaan kanaa waajjiraalee mootummaa keessatti kan hinilaalamne ta'uufi afaan biroon baratani Afaan Oromoon barreessuudha. Akkasumas, ga'umsa utuu hintaane muuxannoo hojii birootiin qabaniin waajjiraalee mootummaa keessatti sadarkaa olaanaa irraa hojjechuun yeroo xalayaan walquunnamtii hojii taasisan hanqinaalee mul'atan ta'uu xiinxalliin kun mirkaneessa.

Deebiin odeef-kennitoonni biroon deebisan yeroo xiinxalaman hanqina xiyyeeffannoo ta'anii kan mul'atan, waajjiraaleen mootummaa xalayaalee yeroo barreessan dhimma barreessuu barbaadan sana qofa irratti malee unkaafi qabiyyee xalayaaf xiyyeeffannoo kan hintaasifne ta'uu xiinxalliin kun agarsiisa. Xalayaaleen waajjiraalee mootummaa keessatti sirna tuqaalee, qub-guddeessaa, qubeessuufi caasluga afaan kanaaf xiyyeeffannoon waan hingodhamneef ergaan darbu dabaa ta'uu isaa yaada odeef-kennitootaa kanarraa xiinxalliin kun mirkaneessa.

Xiinxalli Bargaaffii kanaafi kan sakatta'a dookimentii walbira qabamuun yommuu ilaalaman, hanqinni walfakkaataan xalayaa waajjiraalee mootummaa sakatta'aman keessatti argamaniiru. Hanqinaaleen kunis akka ilaalamanitti, tartiiba jechoonni ittiin hima ijaaran waljala kan darban ta'uu, hanqina sagaleerraan kan ka'e jechoota hiika hinqabne barreessuufi himoota seeraan hinqindoofnetu bal'inaan argamu. Kanaafuu, hanqinaaleen mul'atan kun kana nuuf mirkaneessu jechuudha. Dabalataanis, yaaduma kana bifa Af-gaaffiin odeeffannoo argame irraa wayita xiinxalamu, maddi isaan kaa'an waajjiraaleen mootummaa hanqinni gahumsaa ogummaa kanaan qaban yeroo hedduu tilmaamuuf illee kan nama rakkisu ta'uu kaasuu. Sababni isaas, afaanichaan dubbatanii salphaatti waan waliigalaniif dhimma unkaafi qabiyyee eegani xalayaalee barreessuu irratti kan xiyyeeffannoo itti hinlaanne ta'uu ibsu. Yaada odeef-kennitootaa kanarraa hubachuun kan danda'amu, xalayaalee seera afaanii eegani barreessuuf shaakalliin kan hintaasifamne waan ta'eef, rakkoon kun akka laayyootti ilaalamee kan bira darbamaa jiru ta'uusaati. Sakatta'i dookimentii taasifames yaaduma af-gaaffiifi bargaaffiin argame kana kan mirkaneessuudha.

Gabatee:6 Qaaccessa Bargaaffii unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinaaleen mul’atan akkamitti fooyya’uu akka danda’an waliin walqabatan.

Tartiiba Gaaffilee	Filannoowwan	Baay’ina odeef-kennitootaa			
		Dhi	Dha	W/L	%’n
8. Unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaarratti leenjiiwwan gaggabaaboon ogeessaan taasifamanii beekuu?	A, Eeyyee	1	-	1	4.2
	B, Lakki	12	8	20	83.3
	C, Yeroo tokko tokko	2	1	3	12.5
	Ida’ama	15	9	24	100
9. Hanqinni unkaafi qabiyyee xalayaalee oolee bulee miidhaa afaanicha irraan ga’uu nidanda’a jettanii yaadduu?	A, Eeyyee	11	7	18	75
	B, Lakki	-	1	1	4.2
	C, Hibeekamu	4	1	5	20.8
	Ida’ama	15	9	24	100
10. Hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaalee keessatti mul’atan akkamitti fooyya’uu danda’u jettanii yaaddu?	A, Shaakala taasisuu	4	2	6	25
	B, Leenjii seera afaanii yeroo yeroo fudhachuu	5	3	8	33.3
	C, Xiyyeeffannoo itti Kennuu	3	1	4	16.7
	D, Hunda	3	3	6	25
	Ida’ama	15	9	24	100

Akka Gabatee 6 olii gaaffii 8^{ffaa} irraa argamutti, odeef-kennitoonni 1(4.2%) deebii isaanii ‘eeyyee’ jechuun kan deebisaniidha. Odeef-kennitoonni 20(83.3%) ‘lakki’ jechuun kan deebisan yommuu ta’an, odeef-kennitoonni 3(12.5%) ‘yeroo tokko tokko’ jechuun deebii isaanii kennaniiru. Yaada odeef-kennitootaa kanarraa hubachuun akka danda’amutti waajjiraaleen mootummaa unkaafi qabiyyee xalayaalee irratti leenjiin gama seera afaanichaa eeganii barreessuutiin taasifamu kan hinjirre ta’uu agarsiisu. Xiinxallii odeef-kennitoota kanaafi sakatta’a dookimentii taasifaman yeroo ilaallu, himoota muraasa keessatti dogongora qubeessuu, sirna tuqaaleefi caasaan walqabatan akka salphaatti kan mul’atan ta’uu mirkaneessa.

Akka yaada odeef-kennitoota kanarraa hubatamutti, leenjiin ogummaa barreessuu Afaan Oromoo irratti hojii duraafi hojii keessatti yeroo yeroon akka waajjiraalee mootummaaf kennamuu qabuudha. Akkasumas, unkaafi qabiyyee xalayaalee ilaalchisuun akkaataa seera Afaan Oromoo irratti ogeessa afaaniin irratti hojjetamuu akka qabu xiinxalliin kun agarsiisa. Walumaagalatti, afaaffiifi bargaaffii taasifame, sakatta’a dookimentii wajjin walbira qabuun yeroo ilaalamu, waajjiraaleen mootummaa hanqinaalee unkaafi qabiyyee xalayaalee Afaan Oromoon barreessuu irratti qaban fooyyessuuf deeggarsi kan hinjirre ta’uusaati. Dabalataanis, hanqinaaleen mul’atan kun akka salphaatti ilaalamuun bira waan darbamaniif, seera dhabdummaan unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifaman keessatti haala walfakkaataan kan mul’atu ta’uu xiinxalliin kun mirkaneessa.

Akka Gabatee 6 armaan olii gaaffii 9^{ffaa} irraa argamutti, odeef-kennitoonni 18(75%) deebiin isaan kennan ‘eeyyee’ kan jedhan yommuu ta’an, odeef-kennitoonni 1(4.2%) ‘lakki’ jechuun deebisan. Akkasumas, odeef-kennitoonni 5(20.8%) immoo miidhaanni geessisuu danda’u ‘hinbeekamu’ jechuun yaada shakkii keessa jiraachuu isaanii kaa’u.

Yaada odeef-kennitootaa kanarraa hubachuun kan danda’amu, hanqinni har’a unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul’atu, Afaan kanaan yeroo mala barreeffamaan walquunnamtii geggeessan hanqinaaleen kan itti baay’ataa adeeman yoo ta’e, guddina afaanichaa duubatti harkisuu mala. Akkasumas, hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa biratti mul’atan namoota afaan kanaan unkaafi qabiyyee xalayaalee qulqulleessanii barreessuu barbaadaniif kan abdi dhowwatuudha.

Dabalataanis, odeef-kennitoonni af-gaaffii yaada kanarratti isaanii taasifameen yommuu kaasan , waajjiraaleen mootummaa hanqinaalee unkaafi qabiyyee xalayaalee irratti kan qaban yoo ta'e, guddina ogummaa barreessuu afaan hojii kana gara duubaatti akka harkisu ta'a. Akkasumas, afaanota biroo ogummaa kanaan guddatanii wajjin dorgomaa ta'uu dhabuu mala kan jedhu kaasu. Haaluma walfakkaatuun, xiinxalliin af-gaaffii taasifame, ergaan xalayaan darbu guutuu akka hintaaneefi seera afaanii eegee qaama barbaadame bira akka hingeenye taasisa jedhaniiru.

Hanqinni yeroo ammaa kana unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atu kun, adeemsa keessa hawaasa afaan kanaa irratti rakkoo hamaa mala barreeffamaa fiduu akka danda'u kan kaasaniidha. Hanqinni kun qorannoo bal'aan irratti geggeeffamee dafee furamuu baannaan, turtii keessa akka waan sirrii ta'eetti qaama afaanichaa godhanii fudhachuutu dhufa. Akka odeef-kennitoonni kun kaasanitti hanqinni haala kanaan dhufe, babal'achaa yoo adeeme iddoo afaan kun galee tajaajilu maratti, rakkisaa ta'ee kan mul'atu ta'uu isaa yaaddoo jiru ibsu. Kun immoo, oolee bulee guddinaafi bu'aa gara fuulduraatti afaan kanarraa argamu gufachiisuuf sababa cimaa ta'ee kan mul'atu ta'uu akka danda'u ibsaniiru.

Akka xiinxallii kanaatti yaada odeef-kennitootaa kanarraa wanti hubatamu, walquunnamtiin waajjiraalee mootummaa keessatti xalayaaleen taasifamu rakkoo keessa kan jiruudha. Sababa hanqinaalee kanaaf, abbaan dhimmaa yeroo dubbisu ibsi afaanii yoo duukaa hinjirre, hubachuu dhabuu irraan kan ka'e odeeffannoo dogongoraan saaxilamaa akka jiru ibsu. Haalli kun yeroo ammaa waajjiraalee mootummaa keessatti gufannaa uumee kan jiru ta'uu isaati.

Walumaagalatti, hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atan kun hojiirratti rakkoo kan uumaa jiran ta'uutu hubatama. Gara fuulduraatti kan itti fufu yoo ta'e, tajaajila afaanichi hawaasaaf kennu gufachiisuun guddina inni saba afaan kanaarra darbee dalagaa bal'aaf ooluu qabu danquu akka danda'u illee kan ibsaniidha. Akkasumas, ergaa darbu gufachiisuun waliigalteen xalayaaleen ture, tarii akka hafuuf daandii saaquu danda'uu isaa agarsiisu. Ittidabalees, seerri barreeffama afaan kanaa walxaxaa ta'ee dhalootatti mul'achuun, barreeffama afaan kanaaf dhiibbaa akka ta'u kan kaasaniidha. Kun immoo, bu'aa afaanicha irraa argamaa jiru hir'isuun, hawaasni gara fuulduraatti afaan isaan tajaajilamuuf akka mamiin keessatti uumamu taasisuu mala kan jedhu ibsaniiru. Xiinxalli bargaa'iffii af-gaaffiin taasifame kunis, sakatta'a dookimentii adeemsifame kan dhugoomsaniidha.

Akka Gabatee 6 armaan olii keessatti gaaffii 10^{ffaa}n yeroo xiinxalamu, odeef-kennitoonni 6(25%) shaakala taasisuu irratti xiyyeeffachuun barbaachisaa akka ta'e deebisu. Odeef-kennitoonni 8 (33.3%) leenjii seera afaanii yeroo yeroon fudhachuun barbaachisaa ta'uu kan agarsiisaniidha. Akkasumas, odeef-kennitoonni 4 (16.7%) xiyyeeffannoo itti kennuun barreessuun barbaachisaa akka ta'e yommuu deebisan, odeef-kennitoonni 6 (25%) filannoon hundinuu barbaachisoo ta'uu isaani deebisu.

Akka yaada odeef-kennitoota kanaarraa argametti, hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa kana fooyyessuuf shaakala barreeffama seera afaan kana taasisuun daran barbaachisaa akka ta'e kaasu. Sababni isaan kaasanis, dhimmi barreessuu shaakallii walitti fufaa kan barbaadu akka ta'e ibsu. Kanaafuu, akka yaada odeef-kennitoota kanaatti hanqina kana irra deddeebi'anii shaakaluun fooyyeffachuun kan danda'amu ta'uu isaati.

Deebiin odeef-kennitootaa inni biroon bal'inaan mul'atu leenjiin yeroo yeroon taasifamu yoo jiraate, hanqinni kun fooyya'uu akka danda'u ibsu. Akka yaada odeef-kennitoota kanaarraa hubachuun danda'amutti, ogeessa afaaniin leenjiin yeroo yeroon jijjiirama qoratamee dhimma afaaniirratti ifa bahu argachuun fooyya'ina fiduu akka danda'u kan kaasaniidha. Sababni isaan kaasanis unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa kana ilaalchisuun leenjiin hojjiirraa yeroo yeroon ogummaa kanaan dhabuun hanqina unkaafi qabiyyee xalayaalee isaani keessatti isaan mudataa jiran ta'uu ibsu. Kanaafuu, leenjiwwan gaggabaaboon dhimma kanarratti waajjiraalee mootummaaf ogeessa afaaniin yoo taasifame kan fooyya'uu danda'u ta'uu odeef-kennitoonni kun agarsiisu.

Yaadi odeef-kennitootaa inni biroo xiyyeeffannoo itti kennuun barreessuun hanqina kana fooyyessuu akka danda'u ibsu. Akka xiinxallii kanaatti, xalayaalee barreessinu keessatti seera barreeffama afaan sanaaf xiyyeeffannoo kennuun ergaa keenya karaa gabaabaan barreessuun fooyya'iinsa fiduu akka malu ibsu. Akka yaada odeef-kennitoota kanaatti, waajjiraaleen mootummaa xalayaalee yeroo barreessan ergaa dabarsuu barbaadan sana qofa malee seera afaanii irratti kan hinxiyyeeffanne ta'uu agarsiisu. Haaluma kanaan, akka yaada odeef-kennitoota kanaatti waajjiraaleen mootummaa kamiyyuu unkaafi qabiyyee xalayaalee isaaniif xiyyeeffannoo kennuun barreessuun fooyya'iinsa fiduu akka danda'u xiinxalliin taasifame kun agarsiisa.

Walumaagalatti, yaadi odeef-kennitootaa ‘Hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul’atan akkamitti fooyya’uu danda’u jettanii yaaddu?’ gaaffii jedhuuf, filannoon gaaffii kana jalatti dhiyaatan hundinuu fooyya’iinsa fiduu akka danda’an kaasu. Kanaafuu, hanqinaalee mudatan kana fooyyessuuf, xiinxaliin bargaaffiifi af-gaaffiin taasifame, sakatta’a dookimentii adeemsifamaniif fala ta’uu mirkaneessa.

Boqonnaa Shan

Guduunfaafi Yaada Furmaataa

5.1 Guduunfaa

Qorannoon kun qaaccessa unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa Haala Aanaa Laaloo Assaabii Godina Wallagga Lixaa Magaalaa Innaangoo irratti xiyyeeffatee kan adeemsifameedha. Mataduree kanarratti qoratichi qorannoo isaa akka adeemsisuuf ka'umsa kan ta'eef, unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinaalee mul'achaa jiraniidha. Kaayyoon ijoo qorannoo kanaa unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo xiinxaluudha. Xiinxala taasifamu kana keessattis, hanqina unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa irratti mul'atu adda addaaf furmaata barbaachisan kaa'uudha. Xiinxala qorannoo kanaaf bu'uura kan ta'an, yaada hayyootni garaagaraa unkaafi qabiyyee xalayaalee ilaalchisuun barreessaniifi amaloota xalayaa waajjiraalee mootummaa walqabatee jiru Boqonnaa lammaffaa qorannoo kanaa keessatti yaadrimee bal'aarraa gara dhiphaatti fiduun mataduree xixiqqaa jalatti qoodee qorannoo isaaf akka wiirtuutti itti gargaarameera. Ittidabalees, qoratichi malli inni qorannoosaa kana ittiin geggeesse makaadha. Mala kanatti fayyadamuudhaan odeeffannoo funaannatee ragaalee isaa qaaccesseera. Qorannoo kana keessatti qoratichi waajjiraalee mootummaa Aanaa Laaloo Assaabii keessa jiran keessaa kaayyeffatee waajjiraalee ja'a madda odeeffannoo kan ta'aniif filachuun, achi keessaa odeef-kennitoota 24 filachuun odeeffannoo walitti guurratee qorannoo isaaf ragaa taasifateera. Kanarraa kan ka'e, ragaalee Dookimentii, bargaaffiifi afgaaffiin walitti qabaman mala ibsaafi lakkoofsaatti gargaaramuun xiinxalliin kan taasifameedha.

Haaluma kanaan, odeeffannoon walitti guuraman tartiiba gaaffiiwwan bu'uuraafi kaayyoo gooreetiin xiinxalliin barbaachisu adeemsifameera. Xiinxallii adeemsifame kana keessatti adeemsa jalqabaa keessatti sakatta'a Dookimentii geggeessuun bu'aa achi keessatti argaman xiinxala bargaaffiifi afgaaffiin walbira qabuun kan mirkaneeffameedha. Adeemsuma kanaan, xiinxala taasifamerra bu'aan qorannicha irraa argame haala armaan gadiin gaaffiiwwan dhiyaataniif deebii kennuudhaan tartiibeffameera.

- ❖ Xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti beekumsi unkaa isaan qaban gadaanaa ta'uusaa hubateera.

- ❖ Unka xalayaalee isaanii keessatti ittifayyadamni seera barreeffama afaanii hordofamuu qaban kan hineegamne ta'uufi jechooti karaa ergaa dogongoraaf saaxila baasan ta'aniiru. Kunis, sagalee gabaabbachuu qabu dheeressuudhaan, akkasumas, kan dheerachuu qabu gabaabsuufi kan jabaachuu qabu laafee, kan laafuu qabu ammoo jabaatee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti seera cabsuun kan barreeffaman ta'uu bal'inaan mul'ataniiru.
- ❖ Qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa kana keessatti ijaarsa caasaa afaaniitiin walqabatee jechoonni hima keessatti seera qindoomina dubbataan afaan kanaa beekuun osoo hintaane iddoo malee galanii tajaajiluun kan mul'ataniidha. Ittifayyadama sirna tuqaalee irrattis, xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinaaleen bal'aan kan argamaniidha. Kunis, xalayaalee isaanii keessatti sirna tuqaalee seeraan kan hingargaaramne ta'uufi seera barreeffamaa keessatti kan hinhaammatamne sirna tuqaalee tajaajila garaagaraa qaban lama tokko taasisanii itti gargaaramuun kan argameedha. Dabalatanis, unka xalayaalee isaanii keessatti , jechoota hubatamuu hindandeenye fayyadamuun ergaa salphaatti darbuuf ture irratti danqaa ta'aa jiraachuu isaanii kan argameedha. Akkasumas, ittifayyadama qubguddeessaa irrattis, xalayaalee waajjiraalee mootummaa kana keessatti seera dhabdummaan kan barreeffaman ta'anii mul'atu. Walumaagalatti, unka xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinaalee ittifayyadama sirna tuqaalee, qubeessuu, caaslugaafi qub-guddeessaa bal'inaan kan mul'atan ta'uu qoratichi xiinxallii taasisen adda baasee jira.
- ❖ Akka qoratichi argatetti hanqinaalee unka xalayaalee waajjiraalee mootummaa kan ta'an hanqinuma duraan jiru akka waan sirrii ta'eetti utuu hinbeekin itti gargaaramuun kan mul'atuudha.
- ❖ Dabalataanis, hanqinni xiyyeeffannoo xalayaalee waajjiraalee mootummaa bal'inaan kan argameedha. Kunis, waajjiraaleen mootummaa afaan tokkoffaa isaaniitiin xalayaalee yeroo barreessan xiyyeeffannoon isaanii dhimma barreessuuf barbaadan sana sammuu isaaniitti qabachuun kan barreessan qofa ta'uu mirkanaa'ee jira. Kanaafuu, xalayaalee isaanii yeroo barreessan qubeessuu, sirna tuqaalee, qubguddeessaafi caasluga irratti hanqinni mul'atan xiyyeeffannoo dhabuudhaan akka walqabatan mirkaneeffameera.
- ❖ Akkasumas, hanqinni ga'umsaa xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessa jiraachuu bira ga'ameera. Kunis, namni tokko dhimma hojii hojjetu sanaa malee, waa'ee afaan

sanaarratti utuu beekumsa ga'aa hinqabaatin yeroo isaan qaama biroo wajjin xalayaan walquunnamtii taasisan hanqinaalee mul'atan ta'uu mirkanaa'eera. Ittidabalees, hanqina ga'umsaa ta'anii kan calaqqisan barnoota sadarkaa garaagaraan baratan irratti dhimmi ga'umsa ogummaa walquunnamtii kan hinhaammatamne ta'uusaati. Kanaafuu, waajjiraalee mootummaa afaan biroon baratani waan afaan naannoon walquunnamtii xalayaalee taasisaniif hanqinaaleen bal'inaan kan mul'atan ta'uu hubatameera. Akkasumas, hanqina kana maqsuuf waajjiraalee mootummaa keessatti leenjiin xalayaa irratti taasifamu waan hinjirreef, dhimma kana daran kan hammeesse ta'uu mirkanaa'ee jira.

- ❖ Hanqinaaleen xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atan oolee bulee guddina afaan hojii kana irratti miidhaa akka fidu, qoratichi adda baaseera. Haalli mul'ate hinsirraa'u taanaan tarii turtii keessa akka waan sirrii ta'eetti qaama afaanichaa godhanii fudhachuun waan jiruuf, mala barreessuun walquunnamuu irratti rakkoo walxaxaafi sirraa'uuf rakkisaa ta'u fiduu akka malu mirkanaa'ee jira. Hanqinaalee kanarraan kan ka'e, walquunnamtii yeroo ammaa xalayaan taasifamaa jiru rakkoo keessa galuun, yoo qaamni dhimma sana afaaniin odeeffannoo hinlaanne duukaa hinjirre qofaa isaa waliigaltee hojii geggeessuuf humna kan hinqabne ta'uu mirkanaa'ee jira. Kun immoo, gara fuulduraatti ergaa darbu danquun waliigaltee xalayaan jiru gufachiisuuf daandii saaqaa kan deemu ta'uu qoratichi adda kan baaseedha. Ittidabalees, hanqinaalee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'ataa jiru kun dhalootaaf dhaala ta'aa yoo deeme, seerri barreeffama afaan kanaa ulfaataa ta'ee mul'achuun bu'aa afaanicharraa argamu hir'isuu mala. Hawaasnis mala xalayaaleen ergaan darburratti amantaa akka hinqabaanne kan godhu ta'uu qoratichi adda baasee jira.
- ❖ Hanqinaaleen xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atan fooyyessuuf yaaliin kan taasifamaa hinjirre ta'uu adda baafamee jira. Dabalataanis, waajjiraalee mootummaa kun hanqinaalee mul'atan kunniin fooyyessuuf karoora kan hinqabne ta'uu qoratichi mirkaneessee jira. Ittidabalees, hanqinaalee kunniin maqsuuf mootummaan waajjiraalee afaanichaan walquunnamtii adeemsisan maraaf ogeessi afaanii barbaachisuu isaa beekke yeroodhaan olii hanga gadiitti irratti hojjetamuu kan qabu ta'uu akka filannootti kaa'uu isaanii qoratichi adda baasee jira.

5.2 Yaada Furmataa

Guduunfaa qorannoo kanaa ka'umsa taasifachuun yaadi furmaataaf ta'u akka kanaan gadiitti dhiyaatee jira. Haaluma kanaan,hanqinaaleen unkaafi qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atan ilaalchisee qabxiiwwan ijoo bu'aa qorannichaa keessatti tarreeffamaniif furmaata ta'uu danda'u jedhamanii kan abdataman akka armaan gadiitti taa'aniiru.

- ✓ Unki xalayaalee waajjiraalee mootummaa sirriitti barreeffamuufi to'atamuun hanqina ergaa darbuu utuu maqsee gaarii ta'a ture. Kana jechuun,qabiyyee isaanii keessatti ittifayyadama seera afaanii jiran hordofuu, caasaa afaanii eeguufi qajeelfama mataa isaanii qabaachuun akkaataa galma isaaniin, kallattii hojii garaagaraaf ofeeggannoon kan barreeffaman utuu ta'anii gaariidha. Sababni isaas, mala walquunnamtii ifaa afaan kanaa dhalootaaf dhaala ta'ee darbu ta'uun irraa eegama. Adeemsa kana fiixaan baasuuf immoo, waajjiraaleen mootummaa afaan kanaan hojjetan hundi utuu mamii hinqabaatin olii hanga gadiitti dhimmanii hordoffii utuu adeemsisanii ba'eessa.
- ✓ Waajjiraaleen mootummaa afaan kanaan dalagan hundi ga'umsa hojii hojjetan sanaa qofa utuu hintaane, afaan ittiin hojjetan irratti ga'umsi isaan qaban xiyyeeffannoon utuu itti kennamee gaarii ta'a. Kun yoo hojiirra oole,unka xalayaalee isaanii keessatti jechoota yeroo qubeessan bakka sagaleen itti dheeratuufi gabaabbatu, jabaatuufi laafu, ittifayyadama qub-guddeessaa, akkasumas,qabiyyeen ittifayyadama caaslugaa hawaasni afaan kanaa eegee dubbatu hubannoo argata. Kanaafuu, ergaan xalayaan darbu walquunnamtii ifaa uumuuf, dhimma kana utuu hojiirra oolchanii ba'eessa ta'a.
- ✓ Xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti jechooti walitti qindaa'anii ergaa dabarsan sirriitti hinqubeeffamne taanaan qabiyyee ergaa darbuu irratti dhiibbaa fida. Kanaaf, jechooti sagalee itti dabaluu fi irraa hambisuu malee barreeffamuu waan qabaniif, dhimma kana utuu xiyyeeffannoo keessa galchuun irraa ofqusatani gaariidha.
- ✓ Waajjiraaleen mootummaa walquunnamtii xalayaaleen taasifamurratti, leenjii hojii duraafi hojiirraa yeroo yeroon utuu kennanii gaarii ta'a. Adeemsa kanaan unka xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti ittifayyadama saayinsii afaan kanaa dogongora irraa bilisa ta'etti dhimma ba'uun qabiyyeen xalayaalee ergaa darbu irratti danqaa ture furuuf yaada filatamaa ta'a.

Wabiilee

- Abdusalaam Abbaa Oliy.(2013). “Dandeettii Barruu Guutuu Barreessuu Barattoota Muumnee Afaan Oromoofi Ogbarruu:Haala Yuunivarsiitii Wallaggaa keessatti”.AAU.(Waraqaa Qorannoo Digirii 2^{ffaa} . kan hinmaxxanfamne).
- Addunyaa Barkeessaa. (2014).*Semmoo:Bu’uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*.Finfinnee: Mega Printing Press.
- Addunyaa Barkeessaa.(2017).*Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*.Finfinnee:Mega Printing press.
- Araarsaa Gabbisaa.(2012).“Dogongora Qubeessuu Afaan Oromoo:Haala Barattoota Mana Barnootaa Incinnii Sadarkaa 2^{ffaa} kutaa 10^{ffaa}” Yuunivarsiitii Finfinnee.(Waraqaa Qorannoo Digirii 2^{ffaa} .kan hinmaxxanfamne).
- Brown,D.(1984). *Principles of Language Teaching*.London:Prentice Hall.
- Byrne,D.(1988).*Teaching Writing Skill*.London:Longman:Language group limited.
- Dastaa Dassaaleny.(2013). *Bu’uura Qorannoo:Mana Maxxansaa Boolee*.
- Fedhaan Nagaasaa.(1999).*Bu’uuraalee Barreeffama Afaan Oromoo*.Hidhata-Il.Finfinnee: Dhaabbata Mala Quunnamtii Giddu-galeessaa.
- Fergus,M.(1983). *Spelling Improvement:a program for self instruction* (4th ed).Newyork: Mcgraw-Hill,Inc.
- Geediyoon Malaakuu .(2013).“Xiinxala Dogongora Qubeessuu Barreeffamoota Barjaa:Magaalaa Naqamtee”Yuunivarsiitii Wallaggaa. (Waraqaa Qorannoo Digirii2^{ffaa} hinmaxxanfamne).
- Geetaachoo Rabbirraa.(2009). *Furtuu:Seerluga Afaan Oromoo*.Finfinnee:kuraz Intl.
- Gefvert,J.(1988). *The Confident Writer:Aorton hand book* (2nd ed).New York:w.w Norton
- Glencoe,L.(2001). *Writers Choice:Grammar and Composition*(v-Il).Texas:Glencoe Mcgraw Hill Companies Inc.
- Hall,D.and Birkerts,S.(1991). *Writing well* (7th ed.).Harper Collins Publishers.
- Hodge,C.(2009). *How Spelling Errors Impact Your Writing Scores at Helium*.From <http://www.Com./knowledge/2008030-spelling-errors-on-helium>.
- Irreessoo Nagii.(2006).*Eertuu:Caaseffama Afaan Oromoo*. Dhaabbata Maxxansiisaa Kurraaz Intarnaashinaal.
- James, L.(1993). *Element Of Writing*.Holt,Rinehart and Winston,Inc.

- John,E. (1988). *English Composition and Grammar*.Harcourt Brace Jovanovich,Inc.
- Kelly,M.(1998). *Odyssey:A Guide to Better Writing*.Allyn Boston:Aviacoin Company.
- Mary, C. (1987). *Persuasive Business Writing*.135 west 50th street, New York, NY 10020.
- Mirreessaa Amanuu . (2014) .*Qalbii: Seerluga Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Misgaanuu Gulummaa.(2011). *Kattaa:Ogummaa Barreessuu*.Finfinnee,Efficient printing press.
- Niguse Abebe. (1997). *English Notes And Practice Exercises*.Addis Ababa.
- Norrish,J.(1983). *Language learners and there errors*.London:illustrations Mc millan publishers.
- Pincas, A. (1982). *Teaching English Writing*.Oxford: University Press.
- Robbins,B.(2001). *Weaving wrork place writing into the English classroom*.English Journal-Illinois.
- Robert, W.(2004). *Letter writing hand book*:By Wiley publishing,Inc.,Indianapolis.Indiana.
- Rosa, A.and Paul, A. (1996). *The Writer's Brief Hand Book*. Boston: Allyn and Bacon Ontario.
- Sharon L.Pywell.(1994). *Writing That Works*.Business one IRWIN/MIRROR press.Newyork.
- Shimallis Laggasaa.(2015). “Sakatta’a Rakkoolee Afaan Oromoon Barreessuu:Waajjiraalee Mootummaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jibaat keessatti mul’atan”:AAU.(Waraqaa Qorannoo Digirii 2^{ffaa} .kan hinmaxxanfamne).
- Tafarii Ayyaanaa.(2000). *New Systematic Book Series*.Finfinnee:Aster Nega publishing Entrs
- Todd, L. and Hancock, I. (1986). *International English Usage*. London: Routledge.
- Winterowd,R.(1988). *English Writing And Skills*:Holt,Rinehart and Winston,Inc.,Orlando, Florida 32887.
- Wrena, M. (2002). *Grammar and Composition*.The Mc Graw-Hill Companies, Ink.

DABALEE-A

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI

QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

Gaaffii barreeffamaa waajjiraalee mootummaaf dhiyaate.

Bargaaffiin kun Qaaccessa unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaarratti odeeffannoo funaanuuf kan qophaa'eedha. Kanaafuu, deebiin isin kennitan dhimma qorannoo kanaaf qofa kan oolu ta'uu hubattanii, amanamummaadhaan odeeffannoo sirriifi qulqulluu ta'e, akka naaf laattan kabajaan isin gaafadha.

Galatoomaa!

Gaaffilee dhiyaataniif filannoo keessan duratti mallattoo (x) saanduqa keessa kaa'aa. Yoo yaada dabalataa qabaattan barreessuu hindagatinaa.

Maqaa barreessuun hinbarbaachisu.

Waajjira keessaa hojjettan_____

Saala: Dhiira Dhalaa

Umurii: 22-30 31-40 41-50

Bara tajaajilaa: 1-10 11-20 21-30 31 ol

Sadarkaa barnootaa: Dippiloomaa BA/BSc MA/MSc

Gahee hojii_____

1. Xalayaaleen barreeffaman ija unkaan yoo ilaalaman sirriidhaa?

A, Eeyyee B, Lakki C, Hanga tokko

2. Hubannoon namootni ergaa xalayaaleen darbu irratti qaban maal fakkaata?

A, Daran Olaanaa B, Olaanaa C, Giddu-galeessa D, Gadaanaa

3. Tarii qabiyyee xalayaalee ilaalchisee hanqinatu jira ta'aa? A, Eeyyee B, Lakki

4. Unka xalayaalee waajjiraalee keessatti hanqinaaleen ittifayyadamaa mul'atan maal fa'i?

A,Qubeessuu B,Caasluga C,Sirna tuqaalee D, Hunda

5. Hanqinaalee unka xalayaalee keessatti irra caalaa kan isin mudatan kami?

A, Caasluga B, Ittifayyadama sirna tuqaalee C, Qubeessuu D,Qub-guddeessa

6. Sababa hanqinaalee xalayaalee rakkinni numudatu jira ta'aa?

A,Eeyyee B,Lakki

7. Hanqinaalee xalayaalee keessatti mul'ataniif maddi isaa maal isinitti fakkaata?

A,Hir'ina shaakala taasisuu B,Hanqina ga'umsaa C, Hanqina xiyyeeffannoo D,Hunda

8.Unka xalayaalee waajjiraalee mootummaarratti leenjiiwwan gaggabaaboon ogeessaan taasifamanii beekuu?

A,Eeyyee B,Lakki C,Yeroo tokko tokko

9.Hanqinaaleen xalayaalee oolee bulee miidhaa afaanicha irraan ga'uu nidanda'a jettanii yaadduu?

A, Eeyyee B, Lakki C, Hinbeekamu

10.Hanqinaaleen xalayaalee keessatti mul'atan akkamitti fooyya'uu danda'u jettanii yaaddu?

A,Shaakala taasisuun B, Leenjii seera afaanii yeroo yeroon fudhachuun C,Xiyyeeffannoo itti kennuu D, Hunda

DABALEE-B

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI

QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

Af-gaaffii waajjiraalee mootummaaf dhiyaate.

Af-gaaffiin kun Qaaccessa unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaarratti odeeffannoo funaannachuuf kan qophaa'eedha. Kanaafuu, deebiin kennitan dhimma qorannoo kanaaf qofa kan oolu ta'uu beektanii amanamummaadhaan odeeffannoo haqaafi qulqulluu akka naaf laattan kabajaan isin gaafadha.

Galatoomaa!

1. Xalayaaleen barreeffaman ija unkaan maal fakkaatu?
2. Namootni ergaa xalayaan darbu ilaalchisanii komii yeroo dhiyeessan isin mudatee beekaa?
3. Tarii qabiyyee xalayaalee ilaalchisee hanqinatu jira ta'aa?
4. Hanqinaaleen unka xalayaalee keessatti mul'atan miidhaa akkamii fiduu danda'u jettanii yaaddu?
5. Hanqinaalee xalayaalee keessatti mul'ataniif ka'umsi isaanii maal ta'uu danda'a?
6. Hanqinaaleen xalayaalee keessatti mul'atan akkamitti fooyya'uu danda'u?

DABALEE –C

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI

QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

Xalayaalee Waajjiraalee Mootummaarraa Walitti Qabaman

Xalayaan duuba Qorannoo kanaan maxxaffamanii mul’atan waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame keessaa kan walitti qabamaniidha. Isaanis, qabatama xalayaa waajjiraalee mootummaa qaaccessuuf gahee guddaa kan qaban waan ta’eef, akka ragaatti muraasni isaanii dabalee kanatti maxxanfamuun dhiyaatanii jiru.

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame warqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Qorataa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Ani Dr. _____ barataan kun hojiin isaa of ittisuuf dhiyaachuu danda'uu mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____